

KAAWUNTII-TRI

# QAJEELCHA MISEENSA 2022

Bitootessa 10, 2022

1-877-600-5472

TTY 711

TrilliumOHP.com

Trillium Community Health Plan®

# KAAWUNTIIWWAN CLACKAMAS-MULTNOMAH-WASHINGTON

## Waa'ee Faayidaawwan Keessaniitif Baruudhaaf Gargaarsa Ni Barbaadduu? Nuuf bilbilaa. Eeggumsa gaarii akka argattu si gargaaruu barbaanna.

**Trillium Community Health Plan OHP**
(Fayyaa Amalaa Trillium dabalatee)
13221 SW 68th Parkway, Ste. 500, Tigard, OR 97223

Waajjirri keenya teessoo qaama miidhamtootaa ni galcha.
Sa'aatiiwwan*: Wiixata - Jimaata, 8 a.m. - 5 p.m.
Naannoo: **541-485-2155** Kaffaltii Bilisaa:
**1-877-600-5472** (TTY: 711)
Faaksii: **844-805-3991**
http://www.trilliumohp.com

Gara beellamawwan eeggumsa fayyaa dhaquuf ykn deebi'uuf geejjiba yoo si barbaachise, maaloo bilbilaa:

**MTM (Bulchiinsa Geejjiba Fayyaa)**
Kaffaltii irraa bilisa: 877-583-1552 (TTY: 711)
geejjibaaf kaffaltii gargaarsaa argachuu ni dandeessa.

*Sa'aatiiwwan kanniinin ala gargaarsa yoo barbaadde, maaloo Dhiyeessaa Eeggumsa Jalqabaa (PCP) ergaa ergaa yookan bilbilaa. PCP'n kee nama bilbila yeroo hundaa, sa'aatii 24 torbanitti guyyaa 7 isin jalaa kaasu ni qaba. Tajaajila rakkoowwan fayyaa sammuutiif, maaloo Tajaajiloota Fayyaa Sammuu Hatattamaa & Rakkoowwanii tiif bilbilaa. Rakkoo hatattamaa yoo qabaatte, 911 irratti bilbilaa.

## Dhaabbilee Eegguma Ilkaanii

**Advantage Dental Service**
Tajaajila Maamilaa Kaffaltii irraa bilisaa
1-866-268-9631
TTY: 711

**Capitol Dental Care**
1-503-585-5205 yookan kan kaffaltii irraa bilisaa
1-800-525-6800
TTY: 1-800-735-2900

**Oregon Dental Service**
1-503-243-2987 yookan kan kaffaltii irraa bilisaa
1-800-342-0526
TTY: 1-503-243-3958 yookan 1-800-466-6313

| SAGANTAA AYYAANA 2022: WAAJJIRAALEN TRILLIUM CUFAADHA | |
|---|---|
| **Guyyaa Waggaa Haarayaa** | Wiixata, Amajjii 3, 2022 |
| **Guyyaa Dhalootaa Martin Luther King Jr.** | Wiixata, Amajjii 17, 2022 |
| **Guyyaa Yaadannoo** | Wiixata, Caamsa 30, 2022 |
| **Guyyaa Bilisummaa (kan daawwatamu)** | Wiixata, Adooleessa 4, 2022 |
| **Guyyaa Hojjattoota** | Wiixata, Fuulbana 5, 2022 |
| **Guyyaa Galataa** | Kamiisa, Sadaasa 24, 2022 |
| **Guyyaa Guyyaa Galataatti Aanu** | Jimaata, Sadaasa 25, 2022 |
| **Jalbultii Qillee** | Jimaata, Muddee 23, 2022 |
| **Guyyaa Qillee (kan daawwatamu)** | Wiixata, Muddee 26, 2022 |
| **Jalbultii Waggaa Haaraa** | Jimaata, Muddee 30, 2022 |

## Gargaarsa Afaanii fi Hiikkaa Afaanii

Miseensotni hunduu waa'ee sagantaawwanii fi tajaajiloota beekuu akkasumas itti fayyadamuu mirga qabu. Gargaarsa tolaaa gosa kanneenii kennina:

- Afaan Mallattoo;
- Namoota Afaan Dubbatamu Hiikan;
- Waraqaawwan anaanota biraatin; akkasumas
- Barreeffama namoota ijaani hin agarree, maxxansa gurguddaa, sagalee fi karaa haala gaarin siif hojjatu kamiiyyuu.

Gargaarsa barbaadda yookan gaafii qabda taanan Tajaajila Miseensaatif 1-877-600-5472 (TTY 711) irratti bilbilaa.

Ni barbaaddu taanan, nama sagaleedhaan yookan mallattoodhaan afaan isiniif hiiku ni argattu. Beellamaaf yeroo bilbiltan, nama afaan isiniif hiiku akka arbaaddanii fi afaan maalii akka ta'e dhiyeessaa keessanitti himaa.

**Daawwannaawwan eeggumsa fayyaatiif nama afaan yookan afaan mallattoo hiiku yoo barbaaddan, ni dandeessu:**

1. Trillium tti bilbilaa.
2. Daawwannaa keetif akka nama afaan hiiku siif qopheessaniif, waajjira haakimaa keetti bilbili.

Odeeffannoon Eeggumsa Fayyaatiif Namoota Afaan Hiikanii www.Oregon.gov/oha/oei. jira

**Si usted necesita esta información en otro idioma, en letra grande, Braille o audio, llame a Trillium en uno de los números mencionados anteriormente.**

Miseensotni haaraan hunduu kuusaa baga nagaan dhuftanii kan Qajeelcha Miseensaatis dabalatee hammatu ni argatu. Garagalcha Qajeelcha Miseensaa maxxanfame, yookan garagalcha afaanota barbaaddaniin, gatii tokko malee argachuu ni dandeessa. Tajaajiloota Miseensaa 1-877-600-5472 dhaan itti bilbili; TTY: 711. Guyyoota hojii 5 keessatti qajeelcha isinii erguu ni dandeenya. Hojmaataa dijitaalawaa marsariitii keenya www.trilliumohp.com/memberhandbook irratti ilaaluu ni dandeessa.

Qajeelcha karaa iimeelii akka isiniif erginu barbaaddu taanan, yaadannoo galmee keessannii keessatti ni qabanna. Akka karaa iimeelaatin isiniif erguu dandeenyu mirkaneessuu danda'uu qabdu

**English:** ATTENTION: If you do not speak English, language assistance services, free of charge, are available to you, including written translations, oral interpretations, certified and qualified spoken and sign language interpreters, alternative formats, and auxiliary aids and services, including written. Call 1-877-600-5472; TTY: 1-877-600-5473.

**Español** (Spanish): ATENCIÓN: si no habla inglés, tiene a su disposición servicios de asistencia lingüística sin cargo, que incluye traducciones, interpretaciones, intérpretes certificados y calificados de lenguaje hablado y de señas, formatos alternativos y servicios y asistencia auxiliares, incluidos formatos escritos. Llame al 1-877-600-5472; TTY: 1-877-600-5473.

**Tiếng Việt** (Vietnamese): CHÚ Ý: Nếu quý vị không nói tiếng Anh, chúng tôi có thể cung cấp dịch vụ hỗ trợ miễn phí cho quý vị, bao gồm dịch vụ biên dịch tài liệu, thông dịch trực tiếp, thông dịch viên ngôn ngữ ký hiệu và ngôn ngữ nói có trình độ, định dạng khác, dịch vụ và công cụ hỗ trợ, bao gồm cả tài liệu dạng văn bản. Vui lòng gọi số 1-877-600-5472; TTY: 1-877-600-5473.

简体中文 (Chinese): 注意：如果您不會說英語，您可以免費獲得語言協助服務，包括書面翻譯、口譯、經過認證和合格的口語和手語翻譯、其他格式的文件以及包括書面交流在內的輔助工具和服務。請致電 1-877-600-5472；TTY：1-877-600-5473。

**Русский язык** (Russian): ВНИМАНИЕ: Если вы не говорите на английском языке, то вам доступны бесплатные услуги перевода, в том числе письменный и устный перевод, услуги присяжных и квалифицированных устных переводчиков и переводчиков жестового языка, альтернативные форматы и вспомогательные средства и услуги, в том числе письменные. Звоните по номеру 1-877-600-5472; TTY: 1-877-600-5473.

**한국어** (Korean): 주의: 영어를 구사하지 않으시면, 번역, 통역, 인증되고 자격을 갖춘 통역사 및 수화 통역사, 대체 형식, 보조 지원 및 서비스, 서면 형식 등으로 언어 지원 서비스를 무료로 제공해드립니다. 1-877-600-5472번, TTY: 1-877-600-5473번으로 전화해 주십시오.

**Українська (Uckrainian):** УВАГА! Якщо ви не розмовляєте англійською, вам доступні безкоштовно послуги письмового та усного перекладу, зокрема професійний усний переклад та сурдопереклад, альтернативні формати та інша допомога, зокрема письмова. Звертайся за телефоном:1-877-600-5472; Телетайп: 1-877-600-5473.

**日本語 (Japanese):** 注意事項：英語以外での対応をご希望の方は、無料の言語支援サービスをご利用ください。文書での翻訳、口頭での通訳、認定や資格を取得している手話通訳士による口語と手話の通訳、その他の方法、筆談等の補助的支援やサービスをご利用いただけます。電話 1-877-600-5472、TTYサービス: 1-877-600-5473。

**العربية:**(Arabic)تنبيه:إذاكنت لاتتحدث اللغة الإنجليزية،فستتوفرلك خدمات المساعدة اللغوية مجانًا،بما في ذلك الترجمات الكتابية والترجمات الشفوية ومترجمي لغة الإشارة والمترجمين المرخصين والمؤهلين،والتنسيقات البديلة،والمساعدات والخدمات المساعدة،بما في ذلك الكتابية.اتصل بالرقم 5472-600-877-1 : الهاتف النصي:5473-600-877-1

**Română** (Romanian) ATENȚIE: Dacă nu vorbiți limba engleză, vă sunt disponibile servicii de asistență lingvistică gratuite, inclusiv traduceri scrise, interpretări orale, interpreți autorizați și calificați pentru limbajul semnelor și limbajul vorbit, formate alternative, precum și dispozitive și servicii auxiliare, inclusiv servicii în scris. Apelați numărul de telefon 1-877-600-5472; TTY: 1-877-600-5473.

**ខ្មែរ** (Cambodian)ប្រយ័ត្ន៖ ប្រសិនបើអ្នកនិយាយភាសាអង់គ្លេស មិនបានទេនោះ សេវាជំនួយខាងភាសា ដោយមិនគិតថ្លៃ មានសម្រាប់អ្នក រួមបញ្ចូលទាំងការបកប្រែសំណេរ ការបកប្រែផ្ទាល់មាត់ អ្នកបកប្រែភាសាសញ្ញានិងភាសានិយាយ ដែលមានលក្ខណៈសម្បត្តិគ្រប់គ្រាន់ និងមានវិញ្ញាបនបត្របញ្ជាក់ ទម្រង់ផ្សេងជំនួស និងជំនួយនិងសេវានានា រួមទាំងសំណេរ។ ទូរសព្ទមកលេខ 1-877-600-5472; TTY: 1-877-600-5473

**XIYYEEFFANNAA** (Cushite): HUBADHAA: Afaan Ingilizii kan hin dubbanne yoo taatan, tajaajilootni gargaarsa afaanii, kaffaltii irraa bilisa ta'an, isiniif qophaa'aniiru: hiikkaa barreeffamaa, hiikkaa faanii/sagalee, hiiktota afaan dubbatamuu fi afaan mallattoo waraqaa ragaa qabanii fi ga'umsa qaban, filannoo foormaatii biroo, fi deggersa meeshaalee fi tajaajiloota, kan barreeffamaa dabalatee of-keessatti kan hammatu.1-877-600-5472; TTY: 1-877-600-5473 irratti bilbilaa.

**Deutsch** (German) ACHTUNG: Wenn Sie kein Englisch sprechen, stehen Ihnen kostenlos sprachliche Hilfsdienstleistungen zur Verfügung, darunter schriftliche Übersetzungen, mündliche Dolmetscher, zertifizierte und qualifizierte Dolmetscher für Laut- und Gebärdensprache, alternative Formate sowie Hilfsmittel und Dienstleistungen, auch schriftlich. Rufnummer: 1-877-600-5472; TTY: 1-877-600-5473.

**فارسی** کتبی، (Farsi): توجه: چنانچه انگلیسی نمی دانید، خدمات کمک زبان رایگان، از جمله ترجمه ترجمه شفاهی، مترجمان زبان گفتاری و اشاره دارای گواهی و واجد شرایط، فرمت های جایگزین، و وسایل و خدمات کمکی، از جمله موارد کتبی، در دسترس شماست. با شماره 1-877-600-5472؛ TTY: 1-877-600-5473 تماس بگیرید.

**Français** (French) ATTENTION : Si vous ne vous exprimez pas en anglais, des services d'assistance linguistique gratuits sont à votre disposition. Il s'agit notamment de la traduction des documents écrits, de l'interprétation des discours, de l'interprétation certifiée et adéquate en langue parlée et en langue des signes, d'autres formats, ainsi que des aides et services auxiliaires, y compris écrits. Composez le numéro 1-877-600-5472 ; ATS : 1-877-600-5473.

**ภาษาไทย** (Thai) โปรดทราบ: หากคุณไม่ได้พูดภาษาอังกฤษ เรามีบริการผู้ช่วยแปลภาษาให้บริการฟรี ซึ่งรวมถึงการแปลเป็นลายลักษณ์อักษร การแปลปากเปล่า ล่ามแปลภาษาและล่ามภาษามือที่ได้รับการรับรองและมีคุณสมบัติ รูปแบบการแปลอื่นๆ รวมถึงความช่วยเหลือและบริการเสริมอื่นๆ ซึ่งรวมการเขียนเป็นลายลักษณ์อักษรด้วย โทร 1-877-600-5472 หรือส่งข้อความทางโทรศัพท์: 1-877-600-5473ฯ

**Trillium Community Health Plan (Trillium) bifa loogii qabu ta'eetiin si tajaajile jettee yaaddaa?**
Trillium dirqama seerota mirga namoomaa naannoo fi federaalaa eeguu qaba. Sagantaawwanii ykn gochaalee isaa keessatti namoota loogiidhan ilaaluu hin qabu; kunis

- Umrii
- Eenyummaa koorniyaa
- Sanyummaa
- Saala
- Bifa
- Haala fuudhaf heerumaa
- Amantii
- Qaama miidhamumaa
- Biyya
- Saala

Gamoowwanii fi tajaajiloota seenuu, bahuu fi fayyadamuu mirga qabda. Odeeffannoo karaa barbaaddeen argachuudhaaf mirga qabda. Trillium fedhiiwwan kee irratti si wajjiin haasa'uudhaan poolisiiwwan, gochaalee, fi adeemsawwan irratti jijjiiramoota ni taasisa.

**Yaaddoowwan gabaasuuf ykn odeeffannoowwan dabalataa argachuudhaaf, maaloo qunnamaa:**
Trillium Community Health Plan
555 International Way, Building B, Springfield, OR 97477
Kaffaltii irraa bilisaa 877-600-5472 (TTY 711)
https://www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/member-satisfaction.html

Maaloo Tajaajila Maamilaa 541-485-2155 irratti qunnamaa; Kaffaltii irraa bilisaa: 1-877-600-5472;
TTY: 1-877-600-5473, Wiixataa hanga Jimaataa, 8:00 a.m. to 5:00 p.m. Yeroo biraarratti ergaa dhiisuu ni dandeessa, dhumtorbeewwanii fi guyyoota ayyaanaa federaalaa irrattis dabalatee. Bilbila kee guyyaa hojii itti aanutti siif deebisna. Gocha loogii fi alabaasummaa kamiin alatti mirgaa mirgoota maamilummaa kee hojirra oolchuu ni qabda. Mirgootni kee ammallee yoo siif hin kabajamne ta'e, komii kee iyyachuuu ni dandeessa.
Waajjira Abbaa Alangaa karaa Abbaa Taayitaa Fayyaa Oregon karaa 1-877-642-0450 ykn TTY tiin qunnamuu ni dandeessa.: 711. Bilbilli bilisaani.

**Akkasumas, Qindeessaa Loog-maleessummaa Trillium qunnamuu ni dandeessa:**
Geno Allen, Qindeessaa Loog-maleessummaa
Iimeela gara: gilbert.e.allen@trilliumchp.com
Ergaa gara: 555 International Way, Building B, Springfield, OR 97477
Bilbila: 541-650-3618, Kaffaltii irraa bilisaa 877-600-5472 ykn TTY 711

Dhaabbilee kanaa wajjiin mirga komiiwwan kee dhiyeeffachuu ni qabda:
**Qajeelcha Fayyaa U.S. fi Waajjirra Tajaajila Mirgoota Namoomaa (OCR)**
Marsariitii: https://ocrportal.hhs.gov/ocr/smartscreen/main.jsf
Iimeela gara: OCRComplaint@hhs.gov
Bilbila: 800-368-1019, 800-537-7697 (TDD)
Ergaa gara: **Office for Civil Rights**
200 Independence Ave. SW, Room 509F, HHH Bldg., Washington, D.C. 20201

**Abbaa Taayitaa Fayyaa Oregon (OHA) Mirgoota Namoomaa**
Marsariitii: www.oregon.gov/OHA/OEI
iimeelaa gara: OHA.PublicCivilRights@state.or.us
Bilbila: 844-882-7889 (TTY 711)
Ergaa gara: **Office of Equity and Inclusion Division**
421 SW Oak St., Suite 750, Portland, OR 97204

**Biiroo Hojjataa fi Industiriiwwaniitti Kutaa Mirgoota Namoomaa**
Iimeela gara: crdemail@boli.state.or.us
Bilbila: 971-673-0764
Ergaa gara: **Bureau of Labor and Industries Civil Rights Division**
800 NE Oregon St., Suite 1045, Portland, OR 97232

# GABATEE QABIYYEEWWANII

Gargaarsa Afaanii fi Hiikkaa Afaanii .......... 2
**BAGA NAGAAN TRILLIUM COMMUNITY HEALTH PLAN TTI NAGAAN DHUFTAN .......... 11**
**OREGON HEALTH PLAN (OHP) MAALI? .......... 11**
Tarree tajaajiloota fayyaa dursi kennamuufi .......... 11
Dhaabbatni Eeggumsa Fayyaa Qindaa'an Maali (CCO)? .......... 12
Eeggumsi too'atamaa fi kaffaltiin tajaajilaa maali? .......... 12
Trillium akka CCO kiyya ta'u yoo hin barbaannee ho? .......... 12
Gara CCO biraatti akkamiin jijjiiramuu danda'a? .......... 13
**ODEEFFANNOO SAGNATAA .......... 14**
Gaaffii yoon qabaadhe eenyufan bilbila? .......... 14
Tajaajijilli Qindeessa Eeggumsa Cimaa Maali (ICC)? .......... 16
Mana Maree Gorsa Hawaasaa .......... 20
Xalayaa haguuggii OHP .......... 20
Nama afaan naaf hiiku akkamiin argadha? .......... 21
**MIRGOOTNI FI ITTIGAAFATAMUMMAAWWAN MISEENSUMMAA KIYYA MAAL FAADHA? .......... 21**
Mirgoota Miseensaa .......... 21
Ittigaafatamummaa Miseensa .......... 23
Mirgoota Imaltuu .......... 23
Ittigaafatamummaa Imlatuu .......... 24
**YEROO BARBAADDETTI EEGGUMSA AKKAMIIN ARGACHUU DANDA'A .......... 26**
Haakima ykn dhiyeessaa akkamiin argachuu danda'a? .......... 26
Eeggumsi Jalqabaa maali? .......... 26
Dhiyeessaa Eeggumsa Fayyaa Jalqabaa akkamiin filadha? .......... 26
PCP wajjiin akkamiin beellama qabachuu danda'a? .......... 27
PCP kiyya akkamiin jijjiirachuu danda'a? .......... 27
PCP kee wajjiin hariiroo gaarii akka qabaattuuf, gorsawwan muraasni kunooti: .......... 27
Filannoowwan lammataa ni haguugna .......... 28
Beellamaaf gahuu yoo hin danda'inii ho? .......... 28
Eeggumsa Kallattiidhan barbaada yoo ta'e hoo? .......... 28

Ogeessa addaa ykn dhiyeessaa biraa yoo barbaade ho? ..... 28
Tajaajiloota ykn gargaarsa yeroo dheeraa fudhachaa jira yoo ta'e ho? ..... 29
Tajaajilootaaf akkamiin mirkaneessa argadha? ..... 30
Tajaajiloota biroo OHP dhaan haguugaman ..... 30
Teknolojiin haaraan ni haguugamaa? ..... 32
Kennaa haakimootaa ..... 32
Beellama kiyyaaf geejjiba argachuu nan danda'aa? ..... 33
**TAJAAJILOOTA FI BUAAWWAN HAGUUGAMAN ..... 33**
OHP'n maal haguuga? ..... 33
Timboo aarsuu akkamiin dhaaba? ..... 35
Guduunfaa Tarree Bu'aawwanii ..... 36
Tajaajiloota sagantaa maatii fi ulfa too'achuu ..... 43
Yoo ulfa ta'e hoo? ..... 43
Ajajawwan dawaawwanii akkamiin argadha? ..... 44
Dawaawwan hin haguugamne maal faadha? ..... 44
**TAJAAJILA RAKKOO FAYYAA HATATTAMAA FI ARIIFACHIISAA ..... 46**
Rakkoon fayyaa hatattamaa maali? ..... 46
Tajaajiloota ambulaansii ..... 47
Rakkoo hatattamaa booda akkamiin eeggumsa argadha? ..... 47
Eeggumsa hatattamaa akkamiin argadha? ..... 47
Iddoowwan Eeggumsa Hatattamaa ..... 47
**FAAYIDAAWWANII FI TAJAAJILOOTA ILKAANII KE ..... 49**
Tajaajilootni ilkaanii maal fa'a? ..... 49
Karoora ilkaanii kiyya akkamiin filadha? ..... 49
Faayidaawwan ilkaanii kiyya akkamiin fayyadama? ..... 49
Ogeessa Ilkaanii Jalqabaa kiyya akkamiin filadha? ..... 49
Ogeessa Ilkaanii Jalqabaa kiyya wajjiin akkamiin beellama qabadha? ..... 49
Beellama kiyyaaf geejjiba argachuu nan danda'aa? ..... 50
Ogeessa Ilkaanii Jalqabaa kiyya akkamiin jijjiira? ..... 50
Ogeessa addaa ykn dhiyeessaa biraa ilaaluu barbaadda yoo ta'e ho? ..... 50
**FAAYIDAA ILKAANII MAALITAN QABAA? ..... 51**
Guduunfaa Faayidaa fi Tajaajilotaa ..... 51

**TAJAAJILA EEGGUMSA RAKKOO ILKAANII HATATTAMAA FI ARIIFACHIISAA .................. 52**
Rakkoon ilkaanii hatattamaa maali? ........ 52
Tajaajilli ilkaanii ariitii maali? ........ 52
Magaalaan ala yoo jiraadhe fi rakkoo ilkaanii hatattamaa yoon qabaadhe hoo? ........ 52
Rakkoo hatattamaa booda akkamiin eeggumsa argadha? ........ 52
**FAAYIDAAWWAN FAYYAA SAMMUU FI HIRKANNAA DAWAA ........ 53**
Tajaajilootni fayyaa sammuu maal faadha? ........ 53
Tajaajiloota fayyaa sammuu ga'eessotaa ........ 53
Tajaajila fayyaa sammuu daa'immanii ........ 53
**FAAYDAAWWAN FAYYAA SAMMUU HIRKATTUMMAA KEEMIKAALAA KIYYA AKKAMIIN FAYYADAMUU DANDA'A? ........ 54**
Dawaa hirkattummaa keemikaalaa (alkoolii ykn dawaa) akkamiin argachuu danda'a? ........ 54
Dhiyeessaa fayyaa sammuu akkamiin argachuu danda'a? ........ 54
Dhiyeessaa fayyaa sammuu kiyyaa irratti gargaarsa yoon barbaade ho? ........ 54
Dhiyeessaa fayyaa sammuu kiyya wajjiin akkamiin beellama qabaachuu danda'a? ........ 55
Dawaa ajajame akkamiin argadha? ........ 55
**TAJAAJILOOTA FAYYAA SAMMUU HATATTAMAA & RAKKISAA ........ 55**
Rakkoon fayyaa sammuu hatattamaa maali? ........ 55
Magaalaan ala ta'ee rakkoo hatattamaa yoon qabaadheho? ........ 56
Beellama kiyyaaf geejjiba argachuu nan danda'aa? ........ 56
**KOMII (MUFII) FI OL IYYANNAAWWAN ........ 56**
Akkamiin komii ykn mufii dhageessifachuu danda'a? ........ 56
Tajaajilli ni didama taanan – akkamiin ol iyyachuu danda'a? ........ 57
Akkamiin murtii ol iyyannaa taasisuu dandeessa ........ 57
Ol iyyannaan kiyya yoo ittifame, caqasa bulchiinsaa akkamiin argadha ? ........ 58
Caqasa ariifataa (saffisaa) yoo barbaade ho? ........ 58
Tajaajilli kiyya dhaabbachuu danda'aa? ........ 58
Yoo waraqaa kaffaltii argadhe maalan godha? ........ 59
Ittigaafatamummaa kaffaltii ........ 59
Tajaajiloota eeggumsa fayyaa OHP irra jiraniif yoom kaffaluu qaba? ........ 60

**MURTII XUMURA JIREENYA KIYYAA AKKAMIIN QOODA?** ........ **60**
Murtiiwwan xumura jireenyaa fi Qajeelfama Dursa (Hayyama Jireenya) ........ 60
Ibsa Yaala Fayyaa Sammuu ........ 61
**ODEEFFANNOON DHUUNFAA KIYYA ICCITAA'ADHAA?** ........ **62**
Galmeewwan kee iccitaa'oodha ........ 62
Komii iccitaa'ummaa akkamiin galcha ykn rakkoo iccitaa'ummaa akkamiin gabaasa? ........ 63
**IBSA GOCHAALEE ICCITAA'OO** ........ **63**
**MALAAMMALTUMMAA, QISAASUMMAA YKN MIIDHAA YOO ARGE AKKAMIIN GABAASA?** .. **65**
**EEGGUMSA FAYYAA WAL-QUNNAMSIISUU** ........ **66**
**JECHOOTA ATI BEEKUU QABDU** ........ **68**
**YAADANNOOWWAN** ........ **71**

# BAGA NAGAAN TRILLIUM COMMUNITY HEALTH PLAN TTI NAGAAN DHUFTAN

Namoota karaa Oregon Health Plan (OHP) erga 1977 tii gargaaraa turre. Si gargaaruu keenyatti gammachuu qabna. Qajeelcha kana faaydaawwan eeggumsa fayyaa OHP irraa waan argattuuf siif ergine. Maaloo yeroo fedhadhuutii qajeelcha kana dubbisi. Gaafiwwan waa'ee tajaajilaa, faayidaawwanii fi yoo barbaadde akkamiin akka argachuu dandeessuuf deebisaa ni argatta. Garagalcha qajeelcha kanaa yeroo kamittuu gaafachuu ni dandeessa.

Trillium Dhaabbata Eeggumsaa Qindaa'aadha (CCO). Nuti kaampanii dhiyeessitoota fayyaa fi dhaabbilee hawaasaa namoota OHP irra jiraniif dhiyeessinuudha.

Dhiyeessitootni CCO keenya keessatti argaman: Fayyaa Qaamaa, Fayyaa Amala, Fayyaa Ilkaanii, fi MTM (Hoggansa Geejjiba Fayyaa).

CCO''n Trillium beellamawwan tajaajiloota fayyaa qaamaa, sammuu fi ilkaanitiif geejjiba bilisaa ni dhiyeessa.

Trillium eeggumsa fedhii fayyaa fi fayyaan alaa tokkoon tokkoo miseensotaa fi dhiyeessitoota fayyaa isaanii wajjiin hojjachuudhaan ni qindeessa. Manneen Eeggumsa Fayyaa Jalqabaa Dhukkubsataa Irratti Hundaa'e (PCPCH) fedhiiwwan fayyaa fi fayyaan alaa miseensotaa qindeessuu ni gargaara.

# OREGON HEALTH PLAN (OHP) MAALI?

Oregon Health Plan (OHP)'n sagantaa eeggumsa fayyaa gatii dhaabbilee gatii gadi aanaatiif kaffaltii taasisuudha. Naannoon Oregon fi sagantaan Medicaid Mootummaa U.S tu kaffaltii taasisa.

**OHP KAFFALTII KAN TAASISU:**

- Beelllama Haakimaa
- Ajaja Dawaa
- Turtiiwwan Hospitaalaa
- Eeggumsa Ilkaanii
- Tajaajiloota Eeggumsa Fayyaa
- Gargaarsa timboowwan, alkoolii, fi dawaawwan addaan kutuu
- Tajaajiloota eeggumsa fayyaa haguuggamaniif geejjiba tolaa

Ulaagaa guutta taanan, OHP'n gargaartuuwwan dhageettii, meeshaalee fayyaa fi eeggumsa fayyaa manattii dhiyeessuu ni danda'a.

OHP'n waan hunda hin haguugu. Tarreen dhibeewwan ykn haalota haguuggaan taasifamuufii. Tarree Tajaajiloota Fayyaa Dusri Kennamuufii (ajajamee) jedhamanii, sarara irraan karaa http://www.oregon.gov/oha/hsd/ohp/pages/prioritized-list.aspx ni argamu.

Dhibeewwan ykn haalotni biroo yeroo hedduu OHP dhaan hin haguugamani. Haalotni sunniin yoo haala dhukkubsataa haguugamuu malu irratti gargaarsa taasisan haguugamuu malu. Fakkeenyaaf, dhukkubsataan haala fayyaa haguugamu tokkoo fi haala fayyaa hin haguugamne tokko qabaachuu danda'a. Haalli hin haguugamne sun haala haguugamuun kan jalqabaa sanaaf gargaarsa taasisa taanan haguugamuu mala. Odeeffannoo dabalataa waa'ee Tarree Tajaajiloota Fayyaa Dusri Kennamuufii (ajajamee) tiif, Trillium'iif karaa 1-877-600-5472. bilbiluu ni dandeessa.

## Tarree tajaajiloota fayyaa dursi kennamuufi

Faayidaawwan miseensota Oregon Health Plan haalota fayyaa fi dawaawwan Tarree Tajaajiloota Fayyaa Duri Kennamuuf (ajajaman) ta'uu fi dhiisuu irratti hundaa'a. Komishinii Gulaallii Ragaa Fayyaa Oregon (HERC) kana

qopheessee milkaa'ina isaatifis dhaabbiidhaan hojjata. HERC haakimoota, narsoota, fi namoota waa'ee fayyaa irratti hojjatan biroo irraa hojjatama.

Oregon Health Plan waan hunda miti kan haguugu. Dhibeewwanii fi dawaawwan haala Tarsa Kennuu (ajajamaa) kan Oregon Health Plan gaditti argaman hin kennaman. Sagantaawwan eeggumsaa too'ataman fi dawaam eeggumsaa hunduu OHP jalatti tajaajila kan kennan ta'uu isaanii ilaaludhaaf Tarree Dursi Kennamuuf (ajajame) fayyadamuu qabu. Dhukkubootni fi dawaawwan Tarree Dursi Kennamuuf (ajajame) irratti argaman hundi ni haguuggamu jechii miti, ulaagan guutamuu qabu kan biraatis waan jiruuf.

OHP'n miseensa nageenyummaan itti hin dhaga'amu taanan, tajaajiloota sirrii ta'an ni haguuga. Kuni immoo rakkina haguuggiin hin taasifamneef qorachuus dabalata. Dhiyeessaan tajaajila fayyaa dhukkubichi ykn dawaan kan hin haguugamne ta'uu yoo murteesse, OHP'n dhukkuba sanaaf tajaajila kamiifuu kaffaltii hin taasisu.

Trilllium akkaataa Tarree Tajaajila Fayyaa Dursi Kennamuufitin tajaajila hundaaf akkasumas yoo akka Ibsa Fedhii fi Yaadannoo Qajeelfamaa kan Taree Dursi Kennamuutin kan kennamu ta'e kaffaltii Trillium Community Health Plan ni taasisa, tajaajilootni kan fayyaa ykn afaanii sirrii hanga ta'anitti.

## Garaagarummaan sagantaa kiyyaa fi OHP maali?

OHP karoora Fayyaa Isteeta Oregonitidha. Isteetichi namoota OHP qabaniif tajaajila eeggumsa fayyaa too'achuudhaaf Dhaabbilee Eeggumsaa Qindaa'oo (CCO) hedduu waliin waliigaltee ni taasisa. Trillium CCOwwan kanneen keessaa tokko.

Isteetni Oregon faayidaawwan ati argattuuf hiika ni kenna. OHP'n miseensota isaa tajaajiluuf CCO wwan biroo hedduu fayyadama. Trillium CCO wwan kanneen keessaa tokko.

## Dhaabbatni Eeggumsa Fayyaa Qindaa'an Maali (CCO)?

Trillium Community Health Plan Dhaabbata Fayyaa Qindaa'aa (CCO) dha. Nati garee eeggumsa fayyaa gosoota hunda dhiyeessu kan namootaaf OHP irratti hawaasa keenya keessatti dhiyeessudhaaf waliin hojjannudha. Dhiyeessitoonni CCP keenya keessatti hammataman Trillium, Trillium Behavioral Health, Advantage Dental Services, Capitol Dental Care, Oregon Dental Service fi MTM dha. CCO'n Trillium geejjiba tolaa, kan geejjiba waan hatattama hin taanee (NEMT) jedhamu, fi tajaajiloota fayyaa qamaa, sammuu, ilkaanii kaawuntiiwwan Washington, Clackamas fi Multnomah dhaaf dhiyeessa.

## Eeggumsi too'atamaa fi kaffaltiin tajaajilaa maali?

CCOwwan (Dhaabbileen Eeggumsa Qindaa'aa) gosa eeggumsa too'atamaati. Abbaan Taayitaa Fayyaa Oregon namootni OHP isaanii karaa dhaabbilee dhuunfaa kanuma hojjachuuf taa'aniitineeggumsa fayyaa isaanii too'atamaa akka qabaatan barbaada. OHA'n kaampaniiwwan tajaajila eeggumsa too'atamaa akka miseensotaaf tajaajila isaan barbaadan kennaniif hamma ta'e kaffaltii ni taasisaaf.

**BAKKA TRILLUIMTTI OHP YOO BARBAADE HO?**

Tajaajilootni fayyaa miseensota OHP kanneen eeggumsa too'atamaa keessa hin jirree kallattiidhan OHA dhaaf hin kaffalaman. Kuni immoo kaffaltii tajaajilaa (FFS) jedhama OHA'n dhiyeessitoota tajaajila isaan kennaniif ni kaffalaaf waan ta'eef. Kuni karaa biraa kaardii banaa jedhama. Jiraattotni Ameerikaa/Alskaa Buleeyyin CCO ta'uu ni danda'u, garuu yeroo barbaadan kamittuu Kaardii Banaa OHP tti jijjiirachuu ni danda'u. Ati Medicaretti dabalattee OHP taata taanan Kaardii Banaa OHP ta'uudhaaf gaafachuu ni dandeessa. Namootni Medicare fi OHP lamaanuu qaban CCO ta'uu ni danda'u, garuu yeroo barbaadan kamittuu faayidaa fayyaa qaamaa isaanii gara Kaardii Banaa OHP tti jijjiirachuuf gaafachuu ni danda'u. Miseensi CCO kan FFS qabaachudhaaf sababa fayyaa qabu eeggumsa too'atamaa keessaa bahuu ni danda'a. Tajaajilli Maamilaa OHP kan karaa 1-800-273-0557 tiin argamu filannoo gaarii akka filacguu dandeessu ykn karaa gaarii eeggumsa fayyaa itti argattu irratti gorsuun si fayyadu.

## Trillium akka CCO kiyya ta'u yoo hin barbaannee ho?

Tajaajila sirrii argachuudhaaf rakkoo yoo qabaatte, maaloo CCOwwan jijjiiruu kee duri nuti si gargaaruuf haa yaalluu. Tajaajiloota Miseensaa tiif 1-877-600-5472, TTY 711 irratti bilbilii Qindeessaa Eeggumsaa gaafadhu. Ammallee bahuu ykn CCO jijjiiruu yoo barbaadde, Tajaajila Maamilaa OHP tiif bilbili. Lakkoosi isaanii 503-378-2666 fi 1-800-699-9075 dha.

**CCON ABBAAN TAAYITAA FAYYAA OREGON AKKA SI BAASU NI GAAFATA YOO ATI:**

- Hojjataa CCO ykn dhiyeessitoota kan jeeqxu ta'e;
- Malaammaltummaa kan hojjattu ta'e, kan akka namni biraa akka faayidaawwan eegumsa fayyaa kee fayyadamu taasisuu.
- Dhiyeessaa eegumsa fayyaa, hojjataa dhiyeessaa, dhukkubsatoota biroo, hojjataa Trillium, sodaachisaa beekamaa yookan miidhaa qaamaa akka Trillium tajaajila isaa siif ykn miseensota birootiif hin kennine taasisu yoo kan hojjattu ta'e.

Sababni miidhaa qaqqabsiisuu kee kanaa rakkina fayyaa kee yoo ta'e, akka baafamtu hin taasifamtu.

**CCO AKKA ABBAAN TAAYITAA FAYYAA OREGN SI BAASU HIN GAAFATU YOO ATI:**

- Fayyaa kee irrratti jijjiirama negatiivii yoo qabaatte;
- Tajaajila fayyaa hedduu yoo fayyadamte;
- Sababa fedhiii addaa keetiif bifa sirrii hin taanen sochoote yoo ta'e;
- Ati miseensa kutaa namoota eegumsa addaa barbaadanii kan tajaajila fayyaa baayee si barbaachisu ta'uu mul'isuu yoo taate;
- Rakkina fayyaa ykn seenaa rakkina fayyaa tajaajilli fayyaa baayyeen akka si barbaachisuu mul'isu qabda yoo ta'e; ykn
- Miidhamummaa qaamaa, barachuu, guddinaa ykn sammuu yoo qabaatte.

Odeeffannoo dabalataa argachuuf, Trillium Tajaajiloota Miseensaa tiif 1-877-600-5472 irratti bilbiliif. Tajaajila Maamilaa OHP 1-800-273-0557 ykn 800-699-9075 irrattis qunnamuu ni dandeessa. Waa'ee CCO n yoom maamilummaa kee akka dhaabu (hirmaannaa adda kutuu), yeroodhaaf dhaabsisuu, hirmaannaa muraasaa gaafachuu ni dandeessa.
Maamilootni yoo xiqqaate yeroon hirmaannaa haaraan jalqabamuu dura guyyoota 60 dursee beeksisa maamilummaa addaan kutuu ni argata.

# Gara CCO biraatti akkamiin jijjiiramuu danda'a?

CCO haaraatti jijjiiramuu barbaadda taanan, ati ykn bakka bu'aan kee afaanin beeksisuun ykn barreeffamaan akkas gochuu dandeessu. OHP Member Service 503-378-2666 ykn 1-800-699-9075 irratti bilbiluu ni dandeessa. Jijjiiramichi mirkaneessa OHA irraa kaasee jalqaba ji'aa irratti hojirra oola. CCOn biraa hirmaannaaf banaa ta'e hanga jiraatetti ati jijjiirachuudhaaf carraa baayyee qabda.

- CCO siif kenname hin barbaaddu yoo ta'e, hirmaannaa kee guyyoota 90'n jalqabaa keessatti jijjiirachuu ni dandeessa.
- CCO keessatti hirmaannaa jalqabdee guyyoota 30n jalqabaatiif kana dura OHP keessa jirta yoo ta'e.
- CCO kee keessatti ji'oota 6f hirmaattee jirta yoo ta'e, CCO jijjiirachuudhaaf gaafachuu ni dandeessa.
- Haguuggii Karoora Fayyaa Oregon keessa yeroo deebitutti (yeroo hedduu waggaatti yeroo tokko) Sababa biraa barbaadde kamiifiyyuu CCO jijjiirachuu ni dandeessa.

**JIJJIIRRAA CCOwwanii YEROO BARBAADDE KAMITTUU GAAFACHUU NI DANDEESSA YOO:**

- Miseensichi bakka CCO'n tajaajila itti kennu irraa yoo deeme, Jiddugala Guutinsa Ulaagaa OHP Suduudaa 800-699-9075 dhaan yookan Kutaa Tajaajila Maamilaa 800-273-0557 dhaan qunnamuu hatattamaan qunnamuu qabu.
- Trillium sababa amantii ykn safuu keetiitin tajaajila siif kennuu yoo hin dandeenye
- Tajaajilootni wal fakkaataan bakka takkatti akka raawwataman yoo kan barbaaddu ta'e, garuu tajaajilootni kunniin garuu karaa networkiiwwanii kan argaman yoo ta'e, dhiyeessaan eeggumsa kee jalqabaa fi dhiyeessaan biraa tajaajila kana kophaa kophaatti fudhachuun rakkoo sirraan kan gahu ta'uu isaa ni murteessu (Fkn Da'uumsa Baqaq'sanii Yaaluu fi tubal litigation).

OHP'n ittifama yoo mirkaneesse, kuni ta'uu isaatiif waraqaan siif ergama. Adeemsa irratti sin gammachiisne taanaan, mufii kee ibsachuu ykn murtii ittifamuutiin gammachuu hin qabdu taanan ol iyyannoo gaafachuu ni dandeessa.

# Trillium akkamiin hojjata?

Trillium dhiyeessitoota eeggumsaa isaanii fi miseensa isaanii hundaa wajjiin akkaataa fedhiiwwan eeggumsaa fayyaa fi fayyaan alaa kee guutaman irratti qindeessudhaan hojjata. Fedhii eeggumsa fayyaatiin alaatiif, Eeggumsi Manaa Dhukkubsataa irratti xiyyeeffate namoota dhiphina, mukaa'uu, fi tamboo aarsuus dabalatee, dawaa fi alkoolii fayyadamuu irratti gargaarsa godha. Trillium tajaajila sirrii kennamu neetworkii isaa keessaa qabaachuu isaa ni mirkaneessa.

Nuti yeroo tokko tokko tajaajiloota kaffaltii OHP'n hin haguugne ni kennina. Haala hpjii fi akkaataa Trillium itti

hojjatu irratti odeeffannoo dabalataa argachuudhaaf gaafachuuf mirga qabda. Haala hojii fi qaama Trillium irratti odeeffannoo dabalataa argachuudhaaf, Trillium karaa 1-877-600-5472, ykn TTY 711 qunnami.

## Eeggumsi Manaa Dhukkubsataa Irratti Xiyyeeffate (PCPCH)'n maali?

Tajaajila gaarii akka ati argattu feena. Karaa tokkoon dhiyyeessitootni keenya Abbaa Taayitaa Fayyaa Oregontiin (OHA) akka Eeggumsa Manaa Dhukkubsataa Irratti Xiyyeeffateetti (PCPCH) akka ilaalamu feena. Kana jechuun dhukkubsatootni isaanii fedhiin eeggumsa fayyaa, ilkaanii, fi fayyaa amalaa guutamuu isaaniitiif gargaarsa dabalataa argachuu ni mirkaneessina.

Kilinikiin dhiyeessaa keetii PCPCH yoo ta'e gaafachuu ni dandeessa. Eeggumsi fayyaa ati argattu nuuf murteessaadha! Faayidaa fi gaaffiiwwan kee akka naannootti fudhanna. Eeggumsi hatattamaan si barbaachisa taanan, nuuf bilbilaa eeggumsa barbaaddan akka argattan goona. Akka si tajaajilluuf nu garaaruu keetif galatoomi.

# ODEEFFANNOO SAGNATAA

## Gaaffii yoon qabaadhe eenyufan bilbila?

**TRILLIUM TIIF BILBILI YOO:**

- Trillium tiif haaraa yoo taate fi eeggumsa hatattamaa yoo si barbaachise.
- Dhiyeessaa Eeggumsaa Jalqabaa (PCP) jijjiirachuu ykn haaraa argachuu yoo barbaade.
- Ogeessa ilkaanii barbaadachuu ykn jijjiirachuu yoo barbaadde.
- Tajaajila eegumsa fayyaa argachuu irratti gargaarsa yoo barbaadde.
- Waa'ee iyyannaa ykn bu'aa gaaffii yoo qabaatte.
- Kaardii eenyummeessaa Trillium OHP haaraa yoo barbbaadde.
- Waa'ee haguuggii fayyaa keetii komii yoo qabaatte.
- Yoo miidhamni sirra gahee ture fi miidha ni sun nama biraatiin kan haguugamu ta'e.

**OHP TAJAAJILOOTA MISEENSAA TIIF BILBILI YOO:**

- Bakka tajaajila Trillium itti kennuu yoo baate.
- Yoo ulfa taate ykn ulfi kee xumurame.
- Daa'ima yoo qabaatte.
- Waa'ee ulaagaa guutuu keetii gaaffii yoo qabaatte.
- Inshuraansii fayyaa biraa yoo argatte ykn dhabde.
- Karoora fayyaa keetii jijjiiruu yoo barbaadde.
- Kaardii Eenyummeessaa Fayyaa Oregon haaraa yoo barbaadde.
- Odeeffannoon Eenyummeessa Fayy aa Oregon xalayaa haguuggii OHP sirrii yoo hin taanee.
- Waa'ee xalayaa haguuggii OHP kan ati Abbaa Taayitaa Fayyaa Oregon irraa argattee gaaffii qabda yoo ta'e.

## Eeggumsa Kallattiidhan barbaada yoo ta'e hoo?

Ati Trillium tiif haaraa yoo taate fi eeggumsa fayyaa ykn ajaja dawaa kallattiidhaan barbaadda taanan, maaloo nuuf bilbilaa. Eeggumsa walitti fufaa argachuu kankee mirkaneessudhaaf beellama PCP qabachuu kee mirkaneeffadhu. Tajaajiloota fayyaa amlaa hatattamaan barbaadda yoo ta'e, Dhiyeessitoota Qajeelcha Dhiyeessaa Trillium keessatti tarreeffaman kamiifiyyuu bilbiluu ykn Trillium Tajaajiloota Miseensaa 1-877-600-5472, TTY 711 dhaan qunna muu ni dandeessa.

**EEGGUMSA ARGACHUU**

Trillium eeggumsa kanneen ni dhiyeessa, garuu kana qofatti hin daangeffamani:

- Afaan fi aadaa ati barbaaddeen tajaajiloota, gargaarsawwanii fi sanadoota biraa kamiiyyuu ni dhiyeessa
- Tajaajila bakka miseensi jiraatutti dhiyaatu ykn tajaajila itti argachuu barbaadutti jiran;
  - Fakeenya maayilii 30, ykn magaalaa keess jiraatta yoo ta'e adeemsa daqiiqaawwan 30
  - Dhiyeessaa bakka jireenya baadiyyaa filatta taanan, fageenya maayilii 60 ykn daqiiqaa 60.
- Falannoo dhiyeessitoota;

- Fayyaadhaaf barbaadama taanan argannaa yeroo sirrii fi haguuggii sa'aatiiwwan 24 guyyaatti/torbanitti guyyaa 7 argachuu. Namoota dursi kennamuuf akka yeroodhaan tajaajila argatan taasisna.
  - Eeggumsa qaamaa ykn fayyaa amalaa hatattamaa: Kallattiidhaan, yookan kutaa ariifachiisaatti ergamuu
  - Eeggumsa Hatattamaa: Sa'aatiiwwan 24 keessatti ilaalameera ykn laalameera yoo ta'e
  - Eeggumsa qaamaa hatattamaa: Sa'aatiiwwan 72 keessatti, hordoffii jalqabaa irratti hundaa'uun.
  - Eeggumsa afaanii hatattamaa: Torbanoota lama keessatti ykn qorannoo jalqabaa irratti hundaa'un akkaataadhuma barbaadameen
  - Namoota hundaaf eeggumsa fayyaa amalaa hatattamaa: Sa'aatiiwwan 24 keessatti
  - Eeggumsa qaamaa Torbanoota afur keessatti
  - Eeggumsa afaanii idilee Yoo sababni fayyaa akka torbanoota saddeettan kana eegduf sin taasisne jiraateen alatti, torbanoota saddeet keessatti.
  - Eeggumsa fayyaa amalaa idilii: hordoffiin guyyaa gaafatame irraa guyyaa torba keessatti fi beellama gabaabaa itti aanu
  - Eeggumsa fayyaa amalaa addaa fi tajaajila dawaa qoricha fayyadamuu: kallattiidhaan.
  - Sababa dandeettiitin yeroo kenname keessatti yoo hin danda'amnee, dirqama tarree eeggannaa irra turta. Tajaajila yeroo gabaa sa'aatii 72tu siif kennama ykn tarree eeggannaa irra turta. Tajaajilli yeroo gabaabaa kun tajaajila akka ati jalqaba gaafattee ta'uu qaba.
- Eeggumsa fayyaa amalaa addaa fi tajaajila dawaa qoricha fayyadamuu: kallattiidhaan. Sababa dandeettiitin yeroo kenname keessatti yoo hin danda'amnee, dirqama tarree eeggannaa irra turta. Tajaajila yeroo gabaa sa'aatii 72tu siif kennama ykn tarree eeggannaa irra turta. Tajaajilli yeroo gabaabaa kun tajaajila akka ati jalqaba gaafattee ta'uu qaba. Namootni fayyaa Amalaa Addaatif dursi kennamuuf kan hammatu:
  - Dubartoota ulfaa,
  - Buleeyyii fi maatii isaanii,
  - Dubartootaa fi daa'imman,
  - Eegduuwwan hin kaffalamneef,
  - Maatiiwwan,
  - Daa'imman umriin isaanii shanii gadii,
  - Namoota HIV/Aids qaban ,
  - Namoota somba qaban,
  - Namoota maraattummaa kutaa jalqabaatif saaxilamuuf carraa qaban, ykn
  - Namoota miidhama barnootaa/guddinaa qaban.
- Tajaajiloota dawaa fayyadama dawaa
  - Miseensota fayyadamtoota dawaa IV ta'an, heroin dabalatee, hordoffii hatattamaa fi guyyoota 14 keessatti dawaa ni argatu ykn 120 tarree eeggumsa irra turu.
  - Miseensotni opiod qaban hordoffii fi dawaa sa'aatiiwwan 72 keessatti ni argatu.
  - Miseensotni Tajaajila Dawaa Fayyaatiin Gargaaramuu (MAT) fedhan, sa'aatiiwwab 72 keessatti ni hrdofamu. Trillium dhiyeessitootni dhiyeessitootni tajaajiloota yeroo gabaabaa akka kennaniif haala ni mijeessa. Dawaa argachuu dura qulqulleessuun sirraa hin eegamu. Hordoffiiwwan 2 gadi hin taane, kan beellamni hordoffii booda torban takka keessatti kennamu ni argattu. Hordoffiin kun kan hammachuu danda'u:
    - o Hordoffii qaamaa fi kan biroo kan fedhii uumama, haala xiin-hawaasaa, fi amantii kee hunda hammata.
    - o Dhiyeessaan kee hordoffii guutuu keessa deebi'uun dawaa gaarii siif kennamuu danda'u ykn waa'ee kee utuu baayyee hin beekin siif kennuudhaan uumamuu malu akka hafu karaa barbaada.

Odeeffannoon dabalataa akkamiin tajaajila kana argachuun danda'amaa, marsariitii keenya irratti ilaali: https://www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/Benefits-and-Services.html

- Dawaa, sagantaa eeggunsaaa ykn sagantaa eeggumsaa kan fayyaa qaamaa, amalaa di afaanii hammatu.
- Madda eeggumsa jalqabaa walitti fufaa nama tajaajila fayyaa haguugumaadhaaf eeggumsa taasisu.
- Dubartoota ulfaatif: Rakkoon hatattamaa ilkaanii sa'aatiiwwan 24 keessatti kan ilaalamu ykn yaalamu yoo ta'u, eeggumsi ilkaanii ariitii torban 1, eeggumsa ilkaanii idileetiif jiddugaleessaan torbanoota afur, fi qorannoo ilkaaniitif torbanoota jalqabaa afur fedhata.

## Qorannoon Saaxilamummaa Fayyaa Maali?

Qorannoon Saaxilamummaa Jalqabaa qorannoo gabaabaa karaa bilbilaa nuti akkamiin gargaarsa dabalataa irraa jireenya keetti fayyadamuu dandeessa kan jedhu hubachuuf taasisnuudha. Qorannichaan waa'ee fayyaa keetii fi wantoota fayyaa kee irratti dhiibbaa qabanii gaafatamta. Fakkeenyaaf, waa'ee miira sitti dhaga'amuu si gaafanna. Rakkoon hatattamaa dhiyeenya si mudachuu isaa faa si gaafanna. Waa'ee haala jireenyaa keetii fi gochaalee guyyaa guyyaa irratti gargaarsa barbaadda yoo ta'eef faa si gaafanna. Garicha akkasumas gargaarsa hawaasaa fi eeggumsa qindaa'aa waliin wal si qunnamsiisa.

### ODEEFFANNICHI AKKAMIIN SI GARGAARA?

Takka Qorannoon Saaxilamummaa Fayyaa xumuramnaan, gareewwan gargaarsaa kee si waliin wal qunnamuuf gara kee dhufu. Akkamiin muxannoo eeggumsa fayyaa kee irratti akka si gargaarru ni barbaadna. Gareen Hoggansa Eeggumsaa keenyaa si waliin haasa'uu danda'u.

- eeggumsa argachuu
- dhibeewwan jajjaboo
- ittisa kufaatii fi nageenyaa
- galmoota fayyaa qaamaa, amalaa ykn ilkaanii ke

Garee keenya waliin hogguu haasoftu, hordoffiiwwan baayyee taasisna. Kuni akka karoorawwan eeggumsa keetii hubannuuf nu gargaara.

### QORANNOO EEGGUMSA FAYYAA YEROO HANGAMIITIIN GEGGEESSUUN NARRA JIRAATA?

Kallattiidhaan gara miseensa Trillium ta'uutti hoggaa ati dhuftu simannaa siif taasisne Qorannoo Eeggumsa Fayyaa siif laanna. Qorannoon Eeggumsa Fayyaa faayidaawwan fayyaa ati argattu fi gara karoorichaatti tasgabbiidhan akka jijjiirattuuf si gargaaru. Qorannoowwan ji'ooota 12'n ykn akkuma haalli fayyaa keetii jijjiirameen kan taasisnu ta'a. Kuni immoo hanga ati miseensa CCO Trillum taateetti itti fufa.

### ODEEFFANNOO QORANNOO EEEGGUMSA FAYYAA KIYYA EENYUTU ARGUU DANDA'A?

Odeeffannoo Qorannoo Eeggumsa Fayyaa keetii qaama galmee fayyaa keetiiti. Bu'aa qorannoo keetii jijjiirama eeggusa keetii irraatti yeroo si gargaarutti ni qoodna. Bu'aa qorannoo keetiidhiyeessitootni eeggumsa kee akka gargaaraniif gargaara taanan ni qoodna. Bakka seerotni federaalaa fi naannoo gaafatamanitti hayyama kee si gaafanna. Karaa bilbilaa yoo si qunnamuu dadhabne karaa iimeelaas si qunnamuu ni dandeenya. Nuti si qunnamuu dura waan ta'e barbaadda taanan, maaloo Tajaajila Maamilaa karaa 1-877-600-5472 tiin qunnami.

## Tajaajijilli Qindeessa Eeggumsa Cimaa Maali (ICC)?

Tajaajilootni ICC namoota rakkoo fayyaa hordoffii addaa barbaadu qabaniif gargaarsa ykn qabeenyaalee ni kennu. Namootni ICCdhaan dursi kennamuuf kan of keessatti hammatu:

1. Gadaamoojjiiwwan, kanneen dhaga'uurratti hanqaina qaban, duudaan, arguu ykn miidhamummaa biroo qaban.
2. Fedhiiwwan eeggumsa fayyaa xaxaa ykn ol aanaa, ykn dhukkuboota baayyee qaban,
3. Dhibee Mataa Dhaabbataa fi Cimaa ta'e qabu yoo ta'e,
4. Yoo tajaajiloota yeroo dheeraa fi gargaarsaalee (LTSS) Medicaid dhaan kennaman fudhachaa kan jiru yoo ta'e;
5. Daa'imman waggaa 0-5:<br>a) Rakkoowwan hawaasaa/miiraa ykn amalaa qabaachuu mallattoowwan jalqabaa agarsiisan, ykn;<br>b) Dhukkuba Miiraa (SED) cimaa kan qaban yoo ta'e;
6. Dhukkuba Dawaa Fayyadamuu (SUD) tiif dawaadhaan gargaaramaa kan jiran yoomta'e.
7. Dubartoota ulfa baayyee rakkoo qabaachuu danda'u qabaatan ta'e.
8. Yoo daa'imman neonatal abstinence syndrome qabaatan ta'e.
9. Daa'immanii f Dhimma Daa'immanii
10. Yoo fayyadamtoota dawaawwan IV ta'an:
11. SUD eeggumsa keessaa bahuu si barbaachisu qabda yoo ta'e
12. HIV/AIDS ykn somba qabda yoo ta'e;
13. Namoota buleeyyii ykn maatii isaanii yoo taate, fi
14. Marattummaa kutaa jalqabaatif saaxilamta yoo ta'e, akkasumas
15. Namoota hanqina barachuu fi guddachuu (IDD) qaban keessa yoo jiraatte.

Tajaajiloota ICC argachuudhaaf ykn tajaajiloota ICC tiif qorannoo rakkkoo fayyaa taasisuudhaaf, ofii keetii of erguu ni dandeessa. Akkasumas, namni garee fayyaa kee keessa hojjatu tokkos ergaa siif taasisuu ni danda'a. Ergaa taasisuuf ykn qorannoo rakkoo fayyaa gaafachuudhaaf, Tajaajiloota Miseensaa tiif karaa 1-877-600-5472 tiin bilbiltuu akkasumas tajaajiloota ICC gaafachuu ni dandeessa. Guyyaa hojii tokko keessatti deebisaa argatta.

Kuni tarii yeroo itti nuti tajaajiloota ICC siif kennuuf itti si qunnamnu ta'uuu mala. Kuni kan ta'u yoo eeggumsi kee tarii dabaluu akka danda'u odeeffannoo kan argannu ta'eedha. Kuni immoo dhukkuba dhiyeenyatti sirratti barame kan namoota dursi kennamuufii qabda yoo ta'es ni ta'a.

Ati gaafattes ta'ee yoo nuti Tajaajiloota ICC tiif sitti kan dhufnu ta'es, qorannoo rakkoo fayyaa ICC akka taasistu si gaafanna. Qorannichi ati fayyaa hawaasaa, qaamaa, amalaa fi kan biraatinis maal akka si barbaachisu beekuf bakka hedduu ilaala.

Tajaajiloota ICC tiif ulaagaa guutta taanan, tajaajilootni ICC siif kennamu.

Tajaajiloota ICC argachuudhaaf filatta taanan, Qindeessaa Eggumsaa ICC ni argatta. Qindeessaan Eeggumsaa ICC nama fedhiiwwan keetin wal qabatee qunnamamuudha. Maqaa fi bilbila isaanii ni argatta. Wiixataa hanga Jimaataa, sa'aatiiwwan hojii irratti ni argamu.

Tajaajiloota ICC tiif ulaagaa hin guuttu yoo ta'e ykn fedhii hin qabdu yoo ta'e, sagantaalee Qindoomina Eeggumsaa ykn Hoggansa Eeggumaa keessoo biroo bu'aa qorannoo keetii irratti hundaa'uun argachuu malta.

Qindeessaan Eggumsaa ICC kee eeggumsa kee qindeessudhaaf si, bakka bu'aa kee (qabda yoo ta'e) fi garee fayyaa kee waliin ni hojjata.

Karoorri ICC ati Tajaajiloota ICCtti makamuu murteessitee guyyoota 10 keessatti ni qopheeffama. Kuni immoo fedhiiwwan, gufaatawwan, gochaalee, qabeenyaalee galmawwan, fayyaa fi nageenyummaa dhuunfaa kee milkeessuurratti si gargaaran adda baasuu dabalata. Kuni karoora keeti waan ta'e fi qulqullummaadhan sii fi garee keetiin qophaa'uu qaba.

Fedhii fi gufaatawwan kee irratti hundaa'uun, karooricha miseensota garee hedduu kanneen akkaataa ogummaa isaanitiin hojjatan hedduu hammachuu danda'a. Kunis bakka fayyaa qaamaa, afaanii, amalaa, hawaasaa, guddinaa, barnootaa, amantii, aadaa, fi mallaqaatis of keessatti qabachuu mala. Karoorri ICC sifii garee keetiin guyyoota 90n ykn sanaa asittis, akkaataa barbaachisummaatiin haaromfamuu qaba.

## YEROO JIJJIIRAMOOTA EEGGUMSAA SI GARGAARUDHAAF AS JIRRA:

Trillium karoora fayyaa haaratti makamuun ulfaataa ta'uu ni hubata. Karoora Fayyaa Hawaasaa Trillium tti CCO ykn OHP kaardii banaa biraa irraa dhufaa jirta yoo ta'e, jijjiirama keessatti bu'aawwan kee haaraa irratti si gargaarudhaaf si waliin jirra. Yeroo sagantaawwan jijjiirattutti, haguuggiin dhiyeessitoota keetii akkaataa armaan gadii kana ta'a.

Miseensota Faayidaa Lamaanifuu Guutumatti Ulaagaa Guutaniif (FBDE) eeggumsi kan haguugamu:

- Dhiyeessaa Fayyaa Jalqabaa hanga guyyoota sagaltamaa (90)
- Dhiyeessaa Fayyaa Afaanii hanga guyyoota sagaltamaa (90)
- Dhiyeessaa Fayyaa Amalaa hanga guyyoota sagaltamaa (90)

Eeggumsi miseensota biroo hundaa kan haguugamu:

- Dhiyeessaa Fayyaa Jalqabaa hanga guyyoota soddomaa (30)
- Dhiyeessaa Fayyaa Afaanii hanga guyyoota soddomaa (30)
- Dhiyeessaa Fayyaa Amalaa hanga guyyoota jahaatamaa (60)

*Yaadannoo: Yeroon karoora dawaa adeemaa jiruu ykn dawaa fudhatamaa jiruu milkeessudhaaf tarii jijjiiramuu mala.*

## MISEENSOTA HAARAA TAJAAJILOOTA HATATTAMAAN BARBAADAN

Ati miseensa Trillium haaraa ykn Medicare dhaaf haaraa yoo taate Trillium tti makamte, eeggumsa fayyaa, dhiyeessa ajajaa (dawaa), ykn waan barbaachisu ykn tajaajiloota barbaaduu dandeessa. Ji'a hirmaannaa kee jalqabaa keessatti dawaawwan kanneen yoo barbaadde fi PCP, Ogeessa Ilkaanii Jalqabaa (PDP) ykn dhiyeessaa biraa wajjiin wal hin qunnamuu tdandeenye taanan, nuti si gargaarra. Tajaajiloota Miseensaa kaffaltii irraa bilisaatti bilbili: 1-877-600-5472 (TTY 711).

Tajaajila barbaachisaa ta'e kamiiyuuu kan tajaajila fayyaa wajjiin wal qabatu si barbaachsuun si gargaarra. Trillium ykn Medicare dhaaf haaraadha yoo taate, si gargaarra fi odeeffannoo siif kennina.

Jijjiirama sirnaawaa qabaachuun kee nuuf gaaridha. Miseensotni hunduu jijjiirama eeggumsa fayyaa sirrii haala qophaa'ummaa hordoffii yeroo makamanii ykn bahanii sirriitis dabalatee kan bakka yaalaa yeroo ykn yeroo dheeraatis argachuu ni danda'u.

Miseensota dhukkuba walitti fufaa ykn cimaa qabaniif, ykn kanneen Tajaajilootaa fi Gargaarsa Eeggumsa Yeroo Dheeraa barbaadaniif, Trillium dhiyeessitoota kee, dhiyeessitoota Medicaretis dabalatee akka bakka jijjjiiramaa kuni maamillan rakkwwan:

- Fedhii Eeggumsa Fayyaa Addaa
- Tajaajiloota fi Gargaarsa Yeroo Dheeraa Fudhachuu
- Kanneen Hospitaalla ykn Bakka Eeggumsa Kunuunnsa Addaa irraa jijjiiramaa jiraniif,
- Kanneen bakkeewwan dhaabbilee bakka Eeggumsa Fayyaa Amalaa dhukkubsataa irraa jijjiiramaa jiraniif.
- Kanneen haalota Fayyaa Amalaatiif Tajaajiloota Manaa fi Hawaasa keessattii kanneen fudhachaa jiran, fi
- Miseensota FBDE kanneen MA Dhiyeessaa ykn Sagantaawwan Tajaajila Addaa Lamaanuu DSN keessatti hirmaatan.

Kuni immoo haala fooyyya'aadhaf hordoffii dachaa fi gochaalee eeggumsaa saganteessuu hir'isuuf gargaara.

## TAJAAJILOOTA KANNEEN ARGACHUU NI MIRKANEESSINA:

- Daa'imman rakkoo fayyaa qaban
- Namoota sagantaa dawaa kaansarii harmaa fi gadaamessaa keessa jiran
- Namoota gargaarsa CareAssist sababa HIV/AIDS tiif fayyadamaa jiran
- Namoota tajaajila fayyaa kanneen irra jiran:
  - Dhukkuba kalee sadarkaa dhumaa (kufaatii kalee)
  - Eegumsa maatii (ulfa boodaa fi duratti)
  - Tajaajila bakka buusuu
  - Tajaajiloota raadiyeeshinii ykn keemooteeraappii (yaala kaansarii)
- Namoota yoo dawaa isaanii itti hin fufnee rakkoo fayyaa cimaa qabaachuu malan.

Yeroo jijjiirraa kana keessatti, saaphana kee keessaa ala ta'u yoo ta'es dhiyeessaa kee duraa ilaauu itti fufa.

Meeshaan ati amma fudhachaa jirtu, kan akka ajaja dawaa ykn dhiyeessii dawaa, yeroo jijjiiramaa kana keessatti siif kennamuu fi/ykn hanga PCP, Ogeessa Ilkaanii, fi/ykn Dhiyeessaa Fayyaa Amalaa haaraa argattee ajaja haaraa ykn karoora dawaa kee haaressuu dandeessutti itti fufu. Kaardii inshuraansii kee haaraa dhiyeessaa keetti agarsiisuu ykn inshuraansii haaraa akka qabdu itti himuu hin dagatin.

Dawaa kee guuttachuu ykn tajaajila duraa argachuuudhaf yaalata taanan fi haguuggaa hin qabdu yoo jedhamte, akka si gargaaruu dandeenyuuf, maaloo kallattiidhaan nu beeksisi!

Maamiloota muraasaaf, Trillium dawaa barbaachisaa eeggumsa fayyaa, afaanii, fi/ykn amalaa fudhachuu akka itti fuftu si gargaarudhaaf odeeffannoo kee CCO durii irraa ni fudhata.

Miseensotni muraasni Medicare fi Medicaid (OHP) lamaanifuu ulaagaa guutu Medicare keessatti haaraa hirmaatta yoo ta'e, eenyummaa fi sadarkaa sagantaa fayyaa Medicare kee irrattu hundaa'uun, sagantaa haara jalatti eeggumsa kee qindeessuu keessatti si gargaaruu ni dandeenya. Trillium akka inshuraansii lammaffaatti qabachuu yoo itti fufte, fedhiiwwan kee Medicaredhaan hin haguuggamne irratti si gargaarudhaaf yeroo hundaa ni jirra.

Eeggumsa kee walitti fufaa dhiyeessaakeetin taa'e argachuu kee mirkaneessun fi sagantaawwan dawaa hordofuun harkifannaa tokko malee hojirra ooluu irratti gargaarsi jira. Kanaan wal qabatee gargaarsi si barbaachisa taanan, Maaloo Qindeessaa Eeggumsaa Trillium ykn Hogganaa Dhimmaa karaa 1-877-600-5472 tiin qunnami. Poolisii keenyas asitti dubbisuu ni dandeessa: https://www.trilliumohp.com/content/dam/centene/trillium/medicaid/pdfs/CCO_Transitions_of_Care_Policy_10.29.2019_FINAL.pdf

## TAJAAJILOOTNI FAYYAAN WAL-QABATAN MAALIDHA?

Tajaajilootni fayyaan wal qabatan tajaajiloota eeggumsa fayyaa kennamaniif akka gargaartuutti kennamu. Tajaajilootni fayyaa wajjiin wal qabatan lamatu jira:

- Tajaajiila mijataa, tajaajila gatii madaalwaadhaan miseensa dhuunfaatiif faayidaa haguugame gargaarudhaaf kennamuudha, fi
- Dhabbilee gargaarsa hawaasaa, yaala sadarkaa hawaasaatti fayyaa hawaasaa ykn qulqullina eeggumsa fayyaa fooyyessuu irratti xiyyeeffatee kennamuudha. Dhaabbileen kunniin miseensota hammatu, garuu misneensota qofa irratti hin daangeffaman.

Tajaajilootni Mijatoon meeshalee ykn tajaajiloota haala kaffaltii fayyaa isa baramaadhan kennamaniin hin argamneedha. Meeshaalen ykn tajaajilootni kunniin haala fayyaa kee fooyyessuu irratti si gargaaru, yoo isaan uumamaan fayyaa ta'uu baatanis. Fakkkeenyotni kanneen of keessatti qabata, garuu kana qofatti hin daangeffamu:

- nama tokko mana dhuunfaa isaa hin qabu yoo ta'e turtii hospitaalaa booda akka fooyya'uuf ykn wayyaa'uf waqubsuma yeroo kennuu
- dawaa yeroon fudhachuu gargaarudhaaf sanduuqa dawaa elektiroonikaa
- sochii maashaa fooyya'aadhaf tajaajila teeraappii argachuu
- yeroo hoo'aa cimaatti miseensota hargansuudhan wal qabatee rakkinsa qabaniif too'attuu haala qilleensaa

Tajaajila Mijataa Argachuu, haakima kee ykn miseensa garee eeggumsaa keetii kamiiyyuu qunnamuu ni dandeessa. Akkasumas 1-877-600-5472 dhaan Trillium irratti bilbiltee Hogganaa Dhimmaa gaafachuu ni dandeessa. Miseensi garee eeggumsaa kee ykn Hogganaan Eeggumsaa Trillium uunkaa ni guutu. Meeshaalen ykn tajaajilootni fayyaa kee karaa sirrii ta'een si gargaaruu isaanii mirkaneeffachuu qabda. Akkasumas meeshaan ykn tajaajilli qaama gargaarsaa kan bu'aa biraa ati argattuu ta'uu hin qaban. Gaafata sana ilaaludhaaf hanga guyyoota 10 ni fudhata. Takka gaafannaan erga ilaalamee booda, tajaajilicha ykn meeshicha siif ajajna. Haalota muraasa keessatti, meeshicha dhiyeessudhaaf guyyaa dabalataa fudhachuu mala. Tajaajilli fayyaan wal qabatu yoo didame, Trillium si beeksisa. Mufii dhiyeeffachuudhaaf mirga qabda.

## Bakka Bu'aan Qunnamtii Miseensaa (MCRwwan) maali?

MCRwwan Hojjattoota Fayyaa Hawaasaa, kanneen Isteeta Oregon keessatti ragaan kennameefi fi Trilliumdhaan mindeeffamaniidha. MCRwwan miseensotni tajaajiloota barbaadaniin akka argataniif hojjatu. MCRwwan faayidaawwan kee akka argattuuf fi beellama fayyaa akka qabattuuf si gargaaru. Akkasumas faayidaawwan hawaasa kanneen akka manaa fi nyaataatis ni qindeessu. Qabeenyota hawaasaa wajjiin wal qunnamsiisuuf hojjatu. MCRwwan garee fayyaa jalqabaa manaa fi keessoo Trillium wajjiin dhiyeenyaan hojjatu. Karaa bilbilaa, suursagalee ykn mana keetti si qunnamuu ni danda'u. Wantoota akka dawaa kee yeroon fudhachuu akkamiin yaadachuu akka dandeessuutin si gargaaru. Akkasumas iyyatawwan manaa ykn gargaarsa hoo'isaa ykn karaalee hawaasaatin wantoota barbaachisanii irrattis gargaaruu ni danda'u. MCR namoota dhibeewwan sukkaaraa fi asmii qabaniif leenjii ni kenna. MCRwwan baayyee barbaachisoo fi hawaasa isaanii kanneen beekaniidha. MCR wajjiin hojjachuu yoo barbaadde, maaloo 1-877-600-5472 irratti bilbilii Bakka Bu'aa Qunnamtii Miseensaa dubbisi.

## Qindoomini Eeggumsaa fi Hogginsi Dhimmaa maali?

Trillium galmawwan kee eeggumsa fayyaa akka milkaa'an si gargaaruf qophiidha. Akkaataa wal gargaarsa qindaa'aa ta'een, fedhii kee addaa irratti hundaa'un eeggumsa qindeessudhaaf hojjanna. Nageenyummaa fi ittisa keetiif karaa mijataa sirnaawaa uumudhaaf, si, dhiyeessitoota kee fi nama ati bakka buuste kamiiyyuu wajjiin ni hojjanna. Fedhiiwwan kee akka guutaman mirkaneessudhaaf qabeenyota hawaasaa fi garee keenya eeggumsaa wajjiin qindoofnee hojjanna. Haalli dhiyeessaa kuni immoo haala eeggumsa fayyaa namaa guutummaa nageenya namaatif tolu, fayyaa qaamaa, dawaa fayyaa amalaa fi fayyaa afaani/ilkaanii, fi daangaawwan cabsuudhaaf gargaara.

Yoo Qindeessaa Eeggumsaa, Hoggansa Dhimmaa, Sagantaa Tajaajila Qindeessaa Gargaarsa Addaa Hatattamaa keessa jiraatte, hogganaa eeggumsa kee ilaalu ni argatta. Hogganaan eeggumsaa kee karoora eeggumsaa kee dagaagsuu irratti si waliin hojjata. Sagantaan kuni shaakalawwan fedhii kee guutuf gargaaran hammata. Ati fi gareen eeggumsaa kee fayyaa fi nageenyummaa kee fooyyessuuf galma baasuu irrattin ni hirmaattu. Gareen eeggumsaa kuni immoo haakima, teeraappistiii, maatii yookan nama kamiiyyuu haala fayyaa keetif barbaachisaa ta'e hammata. Sagantaawwan eeggumsaa yoo xiqqaate waggaatti yeroo takka ni haaromfamu, garuu galmi kee milkaa'eera yookan fedhiin kee jijjiirameera taanan, akkaataa barbaadameen dursamees ni haaromfama. Yeroo kamittuu qindeessaa eeggumsa argachuudhaf gaafachuu ni dandeessa. Tajaajiloota Miseensaa karaa 1-877-600-5472 (TTY: 711) tiin bilbiliif. Qindeessaa eeggumsaatti dubbachuu akka barbaaddu gaafadhu. Fi tarii yoo dhiyeessan yookan qabeenyaaleen hawaasaa nu gargaarudhaaf gaafatn si qunnamna.

## Barnoota fayyaa safeeffannaa aadaa qaban

Nuti kabaja fi garaagarummaa miseensotaa fi hawaasa keenyaa bakka isaan jiranitti ni kabajna. Nuti fedhiiwwan namoota aadaawwan, afaanota, sanyiiwwan, duubee gosa isaanii, dandeettiiwwan, amantiiwwan, koorniyaalee, haala saalaa, eenyummaa koorniyaa, fi fedhii addaa maamila keenyaa biroo hundaa gargaaruu ni feena. Sagantaa keenya keessatti namni kamiiyyuu akka simatamu fi tajaajila sirnaa argatu ni barbaadna.

Sagantaawwan jireenya fayya qabeessaa fi gochaalee ati fayyadamtu hedduu qabna. Sagantaan barnoota fayyaa keenyaa eeggannoo dhuunfaa, ittisa, fi eeggumsa dhukkuba dhuunfaa hammata. Odeeffannoo waa'ee tajaajiloota kanneenitif, maaloo Tajaajiloota Miseensaa tiif 1-877-600-5472, TTY 711 dhaan bilbilaaf.

## Mana Maree Gorsa Hawaasaa

Trillium Manneen Maree Gargaaarsa Hawaasaa (CACs) lama qaba. Inni tokko CAC Kibbatti kaawuntii Lane bakka bu'uudha. CAC tokko immoo Kaabatti kaawuntiiwwan Clackamas, Multnomah, fi Washington bakka bu'a. Walakkaan miseensota CAC tii ol, miseensota OHP Trillium tti ykn maatii/akaakayyoota miseensota OHP Trillium tti. Miseensotni biroo immmoo kanneen dhiibbilee biroo kan miseensota Trillium wajjiin hojjatan irraa dhufaniidha. CAC akka Trillium sagantaawwanii fi tajaajiloota isaa fooyyeffatuuf muxannoowwanii fi duubdeebiiwwan ni kennu. Akkasumas dhaabbilee hawaasaa keessatti Trillium ni gorsu. CAC'n Tajaajilli Hawaasaa Hordoffii Barbaada fi Karoora Fooyya'iinsa Fayyaa Hawaasaa keessatti maamillan ijoodha.CACtti makamuu yoo barbaadde, caalmaatti nu baradhu, yaada qoodi, maaloo nuuf bilbili ykn https://www.trilliumohp.com/about-us/public-notices/community-advisory-council-public-notices.html ilaali.

## Xalayaa haguuggii OHP

Abbaan Taayitaa Oregon xalayaa OHP Tajaajiloota Miseensaa, lakkoofsa bilbilaa, kuusaa faayidaa keetii, fii sagantaa eeggumsa too'atamaan xalayaa haguuggiitin tarreessun siif erga. Xalayaan kuni nama maatii kee keessaa kanneen Eenyummeessa Fayyaa Oregon kamiifiyyuu odeeffannoo tarreessa.

## Kaardiiwwan (ID) eenyummeessaa Kaardii Eenyumeessaa Fayyaa Oregon

DHS Eenyummeessa Fayyaa Oregon kan maqaa, lakkoofsa maamilaa, fi guyyaa itti kenname qabu siif erga. Namni kamiiyyuu kan OHP qabu kamiiyyuu kaardii Fayyaa Oregon ni qabaatu. Maaloo beellama kee kamiifiyyuu kaardii kana qabadhuu argami.

## Kaardii eenyummeessaa Trillium

Akkasumas Trillium kaardii ati miseensa Trillium OHPti jedhu siif erga. Maqaa kee, Maqaa PCP kee, Dhaabbata Eeggumsa Ilkaanii kee, tajaajiloota Maamilaatif lakkoofsota bilbilaa, mirkaneessa duraa, rakkoowwan ariifachiisoo, geejjiba (konkolaataa) fi gaaffiiwwan mana qorichaa qabaata. Maaloo beellama kamiifiyyuu Eenyummeessa Fayyaa Oregon kana qabadhuu argami.

## Yoo Medicare fi OHP qabaadhe ho?

Ati OHP yoo qabaatte fi Medicaredhaaf ulaagaa guutta taanan, Trillium tajaajiloota kee ni qindeessa. Inshuraansiiwwan waloo fi hir'isawwan kaffaluun sirra hin jiraatu, yoo:

- Dhieessitoota Trillium tiin alaa irraa tajaajiloota kan argattu yoo ta'e fi tajaajilootni sunneen yoo ariifachiisoo hin ta'in.
- Tajaajiloota yeroo fudhattutti tajaajiloota faayidaawwan Medicare fi OHP jalatti haguugamaniin ala tajaajiloota fudhatteerta yoo ta'e.

Sagantaan fayyaa Medicare maali fi maal akka haguugu irratti hundaa'udhaan, kaampaniiwwan inshuraansii kee adda addaatti haala mijeessudhaaf ykn si garaaruudhaaf dhiyaachuu ni dandeenya. Yoo Medicare qabaatte, haguuggidhaaf karaa jalqabaati. Trillium tajaajilootni eeggumsaa ati barbaaddu hunda siif kennamuu isaa mirkaneessudhaaf si, dhiyeessaa fi kaampanii inshuraansii kee Medicare wajjiin ni hojjata.

Ati yoo Miseensa Fedhii Addaa lamaanuu kan Trillium Medicare fi Trillium Medicaid wajjiin qabaattu ta'e, ati yeroo hundaa nama dhimma kee hordofu kan fedhiin kee guuttamuu mirkaneessu ni qabaatta.Harkifannaa tokko malee eeggumsa gaarii si barbaachisu fi sagantaa dawaa dhiyeessaa keetin taa'e argachuu akka dandeessuuf gargaarsi ni jira. Kanaan wal qabatee gargaarsi si barbaachisa taanan, Maaloo Qindeessaa Eeggumsaa Trillium ykn Hogganaa Dhimmaa karaa 1-877-600-5472 tiin qunnami.

## Nama afaan naaf hiiku akkamiin argadha?

Ni barbaaddu taanan, nama sagaleedhaan yookan mallattoodhaan afaan isiniif hiiku ni argattu. Beellamaaf yeroo bilbiltan, nama afaan isiniif hiiku akka arbaaddanii fi afaan maalii akka ta'e dhiyeessaa keessanitti himaa. Tajaajilli kuni kaffaltii sin kaffalchiisu Daawwannaa eeggumsa fayyaatiif nama afaan ykn afaan mallattoo siif hiiku argachuu yoo barbaadde:

1. Trilliumitti bilbiluu.
2. Waajjira haakimaatti bilbiltee daawwannaa keetif akka namni afaan siif hiiku qophaa'u gaafachuu. Odeeffannoon Namoota Afaan Fayyaa Hiikanii: www.Oregon.gov/oha/oei. irra jira.

# MIRGOOTNI FI ITTIGAAFATAMUMMAAWWAN MISEENSUMMAA KIYYA MAAL FAADHA?

Ibsi kun akka miseensa Trillium Community Health Plan tti mirgootaa fi itti gaafatamummaawwan ati qabdu ibsa. Akka miseensa Trillium Community Health Plan tti mirgoota ni qabda. Wanti ati itti gaafatamtus ni jira. Waa'ee mirgootaa fi ittigaafatamummaawwan asitti ibsamanii gaaffii yoo qabaatte, Tajaajiloota Miseensaa tiif 1-877-600-5472 irratti qunnami. Hogganaa Eeggumsaatti dubbachuuf gaafadhu.

Gocha loogii fi alabaasummaa kamiin alatti mirgaa mirgoota maamilummaa kee hojirra oolchuu ni qabda. Mirgootni kee ammallee yoo siif hin kabajamne ta'e, komii kee iyyachuuu ni dandeessa. Akkasumas Abbaagaar karaa Abbaa Taayitaa Fayyaa Oregon 1-877-642-0450 ykn TTY 711 qunnamuu ni dandeessa.

Akkasumas Qindeessaa Al-alabaasummaa Trillium qunnamuu ni dandeessa:
Geno Allen, Qindeessaa Al-alabaasumaa,
gilbert.e.allen@trilliumchp.com.
555 International Way, Building B,
Springfield, OR 97477
Bilbila: 541-650-3618, Kaffaltirraa bilisa
877-600-5472 ykn TTY 711.

Yeroowwan itti namootni umriin isaanii 18 gadii (ijoolleen) tajaajiloota eeggumsa fayyaa ofii isaanitii itti barbaadan jiraachuu mala. Caalmaatti baruudhaaf, "Mirgoota Daa'immanii Argannaa fi Hayyama kan Eeggumsa Fayyaa" dubbisi. Jildiin kuni gosoota tajaajilawwanii daa'imman ofii isaanii argatan siif hima. Akkasumas odeeffannoon eeggumsa fayyaa daa'immanii akkamiin akka qoodamu siif hima. Akkasumas jildiin kana sarara irraan asitti dubbisuu ni dandeessa https://www.oregon.gov/oha/PH/HEALTHYPEOPLEFAMILIES/YOUTH/Documents/minor-rights.pdf

## Mirgoota Miseensaa

**AKKA MISEENSA TRILLIUM TTI MIRGI ATI QABDU:**

- Yaala bilisummaa, kabajaa, fi iccitaa'ummaa kee yaada keessa galchu argachu.
- Qajeelcha dhiyeessitootaa irra ilaaluun dhiyeessaan yoo miseensota haaraa kan fudhatu ta'e adda baafachuu ni dandeessa.
- Haala wal fakkaataa namoota biraa eeggumsa fayyaa barbaadaniitiin dhiyeessadhan yaala argachuu.
- Dhiyeessaawwan kee filachuu fi filannoowan sanneen jijjiirachuu.
- PCP kee yookan dhiyeessaa biraa irraa ergaa utuu hin argatin ofii keetii kallattiidhaan tajaajiloota fayyaa amalaatiif ykn sagantaa maatii argachuu.
- Hiriyaa, miseensa maatii, nama si garaaru akka beellamawwan kee irratti argammu taasisuu.
- Karoora dawaa keetii baasuu keessatti qooda fudhachuu.
- Waa'ee haala keetii, maaltu akka haguugamu, maaltu akka hin haguugamne, irratti akka murtii gaarii kennuu dandeessuuf odeeffannoo argachuu. Odeeffannoo afaan keetii fi bifa ati babaaddeen argachuu.

- Murtii kee irratti hundaa'uun tajaajiloota fudhachuu yookan diduu ykn maaltu mudachuu akka danda'u sitti himamuu. Ajajni mana murtiitin ajajaman didamuu hin danda'an.
- Waraqaalee mirgoota, itti gaafatamummaawwan, faayidaawwam, akkamiin tajaajila akka argattuu, fi yeroo hatattamaatti maal gochuu akka qabdu ibsan argachu.
- Waraqaalee akkaataa ati isaan hubachuu dandeessuun afaan keetiin argachuu.
- Waa'ee CCO wwanii fi mala eeggumsa fayyaa caalmaatti barachuu.
- Tajaajiloota aadaa fi afaan kee ilaalchakeessa galchan kan naannoo ati jiraattutti argaman argachu. Yoo argame, tajaajilawwan bakkeewwan aadaan addaatti argachuu ni dandeessa.
- Eeggumsa qindaa'aa, eeggumsa hawaasa keessattii, akkasumas haala afaan ati dubbattuu fi aadaa kee wajjiin wal simuuf hospitaala fi bakka eegumsaatti deddeebii hambisuuf jijjiirama eeggumsaarratti gargaarsa argachu.
- Tajaajila rakkoo haala fayyaa keetii qorachuuf ta'u argachuu.
- Eeggumsa namooma irratti hundaa'e fi tajaajila filannoo, of danda'ummaa fi bilisummaa siif kennu argachuu. Eeggumsi kuni fedhii fayyaa keetii fi gochaalee akka waliigalaatti fudhatama qaban irratti hundaa'a.
- Garee eeggumsa wajjiin hariiroo tasgabbaa'aa kan hoggansa eeggumsaa kee irratti gaafatamummaa qaban wajjiin qabaachuu.
- Haala fayyaa fi tajaajila barbaadde argachuu irratti gargaarsa argachuu. Kuni immoo kan hammachuu danda'u:
    1. Hiiktota afaanii ragaa qaban ykn ulaagaa guutan
    2. Hojjataa fayyaa addaa raga qabeessa
    3. Hojjataa fayyaa hawaasaa
    4. Ogeessa addaa nageenyummaa hiriyaa
    5. Ogeessa addaa gorsaa hiriyaa
    6. Walee
    7. Abuuraa fayyaa dhuunfaa
- Tajaajiloota ittisaa haguuggaman argadhu.
- Dursa hayyamsiisuun alatti tajaajiloota ariifachiisaa fi hatattamaa guyyatti sa'aatiiwwan 24, torbanitti guyyaa saddeet argadhu.
- Haala fayyaa keetii irratti hundaa'udhaan tajaajiloota addaa qindaa'an kan haguugamaniif ergaa argadhu.
- Galmee kilinikaalaa akka haalota kee, tajaajiloota ati argatte, fi ergaawwan argachuudhaaf si gargaaru argachuu.
- Galmeewwan kilinikaalaa keet argachuu danda'uu. Yeroon seerri itti argannaa kee ittisu jiraachuu mala.
- Galmee kilinikaalaa kee dhiyeessaa biraatti dabarfachuu.
- Caalmaatti sirrii ta'uudhaaf galmee kilinikaalaa kee sirraa'ee ykn jijjiiramee akka barraa'u taasisuu.
- Ibsa fedhii dawaa ati barbaadduu taasisuu. Kuni immoo fedhiiwwan kee kan dawaa fayyaa, baqabsanii yaaluu, ykn fayyaa amalaa fudhachuu ykn diduu qabaachuu danda'a Akkasumas eeggumsa keetiif ajajawwan ykn abukaatummaa ni kenna.
- Beeksisa barreeffamaa bu'aawwan kee ittifamuu ykn jijjiiramuu dura argachuu. Seerota fedraalaa fi isteetaatin hin barbaadamu taanan yaadachiisa hin argattu.
- Mufii ykn ol iyyannaa galfachu.
- Murtii Trillium Community Health Plan ykn OHP dhaan kennameen walii hin galtu taanan iyyannoo gaafachuu.
- Tajaajila nama afaan hiikuu kan ragaa qabu yookan ulaagaa guutu, hiikkaa afaan mallattoo dabalatee argachuu
- Yeroodhaan beellamni yoo addaan cite beeksisa argachuu.
- Waan ati gochuu hin barbaanne gochuudhaaf ykn si adabuudhaaf ykn kunuunsa siif kennuun akka mijatu taasisuudhaaf namootarraa adda qabamuu ykn gadi qabamuu.
- Wal qixxummaan ilaalamuu fi haala addaa ta'een sababoota kanneenin keessummeeffamte yoo ta'e, komii dhiyeeffachhuu.
    1. Umrii
    2. Halluu
    3. Miidhamummaa

4. Eenyummaa koorniya
5. Haala fuudhaf heeruma
6. Sanyumma
7. Amantii
8. Saala
9. Fedhii saalaa

- Elektiroonikiidhaan Trillium Community Health Plan odeeffannoo qooduu. Kana gochuu ykn gochuu dhiisudhaaf filachuu ni dandeessa.

## Ittigaafatamummaa Miseensa

**AKKA MISEENSA TRILLIUM TTI ATI MIRGA KAN QABDU:**

- Dhiyeessaa eeggumsa fayyaa jalqabaa fi ogeessa ilkaanii dhiyeessaa jalqabaa filachuu ykn akka filattuuf si gargaaru.
- Hojjattoota Trillium Community Health Plan, dhiyyeesitoota, hojjattoota kilinikaa kabajaadhan keessummeessuu.
- Beellamaaf yeroon argami.
- Yeoo tarii kan barfattu ykn waan dhufuu hin dandeenyee beellama addaan kutuu barbaadde dusrii bilbili.
- Fayyaa kee eeggachuudhaaf hordoffiiwwan, ilaalchaawwan nageenyummaa, fi eeggumsa ittisaa dursii taasisi.
- Yoo waan ariifachiisaa ta'e malee fedhiiwwan eeggumsa fayyaa keetiif PCP kee fayyadami.
- Eeggumsa hatattamaa fi ariifachiisaa sirnaan fayyadami.
- Tajaajila hatattamaa barbaadda taanan sa'aatiiwwan 72 keessatti PCP kee beeksisi.
- Yoo ogeessa addaa ilaaluun si barbaachise ergaa PCP kee irraa fudhadhu. Haalli itti ergaan sin barbaachisne jiraachuu ni mala.
- Eeggumsa gaarii akka siif kennaniif dhiyeessaa keetti dhugaa himi.
- Dhiyeessan fayyaa keetii akka galmee fayyaa kee taasisu gargaari. Galmeewwan kee akka gadi lakkifamaniif hayyama mallatteessuun sirraa eegamuu mala.
- Wanti ifa siif hin taane yoo jiraate gaaffii kee gaafadhu.
- Filannoo waa'ee fayyaa keetii sirrii taasisuu kee mirkaneeffachuudhaaf Trillium Community Health Plan, dhiyeessaa keetii, fi garee eeggumsaa fayyadami.
- Dhiyeessaan kee akka karoora dawaa keetii kalaqu taasifadhu.
- Kallattii dhiyeessaan kee siif kaa'e hordofi ykn filannoo biraa gaafadhu.
- OHP akka qabdu dhiyeessaan kee akka beeku taasisi fi kaardiiwwan eenyummeessa fayyaa kee qabadhuu argami.
- Karoora Fayyaa Oregon (OHP) beeksisi:
    1. Lakkoofsi bilbilaa kee yoo jijjiirame.
    2. Teessoo kee yoo jijjiirte.
    3. Yoo ulfa taate fi yeroo deessutti.
    4. Miseensi maatii kamiiyyuu yoo manaa bahe ykn manatti deebi'e.
    5. Inshuraansii biraa kamiiyyuu yoo qabaatte.
- Tajaajiloota hin haguugamneef yoo kaffalte.
- Sababa miidhaatiin mallaqa ati argatte Trillium Community Health Plan akka deebisee argatuuf gargaari. Hammichi hanga nuti bu'aawwan miidhamaan wal qabatee kaffalu qofadha.
- Rakkoowwan, komiiwwan, ykn mufiiwwan Trillium Community Health Plan akka beeku taasisi.

Gara beellama keetii dhaquuf geejjiba ariifachiisaa hin taane yoo fayyadamte, mirgaafi dirqama imaltuu armaan gadiitis ni qabda.

## Mirgoota Imaltuu

**AKKA MISEENSA OHPTTI ATI MIRGI QABDU:**

Geejjiba nagaa qabeessaa, yeroo isaa eeggate, fi sirrii ta'e guyyatti sa'aatiiwwan 24, waggaatti guyyoota 365 argachuu;

- Fedhiiwwan, iddoo bakka beellama keetii, fi gatii siif sirrii ta'e irratti hundaa'uun geejjiba sirrataa argachuu;
- Tajaajiloota NEMT dhaan kennamaniif Trillium'n kaffaltii gaafatamuu dhabuu;

- Tajaajiloota NEMT dhaan kennamaniif dhiyeessitoota waliigaltee qabaniin kaffaltii gaafatamuu dhabuu;
- Poolisiiwwanii fi adeemsawwan NEMT kan Trillium argachuu;
- Beeksisa barreeffamaa kan didamuu geejjiba keetii murtii booda sa'aatii 72 keessatti argachuu. Didamuun dura sirrii ta'uu isaa mirkaneessudhaaf gaafannaa kee hojjattoota lamaan gulaalamuu.
- Garagalchi didamuu gara dhiyeessaa ati ilaaluuf sagantaa qabduutti ergamuu. Kuni kan ta'u yoo dhiyeessaan qaama neetworkichaa ta'ee fi geejjiba bakka kee kan gaafatan ta'eedha.
- Yeroo geejjibni kee saganteeffametti beeksisa argachuu;
- Yoo siin, ykn akkaataa ta'uumsaatti, eegduu, maatiin, ykn bakka bu'aan gaafatame malee gamoon banamuu dura daqiiqaawwan 15 beellama dursee bakkatti buufamuu dhabuu; fi
- Erga gamoon beellamaa keetii cufatee booda daqiiqaawwan 15 booda ykn erga ati garas geeffamuudhaaf gaafattee sa'aatii tokko booda fudhatamuu dhabuu yoo ati kan gaafatte ta'e malee ykn yoo beellamne kee erga inni cufamee booda dhuma ta'e ykn miseensi, akkaataa ta'uumsa isaatin, eegduun miseensaa, maatiin, ykn bakka bu'aan akkasitti gaafateera ta'e malee.
- Konkolaataadhan deemuu:
  - Madaa qulqulluu dandeettii konkolaachisummaa keetii irratti dhiibbaa fidu irraa bilisa yoo ta'e;
  - Konkolaataan seeraan qabattoowwan nageenyaa barbaachisa yoo ta'e, qabattoowwan sirrii qabaachuu;
  - Kiitii eeggumsa duraa, dhaamsituu ibiddaa, calaqqee daandii cinaa ykn meeshaa mallattoo of eeggannoo, ibsaa, meeshaa too'attuu haala qilleensaa hamaa, fi harkoo gatamuu danda'u qabaachuu;
  - Teessoo fi afata bakka barbaachisaa ta'etti sirnaan qindaa'e qabaachuu;
  - Sirnaan kan hojjatu, daawwitiiwwan cinaa, mateen, mallattoo garagoruu agarsiisu, ifaa matee, isaa, fi qulqulleessituu sirrii kan qabu.
- Ogeessa konkolaachisaa ulaagaa Isteetni konkolaachisaa NEMT ta'uuf barbaadu hunda kan guuteen geejjibamuu.
  - Galmee sirrii fi hayyama konkolaachisummaa hojjatu qabaachuu
  - Seenaa duubduubbee mirkaneeffachuu seenaa yakkaa, seenaa konkolaachisummaa, haala miidhaa saalaa, fi qorannoo dawaa dabalatee.
  - Namoota miidhama qaban ykn fedhi addaa qaban gargaaruuf leenjii fi konkolaachisummaa kan qabu ta'uu.
- Akkaataa seera isteetaa fi federaalaatiin jijjiirraawwan sababa qaban gaafachuu. Kuni kan hammatu yoo:
  - Konkolaachisaan si ykn kanneen biroo konkolaataa keessa jiran miidhuuf kan sodaachisu ta'e,
  - Haala si yookan kanneen biraa kan konkolaataa keessa jiran miidhuu danda'uun kan konkolaachisu ta'e ykn keessatti hirmaate.
  - Konkolaachisaan si ykn kanneen biroo konkolaataa keessa jiran miidhuuf kallattiidhan kan sodaachisu ta'e,
- Heerotaa fi seerota Ameerikaanota Miidhama Qabanii guutudhaaf jijjiirraawwan geejjibakeetii gaafachuu;
- Didamuu geejjibaa gaafannaa Trilliumtiif taasifteef komii ykn ol iyyannaa taasisuu fi deebisaa argachuu;
- Poolisii mirgootaa fi itti gaafatamummaawwan imaltuu Trilliumtiif eeruu kennuu;
- Mufii dhiyeeffachuu fi ol iyyannaa ykn deebiidhan ilaalamuu gaafachuu.
- Tajaajiloota haguuggamaniif kaffaltii deebisaa gaafachuu.

## Ittigaafatamummaa Imlatuu

**AKKA IMALTUUTTI ATI KAN WALIIGALTU:**

- Yeroo geejjiba gaafatamtutti qorannoo geejjiba keetii barbaadamu taasisuu danda'uu;
- Haalli fayyaa keetii waan geejjibni kee saganteeffameef irratti miidhaa qaba taanan MTM beeksisuu;

- Geejjiba hanga barbaadde dursitee saganteeffachuu. Ati ykn bakka bu'aan kee santeessuu danda'a.
  - Beellamawwan yeroo tokkoo - hanga guyyoota 90 dursitee;
  - Beellamawwan deddeebii - geejjibawwan barbaadaman hunda yeroo tokkotti teechisi, hanga guyyoota 90 dursitee;
  - Beellama guyyaa wal fakkaataa - hanga dandeesseen dursii nuuf bilbili
- Konkolaataa keessatti yeroo kamittuu tamboo, si'eessituuwwan, ykn aaraa fayyadamuu dhabuu.
- Yeroo konkolaataa keessaa buutu waan fiddee dhufte hunda fudhuu ba'i.
- Sadarkeessa nageenya imaltuu eegudhaaf seerota geejjibaa naanoo, isteetaa, fi federaalaa hordofuu;
- Umriin kee 12 ykn sanaa gadi taanan ykn geejjiba irratti gargaarsa si barbaachisa taanan, nama wajjiin deemuu.
  - Namni si wajjiin deemu maatii, eegduu, maatii lammaffaa, akaakayyoota, ykn bakka bu'aa kee ta'uu danda'a. Yoo namoota kana keessaa tokko hin taane, maatiin ykn eegduun kee hayyama barreeffamaa nama waggaa 18 ykn sanaa olii kamiifiyyuu dhiyeessuu qaba. Namni si wajjiin deemu waggaa 18 gadi ta'uu hin danda'u;
- Seera nageenyummaa geejjibaa Oregoniitin akka gaafatametti teessoo nageenyummaa fiduu fi sirreessuu;
- Wantoota fayyaa biraa kan imala keetiin wal qabatan kan akka oksijiinii, teessoo miidhamummaa, ykn keenii fiduu.
- Jijjiirama barbaachisaa geejjiba ykn imala keetiii irratti Trillium fi MTM wajjiin hojjachuu yoo:
  - Konkolaachisaa yookan kanneen konkolaataa keessa jiran biroo irratti sodaa miidhaa fidda ta'e,
  - Konkolaachisaa yookan kanneen konkolaataa keessa jiran biroo irratti sodaa miidhaa kallatti fidda ta'e,
  - Amala yookan haala konkolaachisaa ykn namoota biraa konkolaataa keessa jiran miidhaa ykn rakkoo keessa galchu irratti hirmaachuu,
  - Amala akkaataa hiikkaa Trillium tti haakimootni naannoo ykn bakkeewwan fooyya'ina malee tajaajiloota siif kennuu itti fufuudhaf isaan rakkisu qabaachuu.
  - Geejjiba saganteeffameef deddeebidhaan argamuu dadhabuu, ykn
  - Geejjiba deddeebidhaan guyyaa beellamaa irratti addaa kutuu;
- Gaaffiiwwan kaffaltii deebisaatiif odeeffannoo barbaadame hundaa dhiyeessuu;
- Akkaataa seera isteetaatiin gaafatameen kaffaltiiwwan darbaa ykn kaffaltii deebisaa siif kaffalame deebisuu;
- Rakkoowwan, komiiwwan ykn mufiiwwan Trillium akka beeku taasisaa.

# YEROO BARBAADDETTI EEGGUMSA AKKAMIIN ARGACHUU DANDA'A

## Haakima ykn dhiyeessaa akkamiin argachuu danda'a?

Qajeelchi Trillium qajeelcha kana keessatti hin hammatammne. Garagalchi yeroo ati jalqaba hirmaattetti qajeelcha kana wajjiin siif ergamee jira. Garagalcha biraa yoo barbaadde, nuuf bilbili. Yoo intarneeta qabaatte dhiyeessaa barbaadachuu ykn qajeelcha dhiyeessaa armaan gadirraa maxxanfachuu ni dandeessa: https://findaprovider.trilliumhealthplan.com/location

Dhiyeessitootni Trillium muraasni dhukkubsatoota haaraa hinfudhatani. Dhiyeessaa dhukkubasatoota haaraa fudhatu ykn dhiyeessaa afaan Ingiliffaan alaa dubbatu argachuu irratti yoo rakkoo qabaatte, Trillium'f bilbili. Eeggumsa hospitaalaa idileetif dirqama hospitaala Qindeessaa Trillium keessatti argamu filachuu qabda.

**Legacy Meridian Park Hospital**
19300 SW 65th Ave., Tualatin, OR 97062
503-692-1212 fayyadamtootni TTY 711 tti bilbilaa
https://www.legacyhealth.org/locations/hospitals/legacy-meridian-park-medical-center.aspx

**Legacy Mt Hood Medical Center**
24800 SE Stark St., Gresham, OR 97030
503-674-1122 fayyadamtootni TTY 711 tti bilbilaa
https://www.legacyhealth.org/locations/hospitals/legacy-mount-hood-medical-center.aspx

**Legacy Emanuel Medical Center**
2801 North Gantenbein Ave., Portland, OR 97227
503-413-2200 fayyadamtootni TTY 711 tti bilbilaa
https://www.legacyhealth.org/doctors-and-locations/hospitals/legacy-emanuel-medical-center

**Legacy Good Samaritan Hospital and Medical Center**
1015 NW 22nd Ave., Portland, OR 97210
(503) 413-7711 fayyadamtootni TTY 711 tti bilbilaa
https://www.legacyhealth.org/doctors-and-locations/hospitals/legacy-good-samaritan-medical-center

**Oregon Health & Science University**
3181 SW Sam Jackson Park Rd., Portland, OR 97239
503-494-8311 fayyadamtootni TTY 711 tti bilbilaa
https://www.ohsu.edu/visit/ohsu-hospital-portland

**Adventist Health Portland**
10123 SE Market St., Portland, OR 97216
503-257-2500 fayyadamtootni TTY 711 tti bilbilaa
www.adventisthealth.org/portland/

## Eeggumsi Jalqabaa maali?

Eeggumsi Jalqabaa eeggumsa fayyaa ykn dawaa waliigalaa Dhiyeessaa Eeggumsa Jalqabaa (PCP) tiin kennamuudha. Kunis kan hammatu:

- Tajaajila eeggumsa ittisa dhukkubaa kan jalqaba ittisuu ykn akka hin uumamne dhoorkuu. Fknf, mammogramiiwwan (x-rays harmaa), Pap smears, ykn madineessuuwwwan (lilmoo);
- Dhukkuboota yeroo dheeraa, fkn sukkaara ykn asmaa dhaaf eeggumsa kennuu.
- Ajaja dawaa;
- Ergaa eeggumsa addaa, fi
- Yeroo barbaadametti hospitaala seenuu

## Dhiyeessaa Eeggumsa Fayyaa Jalqabaa akkamiin filadha?

PCP kee beekuun barbaachisaadha. Miseensotni Trillium dirqama PCP qabaachuu qabu. PCP Trillium wajjiin wal qabatu filachuu ni dandeessa, yookan nuti tokko siif ilaalla. PCP filachuudhaaf, nuuf bilbilaatii PCP argachuu barbaaddan nuuf hima. Guyyoota 30 keessatti PCP ilaaluu barbaaddu nutti hin himtu taanan, nuti tokkotti si qajeelchina. Hanga kan kee filattutti PCP nuti siif kennine fayyadamuu qabda. PCP jijjirachuudhaaf takka Trilliumiif bilbilte taanan, ji'a itti aanurraa murtiin sun hojirra oola. Trillium PCP kamitti akka si qajeelche beekudhaaf maaloo bilbillaa. PCP haaraa filachuudhaf barbaadda taanan, Trillium qunnamaa.

Kilinikootni PCP Trillium Qajeelcha dhiyeessaa keenya irratti tarraa'aniiru. Dhiyeessitootni tarreeffaman muraasni tarii dhukkubsatoota haaraa fudhachuu dhabuu malu. Maaloo tarree dhiyeessitoota dhukkubsatoota haaraa fudhatanii amma jiranii fi afaanota isaan dubbatanii baruudhaaf Trillium qunnami.

PCPn kee jijjiiramuu si beeksisuudhaaf Trillium kaardii haaraa siif kenna. PCP kee filachuu irratti gargaarsa yoo barbaadde, Trillium Tajaajiloota Miseensaa 1-877-600-5472, TTY dhaan irratti bilbiluu ni dandeessa: 711 Wiixataa hanga Jimaataa, 8:00 a.m. hanga 5:00 p.m.

Indiyaanotni Ameerikaa fi Jiraattotni Alaskaa eeggumsa isaanii kilinika Tajaajiloota Fayyaa Hindootaa (IHS) ykn Waldaa Haaromsaa Jiraattoota Buleeyyii Ameerikaa kan Kaaba Dhihaa (NARA) irraa argachuu ni danda'a. CCO keessa yoo jiraatte ykn (FFS) OH itti kaffalamu qabda yoo ta'es. Kilinikichi akka dhiyeessitoota networkii biraattti kaffalchiisu. Yoo CCOn akkaataa miseensummaatiin kan dhiyaatu ta'e fi tajaajila I/T/U kan fudhatan ta'e, I/T/U maamila gara NARAtti erguu danda'a, yoo barbaadame. Gabajeen I/T/U Tajaajila Fayyaa Ameerikaa gosa sadiitiif hiikkaa kenna:

- Tajaajiloota Fayyaa Hindootaa
- Dhiyeessitoota Fayyaa Gosootaa
- Dhiyeessitoota Fayyaa Hindoota Magaalaa

## PCP wajjiin akkamiin beellama qabachuu danda'a?

PCP kee takkaa filatta taanan ykn yoo qajeelfamte, hanga danda'ameen dafii beellama qabadhu. Kuni immoo rakkoo fayyaa qabda waan ta'eef ati fi PCPn kee akka wal barattan taata. Beellamawwan idilee hatattamaa hin taanef maaloo PCP kee dursii qunnami. Qorannoowwan waggaatif torbanoota hedduu dursii bilbili. Yoo ilaalamuu barbaadde ykn nageenyummaan sitti hin dhaga'amnee PCP kee qunnami.

**PCP KEE:**

- Seenaa fayyaa kee guutuu kan beekuu fi eeggumsa fayyaa kee qajeelcha.
- Tajaajila gaarii siife kennuudhaaf galmeewwan fayyaa kee bakka tokkotti kuusa.
- Yeroo kamiiyyuu guyyaas ta'ee halkan, torbanitti guyyaa 7, eeggumsa fayyaa argachuu kee mirkaneessa.
- Eeggumsa ogeessa addaa ykn hospitaalaatif ni mijeessa.

**BEELLAMA PCP KEE WAJJIINII:**

- Tarree gaaffiiwwan qabduu ykn yaaddoo fayyaa keetii PCP kee wajjiiin mariidhaaf fidadhuu koottu.
- Tarree dawaawwan ykn vitaaminoota fudhattuu hunda fidii PCP keetti kenni.

## PCP kiyya akkamiin jijjiirachuu danda'a?

PCP kee jijjiirachuu barbaadda taanan, Trillium Tajaajiloota Miseensaa tiif bilbili. Neetworkii keenya keessa dhukkubsataa haaraa fudhatu jira taanan PCP kee jijjiirachuu ni dandeessa. Waggaatti yeroo lama PCP kee jijjiiruu ni dandeessa.

## PCP kee wajjiin hariiroo gaarii akka qabaattuuf, gorsawwan muraasni kunooti:

1. PCP kee waliin saganteessi akkasumas beellama kee qabadhu. PCP'n kee dawaa ati fudhattu kamiifiyyuu gaatafamaadha, ergaa gara ogeessa addaattis dabalatee.
2. Ati Trilliumdhaaf ahaaraa yoo taate, dafii bilbilii PCP kee wajjiin beellama qabadhu. Karaa sanaan PCP'n kee si baruu danda'a fi fedhii fayyaa kee guutuu irratti si garaara Yaadadhu - hordoffii fi qorannoowwan too'annoo fayyaa eeggumsa idileeti, fi isaan kanaaf beellama argachuun torbanoota hedduu fudhachuu mala. Eeggumsa hatattamaa barbaaddataanan, kilinikii kee qunnami.
3. Kilinikootni muraasni ati beellama kee jalqabaa dura waajjira fayyaa kee isa duraanii qunnamtee galmee fayyaa kee gara PCP kee haaraatti akka dabarsuuf gaafatu. Galmeewwan kunniin seenaa fayyaa kee guututtii hubachuun akka danda'amuu fi PCP'n kee haaraan eeggumsa siif gochuu akka itti fufuuf gargaara.

**HOJJATTOOTNI FAYYAA AADAA MAALIDHA?**

Hojjataan fayyaa aadaa (THW) nama hawaasa keessatti eeggumsa qindeessuu, barbaaduu fi mijeessuu irratti hawaasa ykn kilinika keessatti hojjatuudha. Dhiyeessitoota fayyaa ragaa qabaniin kan hordofamanii fi isteeta Oregoniin ragaan kan kennameefidha. Trillium tajaajiloota hojjattoota fayyaa aadaa hedduu ni haguuga. Trillium tajaajila isaanii akka argattuuf si gargaara.

Hojjattootni fayyaa aadaa garagaraa gosa shantu jira. Tokkoon tokkoo THW bakka ogummaa isaanii itti hojjatan qabu.

1. (Dhaloota) Doula' n tajaajila dhuunfaa, dubartootaa fi maatiidhaaf tajaajila hattamaa kan hin taane, yeroo dubartiin ulfaa, deessu ykn da'uumsa boodaa kenna.
2. Ogeessi Gargaarsa Hiriyaa (PSS) gargaarsa fayyadamaa fayyaa amalaa fi dawaa araadaa ammaa ykn kana duraatif kenna.
3. Ogeessa Nageenyaa Hiriyaa (PWS)nama rakkinsa fayyaa samuu qabaachaa ture fi leenjii keessa darbaa ture kan muxanno qabu. PWS akka namoota waliinii, garee fayyaa manattiitti tajaajila. Namoota akka nageenyummaan isaanii eeggamuuf fayyaa amalaa fi eeggumsa jalqabaa fayyadamu.
4. Qorataan Fayyaa Dhuunfaa (PHN) odeeffannoo, gargaarsa, meeshaalee, fi gargaarsa akka dhukkubsataan murtii eeggumsa fayyaa kennuuf gargaaran taasisa.
5. Hojjataan Fayyaa Hawaasaa (CHW) hojjataa fayyaa hawaasaa kan waa'ee hawaasa tajaajila argatuu sirritti beekuu fi amanamaa ta'eedha.

Trillium nama bakka bu'aa kan tajaajila THW wajjiin wal si qunnamsiisu ni qabaata. Akkasumas waa'ee tajaajiloota THW irratti gaaffiiwwan deebisuuf si gargaaru. Bakka bu'aa THW argachuudhaaf, maaloo 1-877-600-5472 irratti bilbilaa. Akkasumas gaafannaa keessan karaa iimeelaa: THW@TrilliumCHP.com. erguu dandeessu. Odeeffannoo kanaa fi waa'ee qunnamtii THT tiin wal qabatee marsariitii keenya: https://www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/wellness/traditional-health-workers.html irratti argachuu ni dandeessa.

## Filannoowwan lammataa ni haguugna

Kuni kaffaltii sin barbaachisu. Waa'ee filannoowwan dawaa keetii yaada lammaffaa barbaaddataanan, PCP'n kee akka gara yaada lammaffaatti si ergu gaafadhu, kana qindeessuu irratti nuti si gargaarra. Dhiyeessaa networkiidhaan alaa qunnamuu barbaadda yoo ta'e, Trillium kana siif ni qindeessa.

## Beellamaaf gahuu yoo hin danda'inii ho?

Akka miseensa Trillium tti beellamawwan fayyaa qaamaa, fayyaa amalaa, ykn ilkaanii eeggachuun dirqama keeti. Diqama beellama addaan kutuun sirra jira taanan, maaloo hanga danda'ameen saffisaan dhiyeessaa kee qunnami, yoo xiqqaate beellama kee guyyaa 1 dursii. Beellama kee kan dabarsitu fi PCP kan hin beeksisin yoo ta'e, PCP haaraa akka filattuuf si gaafachuu qabu. Dhiyeessitootni beellama ati dabarsiteef bakka siif hin buusan.

## Eeggumsa Kallattiidhan barbaada yoo ta'e hoo?

Trillium'f haaraa kan taate fi eeggumsa fayyaa akkasumas ajaja dawaa hatattamaan barbbaadda yoo ta'e, maaloo nuuf bilbilii Hogganaa Eeggumsaatti dubbachuu akka barbaaddu gaafadhu. Eeggumsa barbaadamee fi fedhiiwwan biraa kan akka dhiyeessii fi ajaja dawaatin si gargaaruu dandeenya. Eeggumsa barbaadde argachuudhaaf beellama PCP wajjiin hanga danda'ameen saffisaan argachuun barbaachisaadha.

## Eeggumsa yeroon boodaa (halkanii, dhumatorbee, fi guyyaa ayyaanaa) na barbaachisa yoo ta'e ho?

PCP'n kee guyyatti sa'aatii 24, torbanitti guyyaa torba si eega. Waajjirri PCP kee cufaa yoo ta'es, lakkoofsa PCP kee irratti bilbili. Nama PCP kankee qunnamu yookan nama maal gochuu akka qabdu sitti himu waliin dubbatta. Yeroo tokko tokko PCP'n kankee argamuu dhabuu malu. Dhiyeessaan biraa kan si gargaaru jiraachuu isaa ni mirkaneessu.

## Ogeessa addaa ykn dhiyeessaa biraa yoo barbaade ho?

Dhukkuboota ykn dawaan fayyaaf barbaachisaniif ofii kee gara ogeessa addaa rakkoo fayyaa ykn fayyaa amalaa of erguu ni dandeessa. Kana jechuun utuu PCP hin gaafatin wantoota fayyaaf barbaadamaniif of erguu ni dandeessa jechuudha. Ta'us, sababichi (dhukkubichi ykn qorannoon) tajaajila haguugamu ta'uu danda'uu qabaata, fi dhiyeessaa network keessa jiru ta'uu danda'uuu qaba.

Ogeessa addaa ykn dhiyeessaa biraa na barbaachisa yoo jette, jalqaba PCP kee qunnami. PCP'n kee ogeessa addaa maalii akka atibarbaaddu adda baasuu irratti si gargaaru.

## Fedhiiwwan Eeggumsa Fayyaa Addaa barbaada yoo ta'e ho?

Fedhii eeggumsa fayyaa addaa yoo qabaatte, rakkoowwan fayyaa fi dawaawwaniif kallattiidhaan fayyaa qaamaa ykn fayyaa amalaatif ogeeessa kallattiidhan argatta. Kana jechuun utuu PCP hin gaafatin wantoota fayyaaf barbaadamaniif of erguu ni dandeessa jechuudha. Ta'us, sababichi (dhukkubichi ykn qorannoon) tajaajila haguugamu ta'uu danda'uu qabaata, fi haalota hedduu keessatti dhiyeessaa network keessa jiru ta'uu danda'uuu qaba.
Ogeessa addaa ykn dhiyeessaa biraa na barbaachisa yoo jette, jalqaba PCP kee qunnami. PCP'n kee ogeessa addaa maalii akka atibarbaaddu adda baasuu irratti si gargaaru. Akkasumas, Qindeessitootni fi Haggantootni Dhimmaa fedhiiwwan fayyaa addaa keetif si gargaarudhaaf qophiidha. Tajaajiloota Miseensaa karaa 1-877-600-5472 qunnami. Qindeessaa eeggumsaatti dubbachuu akka barbaaddu gaafadhu.

## Tajaajiloota ykn gargaarsa yeroo dheeraa fudhachaa jira yoo ta'e ho?

Tajaajilootaa fi gargaarsa yeroo dheeraa (LTSS) fudhachaa jirta yoo ta'e, rakkoowwan fayyaa fi dawaawwaniif kallattiidhaan fayyaa qaamaa ykn fayyaa amalaatif ogeeessa kallattiidhan argatta. Kana jechuun PCP utuu hin gaafannee dhiyeessaa biraa qunnamuu ni dandeessa jechuudha. Sababichi (dhukkubichi ykn qorannoon) tajaajila haguugamu ta'uu danda'uu qabaata. haalota hedduu keessatti dhiyeessaa network keessa jiru ta'uu danda'uuu qaba. Ogeessa addaa ykn dhiyeessaa biraa na barbaachisa yoo jette, jalqaba PCP kee qunnami. PCP'n kee ogeessa addaa maalii akka atibarbaaddu adda baasuu irratti si gargaaru.

Akkasumas, Tajaajiloota Qindeessaa Eeggumsa Cimaa (ICC) Trillium irraa karaa Tajaajiloota Miseensaa at 1-877-600-5472 tti bilbiluudhaan argachuu ni dandeessa, Qindeessaa ICC ykn hogganaa dhimmaatti dubbachuu akk barbaaddu itti himi.

## Kan armaan gadii tarree tajaajiloota ati ergaa PCP keetin ala argachuu dandeessuuti.

Tajaajiloota kanneenitti of erguudhaaf, dhiyeessaa networkii keessa jiru qunnamuu qabda. Dhiyeessaan neetworkii keessa jiraachuu isaa baruu itti bilbilaa. Isaan beellama dhuunfaa kee siif kennuu danda'u.

- Yaalawwan Deeggarsa Dawaat kan Opoidiitif; (guyyoota yaalaa 30'n jalqabaa) Dhiyeessaa filachuudhaaf Dhiyeessaa-Naaf-barbaadii keenya fayyadami.
- Tajaajiloota Hojjataa Fayyaa Aadaa. Dhiyeessaa filachuudhaaf Dhiyeessaa-Naaf-barbaadii keenya fayyadami ykn Trillium Tajaajiloota Miseensaa tiif bilbili.
- Yaala dawaa fi alkoolii. Dhiyeessaa filachuudhaaf Dhiyeessaa-Naaf-barbaadii keenya fayyadami.
- Miseensotni dubartootaa ogeessa fayyaa dubartootaa addaa kan neetworkii dhiyeessaa keessa jiru qorannoowwan fayyaa dubartootaa idilee fi ittisa fayyaa ubartootaatif wantoota fayyaaf barbaadamaniif kallattiidhan argachuu danda'u. Kuni kan hammtu, eeggumsa maatii, qorannoowwan harmaa, mammogramwwan, fi qorannoowwan Pap dabalata, kanatti garuu hin daangeffamu.
- Eeggumsa ulfaa Dhiyeessaa filachuudhaaf Dhiyeessaa-Naaf-barbaadii keenya fayyadami.
- Qorannoowwan miidhaa saalqunnamtii Dhiyeessaa keetti bilbili.
- Tajaajiloota sagantaa maatii fi too'annoo ulfaa. Tajaajiloota kanneen dhiyeessaa Abbaa Taayitaa Oregon wajjiin tajaajiloota kanneen dhiyeessuuf waliigaltee qabu fi tajaajiloota kanneen dhiyeessuf ragaa qabu irraa argachuu ni dandeessa.
- Tajaajiloota fayyaa amalaa. Dhiyeessaa filachuudhaaf Dhiyeessaa-Naaf-barbaadii keenya fayyadami.
- Aarsuu dhaabuu irratti na gargaari. Trillium Tajaajiloota Miseensaa tiif bilbilaa.
- Tajaajiloota kalee dhiquu Dhiyeessaa filachuudhaaf Dhiyeessaa-Naaf-barbaadii keenya fayyadami.

- Madineessuu (lilmoowwan). Dhiyeessaa filachuudhaaf Dhiyeessaa-Naaf-barbaadii keenya fayyadami.
- Tajaajiloota Qindeessaa Eeggumsa Cimaa (ICC)
- Tajaajiloota ICC fudhachaa, yookan fedhiiwwan eeggumsa fayyaa addaa barbaadda yoo ta'e miseensotni ogeessa addaa dhukkuboota fayyaatiif ykn eeggumsa fayyaa amalaatiif yaala miseensaa dhukkubichaatiif fi fedhiiwwan beekamaniif ogeessa addaa kallattiidhan qunnamuu ni danda'u.

## Dhiyeessaan networkiidhaan ala yoo ta'e ho?

Haala hedduu keessatti dirqama ogeessa addaa Trillium ykn dhiyeessaa ilaaluu qabda. Tajaajilli dhiyeessitoota Trillium tti argama yoo ta'e, dhiyeessaa Trillium akka fayyadamti si gaafanna. Tajaajilootni dhiyeessitoota Trilliumtiin alatti argama yoo ta'e, Trillium dhiyeessaa neetworkiitin alaa mirkaneessuu danda'a ta'a. Tajaajilootni Oregon keessatti hin argaman yoo ta'e, dhiyyessitoota isteetan ala jiran qofa hayyamna. Dhiyeessaa networkiitiin alatti of erguu ni dandeessa jechuudha.

## Tajaajilootaaf akkamiin mirkaneessa argadha?

Ergaatti dabalatee, tajaajilootni fayyaa muraasni tajaajiloota kaanneen argachuu kee dura hayyama Trillium barbaadu. Mirkaneessi tajaajiloota kanneenii kun hayyama jedhama. Dhiyeessaan tajaajila siif kennu mirkaneessa Trillium irraa ni argata fi tajaajila yoom akka siif kennu si beeksisa. Tajaajilichaaf ergaa ykn hayyama hin qabdu yoo ta'e, tajaajila dhoorakatamuu ykn tajaajilaaf akka kaffaltu taasifamuu dandeessa.

## Tajaajiloota biroo OHP dhaan haguugaman

Tajaajilootni muraasni Trillium Community Health Plan hin kaffalleef kan OHP'n haguuggaa taasisuuf ni jiru. Tajaajiloota kanneenif gargaarsa barbaadda taanan, maaloo Trillium Tajaajiloota Miseensaa 1-877-600-5472 dhaan qunnami. Qindeessaa eeggumsaa wajjiin dubbachuu akka barbaaddu itti himi. Tajaajiloota kanneenif gargaarsa barbaadda taanan, maaloo MTM kaffaltii irraa bilisaa karaa 877-583-1552 (TTY tiin qunnami: 711) tiin bilbiliif. Fakkeenyotni muraasni tajaajiloota Trilliudhaan hin kennamnee kan OHP dhaan haguugamanii:

| TAJAAJILOOTA FAYYAA CCO DHAAN HIN HAGUUGAMNE | EEGGUMSI QINDEESSITUM-MAAN NI JIRA CCO IRRAA | GEEJJIBNI NI JIRA KARAA CCOTIIN | EENYU HAA QUNNAMAMU |
|---|---|---|---|
| **Ajjeechaa ogeessa fayyaatiin deeggaramu**<br>Akka keewwata Kabajaadhan Du'uu Oregonitti ORS 127.800-127.897<br>- Dhukkubsatoota dhukkuba cimaa yeroo dheeraa qaban dawaan haakima isaanii irraa kan ofiin fudhatan, dawaawwan jireenyaisaanii addaan kutu ni hayyama. | Lakki | Eeyyee | Garee Eeggumsa Qindeessaa KEPRO karaa (800)562-4620 |
| **Tajaajiloota hospaayisii** miseensota bakka jireenyaa addaa jiraataniif kan ta'u;<br>- Hayyama miseensotaa akka eeggumsa fayyaa, gargaarsa maatii, abukaatummaa dhukkubsataa, gorsa amantii, hordoffii dhukkubaa fi dawaa, dawaawwanii fi meeshaawwan bakka jireenya isaanii addaa xumura jireenya isaanii irratti akka argatan hayyamaaf. | Lakki | Eeyyee | Garee Eeggumsa Qindeessaa KEPRO karaa (800)562-4620 |

| TAJAAJILOOTA FAYYAA CCO DHAAN HIN HAGUUGAMNE | EEGGUMSI QINDEESSITUM-MAAN NI JIRA CCO IRRAA | GEEJJIBNI NI JIRA KARAA CCOTIIN | EENYU HAA QUNNAMAMU |
|---|---|---|---|
| **Tajaajila Fayyaa Mana Barnootaatti Kennamu** tajaajiloota akkaataa ulaagaa Keewwata Qaama Miidhamummaa Barnotaatin kan kennamanii fi kaffaltiin isaanii sagantaa tajaajiloota barnootatin kan haguugamu ta'a.<br>- Barattoota qaama miidhamummaa qaban, manneen barnootaa tajaajiloota fayyaa barnoota akka argataniif isaan gargaaran akka sagantaa fedhii addaa barnoota isaanitti dirqama akka dhiyeessan hayyama. | Lakki | Eeyyee | Garee Eeggumsa Qindeessaa KEPRO karaa (800)562-4620 |
| **Qorannoowwan bulchiinsaa** akkaataa OAR 410-130-0230 tiin kan gaafatame ykn mirkaneessi kan kennameef;<br>- Miseensotni sadarkaa eeggumsaa adda ta'e jala hogguu jiranitti qorannoo addaa akka argataniif hayyama kenna. | Lakki | Eeyyee | Qaree Eeggumsa Qindeessaa KEPRO karaa (800)562-4620 |
| **Tajaajiloot alammiileef/kanneen Alien Waived Emergency Medical fudhataniif ykn CAWEM Plus-CHIP Haguuggii Maatii kan CAWEM fudhataniif;**<br>- Kanneen lammii hin taane/miseensotni Alien Waived Emergent Medical tajaajiloota fayyaa hatattamaa fi eeggumsa maatii akka argatan hayyama. | Lakki | Eeyyee | Garee Eeggumsa Qindeessaa KEPRO karaa (800)562-4620 |
| **Ulfa adda kutuu**<br>- Miseensotni tajaajila ulfa addaan kutuu akka argatan hayyama. | Eeyyee | Eeyyee | Garee Eeggumsa Qindeessaa KEPRO karaa (800)562-4620 |
| **Da'uumsa hospitaalaa alaa (OOHB)** tajaajiloota akkaataa OAR 410-130-0240 tiin dubartoota ulaagaa guutaniif tajaajila yeroo ulfaa fi da'uumsa boodaa kennamudha.<br>-Miseensotni tajaajila maatii, da'uumsaa ykn dauumsa boodaa hospitaalaan alatti akka argataniif hayyama kenna. | Lakki | Eeyyee | Trillium Tajaajiloota Miseensaa – 877-600-5472 |

| TAJAAJILOOTA FAYYAA CCO DHAAN HIN HAGUUGAMNE | EEGGUMSI QINDEESSITUM-MAAN NI JIRA CCO IRRAA | GEEJJIBNI NI JIRA KARAA CCOTIIN | EENYU HAA QUNNAMAMU |
|---|---|---|---|
| **Tajaajilootni fi gargaarsotni kaffaltii deebisaa CCOwwaniitiin alatti hambifaman** akkaataa ORS 114.631;<br>- Miseensotni tajaajiloota LTSS fudhatan eeggumsa qindaa'aa CCO fi Tajaajilootaa fi Garaarsa Yero dheeraa jidduutta akka argataniif hayyama. | Eeyyee | Eeyyee | Trillium Tajaajiloota Miseensaa – 877-600-5472 |
| **Miseensota akka tajaajiloota fayyaa amalaa muraasa argataniif gargaaruu.** Fakkeenyotni tajaajilaa kan hammatu, garuu kanatti hin daanga'u:<br>a) Dawaawwan muraasa dhukkuboota fayyaa amalaa muraasaaf;<br>b) Dawaawwan teeraappuweetikii dhukkuboota fayyaa amalaa muraasaaf;<br>c) Miseensota waggaa 18 fi sanaa oliitif eeggumsa fayyaa sammuu yeroo dheeraa; fi<br>d) Miseensota waggaa 18 fi sanaa oliitif eeggumsa dhuunfaa manneen guddisaa.<br>Odeeffannoo dabalataatif ykn tarree tajaajiloota fayyaa amalaatiif, maaloo Trillium Tajaajiloota Miseensaa irratti bilbilaa. | Eeyyee | Eeyyee | Trillium Tajaajiloota Miseensaa – 877-600-5472 |
| **Sagantaa Qunnamtii Maatii** tajaajila bilisaa, ragaa irratti hundaa'e, maatiiwwan hundaaf daa'immanis dhiyoo dhalatanis dabalatee narsiidhan manatti yaalamuu hayyama.<br>- Sagantaan Qunnamtii Maatii Oregon maatiiwwan narsiiwwan, qabeenyota hawaasaa fi maatiiwwaniin wal qunnamsiisudhaan gargaara. | Eeyyee | Eeyyee | Trillium Tajaajiloota Miseensaa – 877-600-5472 |

Odeeffannoo dabalataa waa'ee odeeffannoo kanneenitiif, Tajaajila Maamilaa OHP karaa 1-800-273-0557 tiin qunnami. Geejjiba argachuuu irratti gargaarsa yoo barbaadde, maaloo kutaa "beellwamawwan kiyyaaf ani gargaarsa argachuu danda'aa?" jedhu ilaali.

## Teknolojiin haaraan ni haguugamaa?

Teknolojiiwwan ykn fayyadamni haaraan toknolojii amma jiranii faaydaawwaniin yoo kan haguugaman ta'e, OHP ni murteessa. Tajaajilli kaffalamuu fi dhiisuu isaa irratti gaaffii yoo qabaatte, maaloo Trillium Tajaajiloota Miseensaa tiif bilbili.

## Kennaa haakimootaa

Dhiyeessitoota keenya fayyaa kee waan eeganiif kaffaltii dabalataa ykn badhaasa ni kenninaaf. Dhiyeessitootni keenya waan tajaajiloota ykn ergaawwan daangessaniif hin kaffalluuf. Murtiin gaafannaa tajaajila keetii sirraa'ummaa eeggumsaa fi tajaajilaa akkasumas argamummaa haguuggii qofa irratti hundaa'a. Kennaa haakimootaa fi akkaataa akkasumas akkaataa hojii Trillium irratti odeeffannoo dabalataa gaafachuu fi argachuu mirga qabda. Odeeffannoo dabalataa kennaa haakimootaatif, Trillium karaa 1-877-600-5472 (TTY 711) tiin qunnamaa.

## Beellama kiyyaaf geejjiba argachuu nan danda'aa?

Beellama argachuu irratti gargaarsa yoo barbaadde, maaloo MTM kaffaltii irraa bilisaatiif karaa 877-583-1552 qunnami. Ati hin qabdu taanan, haakima, ogeessa ilkaanii, ykn gorsaa akka argattu si gargaaruu ni dandeenya. Namootni OHP irrra jiran imala fayyaa isaanitiif gargaarsi ni argatu. MTM gatii imala gara bakka beellamaa keetii, gaasii, nyaata fi fe'iinsa dabalatee hundaa ni haguuga. Beellama eeggumsa fayyaa keetti imaluu dura mirkaneessa argachuu qabda. Mirkaneessa argachuudhaf, 877-583-1552 irratti bilbili. Sanbataa fi Dilbataa, 8 am hanga 5 pm, ykn geejjiba hatattamaa ykn geejjiba hospitaalaa ba'uu boodaa kamiifiyyuu. Gargaarsa ariifachiisaadhaaf maaloo 911 irratti bilbilaa Geejjibni tolaa, geejjibni fayyaa ariifachiisaa h in taane kan kennamu:

**MTM (Bulchiinsa Geejjiba Fayyaatini)**
Kaffaltiirraa bilisa: 877-583-1552 (TTY: 711)

Yoo geejjiba jkaraa MTM karoorfachuu feete, hanga dandeesseen dafii nuuf bilbili. Yaadadhu, beellama kee yoo addaan kutte ykn jijjiirte, MTM geejjiba kee akka addaan kutuuf ykn jijjjiiruuf kallattiidhaan bilbiliif. Odeeffannoo dabalataa Qajeelfama Geejjiba Fayyaa marsariitii https://www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/Benefits-and-Services/transportation.html

## irratti argachii ni dandeessa Akkamiin nama afaan naaf hiiku argachuu danda'a?

Ni barbaaddu taanan, nama sagaleedhaan yookan mallattoodhaan afaan isiniif hiiku ni argattu. Beellamaaf yeroo bilbiltan, nama afaan isiniif hiiku akka arbaaddanii fi afaan maalii akka ta'e dhiyeessaa keessanitti himaa. Kuni gatii si hin kaffalchiisu.

Daawwannaa eeggumsa fayyaatiif nama afaan ykn afaan mallattoo siif hiiku argachuu yoo barbaadde:

1. Trillium itti bilbiluu.
2. Waajjira haakimaa keetti bilbilii daawwannaa keetiif akka nama afaan siif hiiku qopheessan itti himi.

Odeeffannoon namoota afaan fayyaa hiikanii www.Oregon.gov/oha/oei irratti argamuu ni danda'a.

# TAJAAJILOOTA FI BUAAWWAN HAGUUGAMAN

## OHP'n maal haguuga?

OHP'n naduraawwan, gargaartuuwwan dhageettii, meeshaalee fayyaa, eeggumsa fayyaa manattii, geejjibsa gara beellama fayyaa ni haguuga. OHP'n waan hunda hin haguugu. Tarreen dhukkubootaa fi haalota kanaa Tarree Tajaajiloota Fayyaa Dursi Kennamuufii (ajajamanii) jedhama. Kana sarara irraan: https://www.oregon.gov/oha/hsd/ohp/pages/prioritized-list.aspx. asitti dubbisuu ni dandeessa.

Dhukkubootni fi haalotni biraa haala adda ta'e keessatti OHP dhaan haguugamuu ni danda'u. Fakkeenyaaf, dhukkubsataan haala fayyaa haguugamu tokkoo fi haala fayyaa hin haguugamne tokko qabaachuu danda'a. Haalli hin haguugamne sun haala haguugamuun kan jalqabaa sanaaf gargaarsa taasisa taanan haguugamuu mala. Guduunfaa faaydaawwan hundaatif, maaloo "Tarree Guduunfaa Faaydaawwanii" ilaalaa

## Tajaajiloota fayyaa sarara irraa

Tajaajilootni fayyaa sarara irraa tajaajiloota fayyaa meeshaalee elektiroonikii fayyadamuudhaan kennamaniidha. Kuni iimeela iccitaa'aa ta'uu danda'a. Handaara miseensotni fayyadaman ykn walgeettii sagalee/suursagalee sarara irraa ta'uu danda'a. Miseensrotni Trillium daawwannaawwan sararara irraa sagalee, suursagalee (dhiyeessaa isaanitiin kennamu) ni argatu. Trillium dhiyeessitootni tajaajila hiikkaa qabeessa kana kan argatan ta'uu mirkaneessudhaaf dhiyeessitoota wajjiin ni hojjata. Miseensotni keenya mala akkaataa fayyadamaa sirnaan qoratamee fayyadamuu kan danda'an ta'uu isaanii ni mirkaneessina. Tajaajila fayyaa sarara irraa argachuudhaaf, kompiyuutara fayyadamuu qabda. Akkasumas laaptoppii, taableetii ykn bilbila fayyadamuu ni dandeessa. Yeroo tokko tokko bilbila ismaartii fayyadamuu si barbaachisa. Dhiyeessaa kee waa'ee tajaajila fayyaa sarara irraa isaanii gaafadhu. Jiddugala fayyaa hawaasaa hunda keessattuu tajaajila fayyaa sarara

irraa argachuu ni dandeessa. 2022 keessa, Trillium Dhiyeessaa naaf Argii fi Qajeelchi Dhiyeessaa akkaataa dhiyeessitootni kum tajaajiloota fayyaa sarara irraa akka qaban akka agarsiisu ni taasisa. Tajaajiloota Miseensaa karaa 1-877-600-5472 (TTY: 711) yoo gargaarsa barbaadde.

Waa'ee tajaajilla fayyaa sarara irraan argachuu gaaffii yoo qabaatte Trillium Tajaajiloota Miseensaa dhaaf bilbili. Akkasumas Hogganaan Dhimmaa kee akka si gargaaru gaafachuu ni dandeessa.

## Tajaajiloota Fayyaa Sarara Irraa Haguuggaman

Tajaajilli fayyaa sarara irraa fayyaa qaamaa, amalaa fi afaanitiif kan haguugameedha. Dawaawwan idilee argachuudhaaf beellama tajaajila fayyaa sarara irraa si barbaachisuu mala. Yeroo beellama fayyaa sarara irraatti gaaffiwwanis gaafachuu ni dandeessa. Ilaalcha fayyaa amalaa deddeebitis tajaajila fayyaa sarara irraa fayyadamuu ni dandeessa. Dhiyeessitoota tajaajila fayyaa sarara irraa qaban argachuuf Tajaajiloota Miseensaa qunnami.

## Tajaajila Fayyaa Sarara Irraa Teladoc

Trillium akkasumas tajaajiloota fayyaa sarara irraa Teladoc Health, Inc. irraa ni dhiyeessa, Teledoc ilaalchawwan tajaajila fayyaa qaamaa, amalaa fi afaanii ni dhiyeessa. Tajaajilootni Teledoc ergaa hin barbaadanu. Maaloo taajaajiloota Teledoc tiif Tajaajiloota Miseensaa tti bilbilaa ykn [https://www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/Benefits-and-Services/telehealth.html](https://www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/Benefits-and-Services/telehealth.html) ilaalaa.

## Filannoo Dhukkubsataa fi Hammatamummaa

Tajaajilli fayyaa sarara irraa karaa ati ittiin dhiyeessaa kee argitu keessaa tokkoodha. Dhiyeessitootni muraasni qaaman si arguu barbaadu ta'a. Fknf, haakimni kee onnee qaamaan si arguu barbaada ta'a. Dhiyeessaan kee tajaajila fayyaa sarara irraanii qofatti sin daangessu. Trillium dhiyeessitoota networkii wajjiin waliigaluudhaan tajaajila fayyaa sarara irraa hiika qabeessa akka argattuuf si gargaara. Tajaajilootni fayyaa sarara irraa aadaa wajjiin kan wal simaniidha. Karaaleen Trillium tajaajila fayyaa sarara irraa ittiin dhiyeessu afaan ati barbaadden, barreeffama qaro dhabeeyyiitiin, maxxansa gurguddaadhan, sagaleen, ykn karaa siif mijatu kamiiniyyuu ta'a. Kutaa "Gargaarsa Afaanii" ilaali.

## Iccitaa'ummaa Tajaajila Fayyaa Sarar Irraa

Dhiyeessaan tajaajila fayyaa sarara irraa Trillium Teladoc Health, Inc dha. Seerri Teladoc Health, Inc iccitii dhuunfaa dhuunfaadhan akka qabu ajaja. Odeeffannoo kee bifa yoo dhiyeessaa kee ati qaaman dhiyaatti dubbistu siif qabaniin siif qabu. Teladoc Health, Inc waa'ee dirqamoota seeraa fi gochoota iccitaa'ummaa hundaa sitti himuu qabaata.

## Jijjiirama dandeettii eeggumsa ykn tajaajila argachuurratti dhiibbaa sirrattu uumu yoo mudate ho?

Trillium miseensota miidhamaniif jijjiirama kamiiyyuu dura guyyoota 30 dursee beeksisa. Jijjiiramni kan dhiyeessaa, sagantaa, ykn tajaajila haguugamuu ta'u danda'a. Sababa rakkoo nageenyaa addaatif jijjiirama saffisaata'e taasisuu dandeenya. Achiimmoo miseensota miidhamaniif beeksisa ni ergina. Jijjiiramni dhiyeessaa kee irratti yoo ta'e fi dhiyeessaan guyyoota 30 keessatti beeksisa gahaa yoo siif hin taasisnee, jijjiirama nuti guyyaa 15 keessatti si beeksisna.

## Qajeelfama Gocha

Qajeelfamni gochaa fayyaa kee fooyyeessuudhaaf karaa sif kenna. Faayidaa fi miidhaawwan filannoo eeggumsaa hedduun hammatamaniiru. Trillium mata dureewwan hedduuf Qajeelfama Gochaa qaba. Mata duricha irratti qajeelfama gochaa barbaadda taanan maaloo Tajaajiloota Miseensaa tiif bilblaa. Qajeelfamootni gochaa marsariitii Trillium Qabeenyawwan Dhiyeessaa jalattis ni argamu.

## Tajaajiloota Ittisaa

Rakkoowwan fayyaa uumamuu isaanii dura ittisuun barbaachisaadha. OHP'n akka ati fayyaa taatee turtuuf tajaajiloota ittisaa ni haguuga. Tajaajilootni kunniin hayyama isaan hin barbaachisu. Tajaajilootni ittisaa qorannoowwan fi hordoffiiwwan rakkina maalii akka qabduu fa'a hammata. PCP'n kee beellama

hordoffiiwwanii fi tajaajiloota biroo ni eera

**SAGANTAAWWAN ITTISAA BIROO:**

- EPSDT;
- Madineessummaa (lilmoowwan) fdaa'immanii fi ga'eessotaafis (dhimma imala biyya biraa ykn mindeeffamaatif utuu hin taane);
- Qorannoo qaamaa idilee;
- Qorannoowan mana yaalii;
- Meeshaalee aarsuu adda kutuu;
- Eeggumsa haadholii fi daa'immanii;
- Qorannoo dubartootaa fi pap smaers;
- Mammogramwwan (x-ray harmaa) dubartootaaf;
- Dhiiraf qorannoo cidhaanii;
- Qorannoo kaansarii; fi
- Yaala filoraayidii.

# Timboo aarsuu akkamiin dhaaba?

Haalli tokkichi ati fayyaa dhuunfaa keetii fi fayyaa maatii keetii fooyyessuudhaaf gochuu qabdu aarsuu dhaabudha. Trillium dawaawwanii fi gorsawwan akka timboo aarsuu dhaabduuf si gargaaraniif kan leenjistoota ogeeyyin kennamuuf kaffaktii ni taasisa. Timboo fayyadamta taanan, **Quit for Life** kaffaltirraan bilisaan **1-866-784-8454** irratti bilbili.

# EPSDT'n maali?

Gaafannaa, Qorannoo, fi Yaala Jalqabaa fi Deddeebii (EPSDT) faayidaa eeggumsa fayyaa miseensota waggaa 21 gadiitif kennamuudha. EPSDT'n tajaajiloota qorannoo guutuu, qorannoo, dawaa hammata. Qorannoowwan kunniin rakkoowwan eeggumsa fayyaa qaamaa, fayyaa amalaa, yn guddinaa qorannoo fi dawaa dabalataa barbaadan akka argattuuf si gargaaru. EPSDT'n qorannoowwan dhukkubaa kamiiyyuu fi dawaawwan fayyaaf barbaachisan kamiiyyuu kan fayyaa qaamaa ykn amalaa kee fooyyessuuf gargaaran of keessatti hammata.

EPSDT'n akkasumas tajaajilawwan gargaarsa daa'imaa kan rakkina guddinaa qabuutis ni dabalata. Tajaajilootni kunniin haalli dhukkubaa kee hin jabaannef si gargaaru. Tajaajilootni kunniin akkasumas rakkoo fayyaa daa'imaa akka hir'achuu danda'uuf si gargaaru. EPSDT'n daa'immanii fi dargaggootni tajaajiloota eeggumsa fayya dursanii akka argataniif isaan gargaara. EPSDT'n yeroo talkka takka well-child ykn well-care check-up jedhama.

# EPSDT maal fa'a hammata?

Qorannooowwan well-child check-up, ykn EPSDT kan hammatu:

- Seenaa fayyaa fi guddinaa guutuu
- Qorannoo qaamaa guutuu
- Barnoota fayyaa fi gorsa umrii fi seenaa fayyaa irratti hundaa'udhaan
- Qorannoo ijaa
- Qorannoo dhageettii
- Qorannoowwan mana yaalii
- Qorannoo dhiigaa
- Rakkoowwan nyaataa fi hirribaa keessa deebi'uu
- Haala nyaataa
- Qorannoo fayyaa afaani fi tajaajiloota fayyaa afaanii PCP ABC Dental (ABCD) dhaan ulaagaa guuten
- Madineessummaaa (lilmoowwan)
- Qorannoo fayyaa sammuu
- Qorannoo fayyadama dawaa
- Haakimootaa ni barbaachisa akkaataa uumama dhukkubichaa ykn haalotaa kan yeroo, darbeedarbaa, kan yeroo dheeraa irratti hundaa'un

Dhukkubni haakima daa'imaatiin yoo adda baafame. dhiyeessaan(ssitootni) daa'imaa:

- Dhiyeessaan tajaajila kenu taanan daa'ima yaaluu, ykn
- daa'ima ogeessa addaa ykn yaala barbaachisaatti erguu qabu. Kuni iimmoo qorannoo dabalataa ykn qorannoowwan addaa, kan akka:
  - Qorannoo guddinaa
  - Fayyaa sammuu qixxaataa,
  - Qorannoo fayyadama dawaa ykn
  - Gorsa haala nyaataa of keessatti hammata.

Tajaajilootni EPSDT, Sagantaa Gargaarsa Nyaata Dabalataa (SNAP) ykn sagantaa hawaasaa biraa hin hammatu. Gargaarsa odeeffannoo fi ergamaa dawaa fi tajaajiloota EPSDT jalatti hin haaguugamneetif, maaloo Tajaajiloota Miseensaa karaa Kaffaltirraa bilisaatin qunnamaa 1-877-600-5472 (TTY 711). Dhiyeessitootni yaalan bu'aa tajaajila isaanii dhiyeessaa(wwan) qorannoo EPSDT ergaa taasise, fi fayyaa madaalawaa fi seenaa guddinaa, fayyaa qaamaa, hordoffii guddina fayyaa sammuu akka eegamaniif wajjiin haasaa taasisu.

## EPSDT akkamiin argachuu danda'a?

Sagantaan EPDST miseensota umri hanga 21 jiraniif kaffaltii malee kennama. Miseensi ulaagaa guute ykn maatiin geejjiiba kaffaltii malee argata. Miseensi ulaagaa guute ykn maatiin gargaarsa sagantaa wajjiin kaffaltii malee argata. **Sagantaa EPSDT** qunnamuudhaaf, Tajaajiloota Miseensaa karaa **1-877-600-5472 (TTY 711)** tiin qunnamaa. Qindeessaa Eeggumsaatti dubbachuuf gaafadhaa.

Miseensotni hanga umrii 21 sagantaawwan EPSDT tiif kaffaltii malee argatu. Miseensi ulaagaa guute ykn maatiin geejjiiba kaffaltii malee argata. Miseensi ulaagaa guute ykn maatiin gargaarsa sagantaa wajjiin kaffaltii malee argata. Sagantaa EPSDT qunnamuudhaaf, Tajaajiloota Miseensaa karaa 1-877-600-5472 (TTY 711) tiin qunnamaa. Qindeessaa Eeggumsaatti dubbachuuf gaafadhaa

Odeeffannoo EPDST irrattiitif, Waraqaa odeeffannoo Medicaid ilaalaa: https://downloads.aap.org/AAP/PDF/CHIP%20Fact%20Sheets/federaladvocacy_medicaidfactsheet_all_states.pdf AAP Sagantaa Yereessaa: https://downloads.aap.org/AAP/PDF/periodicity_schedule.pdf

Trillium dhiyeessaan eeggumsa jalqabaa (PCP)'n EPSDT dhiyeessu si yookan bakka bu'aa kee sirnaawaa wajjiin waliigaltee barreffamaa akka qabaatu fedha. Qaamni lamaanuu waliigaltee barreeffamaa mallatteessuu qabu. Waliigalteen barreeffamaa dirqama kee EPSDT jalattii ibsa. Ibsi kun yeroo murtaa'eef dhiyeessaan tajaajiloota EPSDT tiif madda idilee akka ta'u isaa ibsa. Trillium dhiyeessaa ergaa sirrii akka argattuuf si gargaara. Akkasumas Trillium beellama akka qabattuuf si gargaara. Akkasumas Qindoomini Eeggumsaa Trillium fedhiiwwanii fi gaaffiiwwan EPSDT wajjiin wal qabataniif gargaarsa ni taasisa. Dawaa EPSDT kee tajaajila qorannootiif gaaffattee ji'oota 6 keessatti argachuu jalqabuu qabda.

## Guduunfaa Tarree Bu'aawwanii

Tajaajiloota, adeemsawwnaii fi meeshaalee fayyaa muraasaaf dursa hayyama argachuun barbaadamaadha. Dhiyeessaan kee walumaagaltti hayyama dursa barbaadamuuf gaaffii siif ni galcha. Gabateen kuni tarree tajaajilootaa, adeemsawwanii, fi meeshaa fayyaa qaba. Dursanii hayyama argachuun ni barbaachisa moo hin barbaachisu kan jedhu siif hima. Odeeffannoo dabalataa tajaajiloota hayyama dursaa barbaadaniif, maaloo Tajaajiloota Miseensaa kaffaltii irraa bilisaa irratti bilbili 1-877-600-5472 (TTY 711).

| FAAYIDAA | | GATII KEE | ULAAGAAWWAN EEGGUMSA DURSAA | DAANGAA EEGGUMSAA YEROO DHIYEESSAA TRILLIUMTIIN FUDHATAMAN |
|---|---|---|---|---|
| **HAAKIMAAN ILAALAMUU** | Dhiyeessaa eeggumsa fayyaa | $0 | Hin barbaachisu | Daangaa hin qabu |
| | Ogeessa Addaa | $0 | Dhiyeessitoota fayyaa ilkaanii, fayyaa haadholii, fayyaa amalaatif hin gaafatamu.<br>Tarii yeroo lama erga ilaalamtee booda tajaajila biraatif gaafatamuu mala. | Akkaataa eerameen ykn qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan.<br>Bal'inaaf Trillimttti bilbilaa |
| **TAJAAJILOOTA ITTISAA** | Illaalama mallqaqqaawwanii, daa'immanii, akkasumas ijoollee | $0 | Hin barbaachisu | Akkaataa eerameen |
| | Qaama idilee | $0 | Hin barbaachisu | Akkaataa eerameen |

| FAAYIDAA | | GATII KEE | ULAAGAAWWAN EEGGUMSA DURSAA | DAANGAA EEGGUMSAA YEROO DHIYEESSAA TRILLIUMTIIN FUDHATAMAN |
|---|---|---|---|---|
| | Ilaalcha dubartootaa | $0 | Hin barbaachisu | Akkaataa eerameen |
| | Mammogramiiwwan (raajii harmaa) dubartootaf | $0 | Hin barbaachisu | Akkaataa eerameen |
| | Qorannoowan cidhaanii dhiiraaf | $0 | Hin barbaachisu | Daangaa hin qabu |
| | Sagantaa Maatii | $0 | Hin barbaachisu | Daangaa hin qabu |
| | Qorannoowwan dhukkuboota qunnamtii saaln daddarbanii (STDs) | $0 | Hin barbaachisu | Daangaa hin qabu |
| | Qorannoo fi gorsa AIDS fi HIV | $0 | Hin barbaachisu | Daangaa hin qabu |
| **DAWAAWWAN AJAJU** | Hedduudha garuu dawaawwan hunduu ajaja dawaa dhiyeessaa keessatti ni argamu jechuu miti. Tarreen guutuun tarree dawaa Sagantaa Fayyaa Oregon irratti ni argama. | Dawaawan haguugamaniif haguuggiin hin barbaachisu. Dawaawwan fayyaa sammuu isteetaan too'atamnu. Kaffaltiin waloo dawaawwan kanneenii garagara. | Dawaan muraasni ajajatti dabalee hayyama qabaachuu barbaadu. | Dawaan hayyama barbaachisu yoo didame, haguuggaan hin taasifamuuf |
| **MANA YAALII FI X-RAY** | Qorannoo dhiiga | $0 | Ergaan barbaachisa | Daangaa hin qabu |
| | X-Rays | $0 | Ergaan barbaachisa | Daangaa hin qabu |
| | CT iskaanii | $0 | Hayyamni barbaachisaadha | Daangaa hin qabu |
| | MRIwwan | $0 | Hayyamni barbaachisaadha | Daangaa hin qabu |
| **MADINEESSUU/ LILMOO** | Talaalliiwwan | $0 talaalliiwwan eeramaniif | Hin barbaachisu | Akkuma eerameen |

| FAAYIDAA | | GATII KEE | ULAAGAAWWAN EEGGUMSA DURSAA | DAANGAA EEGGUMSAA YEROO DHIYEESSAA TRILLIUMTIIN FUDHATAMAN |
|---|---|---|---|---|
| **EEGGUMSA ULFA** | Imala maatii dhiyeessaa waliinii | $0 | Hin barbaachisu | Daangaa hin qabu |
| | Eeggumsa da'uumsa booda (eeggumsa erga daa'imni kee dhalatee booda argattu) | $0 | Hin barbaachisu | Daangaa hin qabu |
| | Tajaajila agartuu idilee | $0 | Hin barbaachisu | Dubartoota ulfaa fi ijoollee waggaa 20 ykn sanaa gadiitif ni jira |
| | Harma hoosisuu irratti ni gargaara, ujummoo harmaa dabalatee | $0 | Hin barbaachisu | Gadifageenyaaf Trillium qunnami |
| **HUMNAA FI DA'UUMSA** | Sagantaan keenya maatii maatiin akka daa'imaaf qophaa'u ni taasisa | $0 | Hin barbaachisu | Maaloo Trillium fi Abbaan Taayitaa Fayyaa Oregon yoo ulfa taatee fi ulfi kee xumurame akka beekan taasisi. Daa'ima keetiif OHP daa'imaaf iyyachuu qabda. Manatti da'uun Trilliumdhaan hin kaffalamau OHA dhaani malee Filannoo da'uumsa manattiitif maaloo Tajaajila Maamilaa OHP dubbisaa |
| **TURTIIWWAN HOSPITAALAA** | Rakkoowwan hatattamaa | $0 | Hin barbaachisu | Yoo fayyaadhaaf barbaadame daangaa hin qabu |
| | Baqaqsanii yaaluu tajaajila hospitaala keessattii fi alattii dabalatee. | $0 | Hayyamni barbaachisaadha | Yoo fayyaadhaaf barbaadame daangaa hin qabu |
| | Haaromsa | $0 | Hayyamni barbaachisaadha | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu |
| | Tajaajila dhukkubsachiisuu hospitaala keessaa | $0 | Ariifachiisaa fi hatattama, hin barbaachisu | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu |

| FAAYIDAA | | GATII KEE | ULAAGAAWWAN EEGGUMSA DURSAA | DAANGAA EEGGUMSAA YEROO DHIYEESSAA TRILLIUMTIIN FUDHATAMAN |
|---|---|---|---|---|
| | Haaromsa dhukkubsachiisuu keessoo | $0 | Hayyamsiisuun ni barbaachisa | Mirkaneessa, qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan, gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| | Tajaajiloota dhukkubsachiisuu alattii | $0 | Hayyamsiisuun ni barbaachisa | Mirkaneessa, qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan, gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| **IMALA KUTAA HATATTAMAA, EEGGUMSA ARIIFACHIISAA, YKN FEDHIIWWAN TAJAAJILA HATATTAMAA BIROO** | Imala gara kutaa hatattamaa fi eeggumsa ariifachiisaa | $0 | Hin barbaachisu | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu |
| | Geejjibsa fayyaa hatattamaa | $0 | Hin barbaachisu | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| | Tajaajiloota Eeggumsa Hatattamaa | $0 | Hin barbaachisu | Mirkaneessa, qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan, gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| **TEERAAPPII** | Teeraappii qaamaa (PT) | $0 | Hayyamni barbaachisaadha | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| | Teeraappii (hojiiwwan guyyaa) hojii (OT) | $0 | Hayyamni barbaachisaadha | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| | Teeraappii dubbisaa (ST) | $0 | Hayyamni barbaachisaadha | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |

| FAAYIDAA | | GATII KEE | ULAAGAAWWAN EEGGUMSA DURSAA | DAANGAA EEGGUMSAA YEROO DHIYEESSAA TRILLIUMTIIN FUDHATAMAN |
|---|---|---|---|---|
| **AGARTUU** | Qorannoowwan ijaa | $0 | Ergaan barbaachisa | Dubartoota ulfaa fi ijoollee waggaa 20 ykn sanaa gadiitif ni jira |
| | Naduraa | $0 | Ergaan barbaachisa | Dubartoota ulfaa fi ijoollee waggaa 20 ykn sanaa gadiitif ni jira |
| | Qorannoowwan ijaa kan fayyaa | $0 | Ergaan barbaachisa | Mirkaneessa sagantaa irratti hundaa'uun lakkoofsa imalaa |
| **TAJAAJILOOTA ADDAA** | Meeshaalee fayyaa fi dhiyeessii | $0 | Hayyamni barbaachisaadha | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| | Gargaartuu dhageettii fi qorannoo | $0 | Hayyamni barbaachisaadha | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| | Fayyaa manattii | $0 | Hayyamni barbaachisaadha | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| | Bakkeewwan eeggumsa addaa | $0 | Hayyamni barbaachisaadha | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| | Tajaajila eeggumsaa mijataa | $0 | Hin barbaachisu | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| | Dhidhiibbaa | $0 | Hayyamni barbaachisaadha | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| | Koobaa | $0 | Hayyamni barbaachisaadha | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |

| FAAYIDAA | | GATII KEE | ULAAGAAWWAN EEGGUMSA DURSAA | DAANGAA EEGGUMSAA YEROO DHIYEESSAA TRILLIUMTIIN FUDHATAMAN |
|---|---|---|---|---|
| | Hojjattoota Fayyaa Aadaa<br>- Walee<br>- Ogeessa Gargaartuu Hiriyaa*<br>- Ogeessa Nageenyummaa Addaa*<br>- Abuurtuu Fayyaa Dhuunfaa<br>- Hojjataa Fayyaa Amalaa<br>*Fayyaa Amalaa | $0 | Ogeessa Gargaartuu Hiriyaa Trillium (Fayyaa Amalaa) kan dhaabbata keessaa ykn nama fedhiiwwan kee addaatiin si gargaaru barbaadadhu. | Daangaa hin qabu |
| | Tajaajiloota Geejjiba Fayyaa Haala Hatattama Hin Taanee (NEMT) | $0 | Hin barbaachisu | Gadifageenyaaf Trillium qunnami |
| | Tajaajiloota Fayyaa Sarara irraa | $0 | Hin barbaachisu | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan.<br>Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| | Tajaajila afaan hiikuu | $0 | Hin barbaachisu | Gadifageenyaaf Trillium qunnami |
| **FAYYAA AMALAA** | Dawaa Fayaadhan Gargaarame Dhukkuba Fayyadama Dawaatiif | $0 | Hin barbaachisu | Guyyoota jalqabaa 30 booda hayyamni dursaa ni barbaachisa |
| | Tajaajila Haguugduu | $0 | Hin barbaachisu | Daangaa Hin Qabu |
| | Tajaajiloota Fayyaa Amalaa Dhukkubsatoota Alaa | $0 | Hin barbaachisu | Guyyoota jalqabaa 30 booda hayyamni dursaa ni barbaachisa |
| | Tajaajiloota Keessoo fi Saykaatirikii | $0 | Hayyamsiisuun ni barbaachisa | Hayyama barbaada |

| FAAYIDAA | | GATII KEE | ULAAGAAWWAN EEGGUMSA DURSAA | DAANGAA EEGGUMSAA YEROO DHIYEESSAA TRILLIUMTIIN FUDHATAMAN |
|---|---|---|---|---|
| | Niwroolojikaala (Narvii fi sirna narvii) fi Qorannoo Addaa | $0 | Hayyamsiisuun ni barbaachisa | Hayyama barbaada |
| | Tajaajiloota Dawaa Hawaasaa Gadifagoo | $0 | Hin barbaachisu | Daangaa Hin Qabu |
| | Qorannoo fi Hordoffii Fayyaa Amalaa | $0 | Hin barbaachisu | Daangaa Hin Qabu |
| | Qorannoo Amalaa Taasifame | $0 | Hayyamsiisuun ni barbaachisa | Hayyama barbaada |
| **QINDEESSUU** | Tajaajila Eeggumsa Qindeessuu | $0 | Hin barbaachisu | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| | Tajaajila Hoggansa Dhimmaa | $0 | Hin barbaachisu | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Gadi fageenyaaf Trillium irratti bilbili |
| | Tajaajilawwan Qindeessa Eeggumsa Cimaa (ICC) | $0 | Hayyamsiisuun ni barbaachisa | Hayyama barbaada |

## Tajaajiloota sagantaa maatii fi ulfa too'achuu

Tajaajilootni sagantaa maatii dubartoota, dhiirotaa fi ijoolleedhaf ni jiru. Tajaajiloota sagantaa maatiitin wal qabatan argachuudhaaf PCP irraa ergaa argachuun sin barbaachisu. Tajaajilootni kunniin tarii dhaabbilee Abbaa Taayitaa Fayyaa Oregon wajjiin waliigaltee qabaatu fi taaajila akkasiii kennuudhaaf hayyama qaban kamirraayyuu ni argama. Tajaajilootni sagantaa maatii fi kanaan wal qabatan ergaa hammachuun isaan irra hin jiraatu.

- Imalawwan sagantaa maatii (qorannoo qaamaa fi barnoota to'annoo ulfaa);
- Dhiyyeessii too'annoowwan ulfaa, kan akka kiniiniiwwanii fi kondomii';
- Tajaajila dhiquu (tubal ligations fi vasectomies);
- Qorannoowwan pap;
- Qorannoowwan ulfaa; fi
- Qorannoo dhukkuboota qunnamtii saalaan daddarbanii (STD) ykn infeekshiniiwwan qunnamtii saalaan daddarbanii (STI).

Odeeffannoo waa'ee ulfa baasuu, qorannoo AIDS fi HIV, fi gorsaatiif Tajaajila Maamilaa OHP kaffaltirraa bilisaa 1-800-273-0557 (TTY 711) dhan qunnami.

## Yoo ulfa ta'e hoo?

Eeggumsi yeroo ulfaa siif godhamu baayyee barbaachisaadha. Eeggumsi maatii fayyaa kee fi daa'ima keetiif baayyee barbaachisaadha.

**TRILLIUM KAN HAGUUGU:**

- Eeggumsa maatii (eegumsa daa'imni dhalachuu dura siif taasifamu);
- Humnaa fi da'uumsa;
- Eeggumsa da'uumsa booda (eeggumsa erga daa'imni dhalateen booda taasifamu); fi,
- Eeggumsa daa'ima kee haaraa dhalatee.

Akka ulfata'uu kee beekteen, OHP Tajaajiloota Miseensaa dhaaf bilbili. OHP Tajaajiloota Miseensaa yeroo ati ulfa taatee jirtutti akka ati faaydaawwan kee OHP hin dhabne siif mirkaneessu.

Trillium sagantaa ulfaa ni qaba. Takka DHS bilbilee waa'ee ulfa keessanii nu beeksisnaan, sagantaa kana keessatti isin hirmaachisna.

Miseensotni garee Start Smart for Baby kan Trillium yeroo ulfa taatee jirtutti tajaajila barbaaddu argachuu kee mirkaneessudhaaf si qunnamu. Akkasumas tajaajilli biraa ati argachuu maltu jiraannaan gareen keenya si qunnama.

## Da'uumsa Hospitaalaa Alaa:

Da'uumsa hospitaalaa alaa barbaadda taanan (manatti ykn bakka da'uumsaatti) tajaajiloota kanneen karaa OHP argachuu ni dandeessa. Tajaajilootni kunniin dubartoota ulfaa'uudhan saaxilamummaa xiqqo qabaataniif eeggumsa maatii fi ulfa boodaa hammata.

Caalmaatti baruudhaaf, maaloo dhiyeessaa kee waliin hojjadhu. Akkasumas Garee Qindeessaa Eeggumsaa KEPRO karaa 1-800-562-4620 tiin qunnamuu ni dandeessa. Qindeessummaadhaan ykn geejjibaan wal qabatee gargaarsa barbaadda taanan, Trillium dhaaf karaa 1-877-600-5472 bilbiliif.

**BARBAACHISA: Hanga danda'ameen akkuma daa'imni kee dhalateen:**

- OHP Tajaajiloota Miseensaa dhaaf bilbili. Daa'ima kee OHP keessatti ni hirmaachisu.
- Yeroo ulfaa keetti tajaajila si barbaachisu hundaa eegduuwwan maatii fi ogeessota irraa argatte taanan, amma PCP filachuu qabda. PCP filachuu irratti akka si gargaaraniif Trillium'f bilbili.
- Miseensota garee Start Smart for Baby irraa siif bilbilamee akkam akka jirtu si hubachuu irratti dabalatee gargaarsa dabalataa ulfa boodaa, akkaataa daawwannaa da'uumsa boodaa mijeessuu dabalatee siif kennama.

**TAJAAJILOOTNI FAYYAA AMALAA ARMAAN GADII YAALA MANA YAALAATIIN ALATTII FI SAGANTAALEE HAWAASA KEESSATTIITTI NI ARGAMU:**

- Tajaajiloota yaalaa: teraappii tokko-tokkoo, teeraappii garee (teeraappii xiinsammuu fi teeraappii qaamaa-barnootaa lamaanuu dabalatee), teeraappii maatii
- Tajaajiloota miidhama fayyadama dawaa
- Too'annoo Maraatummaa fi Dawaa
- Leenjii dandeettii
- Beeksiisa fayyaa
- Tajaajila kaka'uumsaa
- Tajaajilawwan ogummaa

- Hoggansa Dhimmaa
- Eeggumsa Dhuunfaa
- Gargaarsa Hiriyaa
- Teessuma
- Gargaarsa Manaa
- Geejjiba
- Tajaajiloota Miidhamaa

## Qorannoo ijaa fi naduraa argachuu nan danda'aa?

**MISEENSOTNI (HANGA WAGGAA 20 JIRAN) FAAYIDAAWWAN ARMAAN GADII QABU:**

- Qorannoowwan ijaa, leensiiwwan, bocawwan fi mijeen (yeroo tokko tokko tajaajila al idilee jedjamu)
- Qorannoowwan dhukkuba ijaa, miidhama ijaa, fi haala hatattamaa (yeroo tokko tokko tajaajila al idilee jedhamanii kan beekaman).
- OHP'n naduraan sababa fayyaatiif hin kaawwatamu taanan leensiidhaaf kaffaltii ni taasisa. Tajaajilootni al idilee ogeessa addaa ilaaludhaaf dursanii mirkanaa'uu isaan barbaachisa.

**MISEENSOTNI ULFAA GA'EEYYIIN (WAGGAA 21 FI SANAA OL) BU'AAWWAN ARMAAN GADII QABU:**

- Qorannoon ijaa ji'oota 24 tti yeroo tokkotti kan daangeffameedha baasicha mooraa ykn koorniyaa bakka buusuu booda.
- Qorannoowwan dhukkuba ijaa, miidhama ijaa, fi haala hatattamaa (yeroo tokko tokko tajaajila al idilee jedhamanii kan beekaman).
- OHP'n leensiiwwan wal tuqaniif haalota baayyee muraasa qofaaf haguuga.
- Naduraa bakka buusuun ga'eessota kana dura mirkaneessa hin qabneef bu'aa haguuggaan taasifamuufii miti. Tajaajilli ilaalchaa kan idilieen alaa, ogeessa ilaaludhaaf ergaa barbaachsiu.

**GA'EESSOTA ULFA HIN TAANE (UMRII 21 FI SANAA OL) BU'AAWWAN ARMAAN GADII QABU:**

- Qorannoowwan dhukkuba ijaa, miidhama ijaa, fi haala hatattamaa (yeroo tokko tokko tajaajila al idilee jedhamanii kan beekaman).
- Qorannoon ijaa waggoota 2 (ji'oota 24) tti yeroo tokkotti kan daangeffameedha baasicha mooraa ykn koorniyaa bakka buusuu booda.
- Leensiiwwan, bocawwan, fi mijeen baasicha mooraa booda guyyoota 120 qofa haguugamu.
- OHP'n leensiiwwan wal tuqaniif haalota baayyee muraasa qofaaf haguuga.
- Tajaajilli ilaalchaa kan idilieen alaa, ogeessa ilaaludhaaf ergaa barbaachsiu.

## Ajajawwan dawaawwanii akkamiin argadha?

Trillium mana qorichaa Oregn keessa jiru hedduu keessatti haguuggii ni taasisa. Ajaja haakimni siif kenne mana dawaa siif mijatutti geessi. Ajaja Oregoniin alatti guuttachuu barbaadda taanan, manni dawichaa fi dawichis lamaanuu isteeta Oregon jalatti galmaa'uu qabu. Ariifachiisaa taanan, Trilliumdhaaf bilbilii keessumeessa addaa gaafadhu. Haala baayyee murasa keessattidha Trillium guutinsa naannoon alaa kan hayyamu. Dawaawwankeef kaffaltii taasistee jirta taanan, kaffaltii deebisaa gaafachuu ni dandeessa. Haala baayyee murtaa'aa ta'e qofa keessattidha Trillium kan siif deebisee kaffalu.

Duraan Trillium, tarree dawaawwan mirkanaa'anii, dawaawwan ajajamanii Trilliumdhaan haguugamanii qaba. Odeeffannoo dabalataa waa'ee dawaa haguugamanii fi adeemsa hoggansa dukkaana dawaa www.trilliumohp.com irratti argachuu ni dandeessa. Dawaawwan tarreeffaman kan fayyadamaman ta'u, dhukkubsa kee kan fooyyeessanii fi gatii salphaadhan waan argamaniif. Trillium dawaawwam dabaluu ykn hir'isuu ykn ulaagaawwam haguuggii isaanii jijjiiruu ni danda'a. Dawaa tarreewwan keessaa yoo baasne ykn daangeffama dawaa ati fudhattu irra yoo keenye, dursinee si beeksisna. Haakimni kee dawaa tarree Trillium keessa hin jirre siif ajajeera yoo ta'e, fi haakimichi Trillium akka dawicha haguuguuf gaafannaa nuuf dhiyeessanaan, sana fudhachuu ni yaalla. Gaafannaan kee fudhatamuu fi dhiifamuu dursinee sin beeksisna. Waa'ee filannoo keetii haasa'uudhaf ajajaa ykn PCP kee qunnami.

## Dawaawwan hin haguugamne maal faadha?

- Dawaawwan mirkaneessa fayyadamaa FDA hin qabne.
- Dawaawwan haala fayyaatif hin barbaachisne.

- Dawaawwan yaalii ykn qorannoo
- Dawaawwan akka ulfooftuuf si gargaaran;
- Dawaawwan ulfaatina hir'isuuf fayyadan:
- Dawaawwan faayaa ykn rifeensa guddisan.

Trillium dawaawwan ofiin fudhataman (OTC) kan tarree irra jiran muraasaf kan akka aspiriinii, haakimni dawichi siif ajaje taanan gatiisaa ni kaffala. Aannan daa'immanii asitti ilaali https://www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/Benefits-and-Services.html to see what OTC medications are covered.

Ajajawwan hunda hin haguugnu. Dawaawwan hedduun fayyaa sammuutiif fudhataman kallattiidhaan Abbaa Taayitaa Oregon (OHA) dhaan haguugamu. Maaloo ogeessa dawaa kee Eenyummeessa Fayyaa Orogon fi kaardiiwwan Eenyummeessaa Trillium agarsiisi. Manni qorichichaa kaffalticha eessarraa akka taasifamu akka baruuf.

## Dawaa eessaan argadha?

Mana dawaa ati feete kan Kaardii Eenyummeessaa Trillium fudhatu fayyadamuu ni dandeessa. Kaardii Eenyummeessa Fayyaa kee Oregon agarsiisudhaaf qophaa'i. Trillium manneen qorichaa naannawa Clackamas, Multnomah, fi Washington County hedduu wajjiin waliigaltee qaba.

Dawaa kee mana qoricha dawaa ergaa irraa fudhachuus ni dandeessa. Tajaajilli Ajaja Dawaa Poostaa fi CVS Caremark Mail Order Pharmacy'n lamaanuu tajaajila ergaa ni kennu. Intarneeta yoo qabaatte odeeffannoo ajaja dawaa ergaa karaa asirratti ilaaluu ni dandeessa: https://www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/Benefits-and-Services.html Yoo intarneeta hin qabaannee, Tajaajiloota Maamilaa Trillium tti bilbiluu ni dandeessa.

## Daangeffama Haguuggii Dawaa Biroo

Dawaawwan tarree irra jiran muraasni ulaagaa dabalataa biraa yn daangeffama kan armaan gadii dabalatu qabu:

- Fayyadama dawaa jenerikii, yeroo argametti.
- Mirkaneessa dursaa Trillium.
- Teeraappii xiqqaa - dawaa addaa, gatii salphaa dursitee yaaluu.
- Daangaa hammaa

Murtiin Trillium kan mirkaneessaa fi eeggannaa dawaa dursaa sirraa'ummaa fi haala haguuggii qofa irratti hundaa'a. Hojjataan Trillium dawaawwan ittifamaniif kennaan yoo hin kennamneen ykn tajaajiloota kennamaniif kennaan yoo hin kennamneef.

Trillium tarii faayiloota sadan dawaawwan hin galmaa'in irratti miseensota dursa miseensa Trillium ta'uuu dura dawicha fudhachaa turaniif erga hospitaala ykn bakka eeggumsaatii bahanii fedhatan mirkaneessuu mala. Ati ykn haakimni kee dawaa jijjiiramaa kanaan gargaarsa taasisa yoo ta'e bilbiltanii Trillium gaafachuu dandeessu.

## Medicare qaba yoo ta'e ho?

Odeeffannoon kuni maatii Medicare fi Sagantaa Haguugii Fayyaa Oregon qabaniifidha. Faayidaan dawaa isaanii Medicare Kutaa D jedhama. Dawaawwan Kutaa Dtif medicare kaffaltii waloo barbaada. Karoorawwan hedduun kanneen fayyadama dawaa kennan kaffaltii waloo gaafatu. Trillium tajaajiloota fayyaa haguugaman biroo hundaaf haguuguu itti fufa.

## Gargaarsa Dawaa Ajajamaa-Sagantaan Ajaja Dawaa Oregon

Sagantaan Ajaja Dawaa Oregon gatii dawaawwan ajajamanii kanneen faaydaa OHPtiin hin haguugagmnee hir'isuu irratti ni gargaara. Sagantichi jiraattota Oregon hundaaf jira. Bilbilaan makamuudhaaf, 1-800-913-4284 ykn marsariitii Ajaja Dawaa Oregon ilaalaa. www.oregon.gov/OHA/pharmacy/OPDP/pages/applicationpage.aspx#What_is_O PDP

## Sagantaa Gargaarsa Dhukkubsataa (PAP)

Dawaa hin haguugamne kaampanii dawicha hojjatu iirraa tolaan argachuu dandeessa. Odeeffannoo PAP isaanirraatif kaampanii ajaja dawichaa marsariitii isaanii irra ilaali.

## Faaydaawwan Kiitiiwwan Qorannoo COVID-19 Bu'aawwan Mana Qorichaa Naannoo Kee Irraa Argattudha

**COVID-19 tolaa akkamiin manatti argachuu danda'a?**

Manneen qorchaa networkii Trillium Community Health Plan kan FDA dhaan yeroo hatattamaatif mirkanaa'e, kan Ofiin ajajamu (OTC), hayyama yeroo rakkoo kan qaban (EUA) qorannoowan COVID-19 gatii malee argachuu ni dandeessa. Kiitiin qorannoo ajaja hin barbaachisu.

**BARBAACHISA: Qorannoollee manuma qorichaa irraa argadhu. Qorannoowwaniif kuusaa keessatti haaluma baratameen kaffaltii bira hin darbin.** Qorannoowwaniif galmee dhaabataatti kan kaffaltu yoo ta'e, sana booda ajaja dawaa akka siif kaffalamuuf gaaffachuu qabda.

**Qorannoowwan karaa mana dawaa hin haguugamne jiruu?**

Kiitiiwwan qorannoo COVID hammatama keessatti hin haguugamani.

- Kiitii gara mana yaaliitti ergamuu qaban (kiitii sassaabbii)
- Kiitiiwwan akka "OTC" hin ibsamin.
- Kiitiiwwan COVID kan Yunaaytid Isteet alatti argaman.

**Qorannoo COVID-19 manattii ani ofii koof bitadheera, mallaqa isaa deebisaan nan argadhaa?**

Eeyyee OTC FDA dhaan mirkanaa'e yoo bitatte, neetworkii mana qorichaa keenyaa alaa qorannoo COVID-19 EUA ni hammata jechuudha (fkn, Amazon, kuusaa nyaataa, kuusaa dawaa kkf) akka armaan gadiitti kiitiiwwan qorannoo taasisteef kaffaltii deebisaa (qorannoodhaan hanga $12) ni argatta jechuudha.

- Qorannoo manatti taasifamu kan FDA dhaan mirkanaa'e EUA bitadhu.
- Tarreewan FDA dhaan mirkanaa'e EUA'n marsariitii keenya irratti ni argamu. https://www.trilliumohp.com/coronavirus-disease--covid-19-.html, Yookan Tajaajiloota Maamilaa Qunnami.
- Qorannoowwan ajaja malee argaman kan hammtu "OTC" (qorannoo ofiin manatti taasifamu) tarree Yaa'ii jalatti.
- Miseensota hundaafuu uunkaa Kaffaltii Deebisaa Gaafachuu garagaraa galchiif.
  - Akkamiiin gaafannaa kana guutuudhaan galchuu akka dandeessuuf, marsariitiii keenya ilaali https://www.trilliumohp.com/coronavirus-disease--covid-19-.html yookan Tajaajiloota Miseensaa qunnami.

Amajjii 15, 2022 dura qorannoo FDA/EUA dhaan mirkanaa'e kan haakimootaan ajajame bitatte yoo ta'e, waan ati kaffalte irratti hundaa'uun yoo unkaadhan kaffaltiin deebisaa gaafatame, Trillium Community Health Plan deebisee siif kaffala.

**Trillium Community Health Plan lakkoofsa qorannoowwanii maamillan tolaan argatanii ni daangessaa?**

Eeyyee. Ajaja PCP ykn hayyama dursaatin ala taanan, Trillium Community Health Plan kanneen OTC FDA dhaan mirkanaa'an hanga 8, EUA qorannoowwan COVID-19 manatti bitaman ajaja malee guyyoota 30 keessatti miseensaan bitaman haguuga. Qorannoowwan daangaa malee ajaja dhiyeessaa eeggumsa fayyaa seera qabeessa ta'e irraa kennameen haguugamu. Kuni qajeelcha federaalaa Amajjii 10, 2022 bahe hordofeeti

**Gaaffii yoon qabaadhe eenyyuun qunnama?**

Waa'ee haguuggii qorannoowwan COVID-19 ilaalchisee ykn deebisaa kaffaltii argachuu ilaalchisee gaaffii yoo qabaattan, Tajaajiloota Miseensaa at 1-877-600-5472; TTY dhaf bilbili 711.

# TAJAAJILA RAKKOO FAYYAA HATATTAMAA FI ARIIFACHIISAA

## Rakkoon fayyaa hatattamaa maali?

Rakkoon hatattamaa miidhama ykn dhukkuba cimaa, dhukkubbii cimaa kan yoo gargaarsa kallattiihin argatin tarii du'aatii ykn midhama qaamaa cimaa fiduu danda'a jettee ati yaaddudha. Ulfa taanan, kuni daa'imas ni hammata Rakkoon hatattamaa fi ariifachiisaan yeroo hundaa ni haguugama, sa'aatiwwan 24 guyyattii, torbanitti guyyaa torba. Rakkoo hatattamaa Yunaaytid Isteet keessa bakka kimittuu si mudatteef, hospitaala kamiiyyuu ykn bakka biraa deemuu ni dandeessa.

Rakkoo hatattamaa dhugaa qaba jettee yoo yaadde, Yunaaytid Isteet keessa bakka kamituu, rakkoo hatattamaa kamiifuu, Kutaa hatattamaa dhaquudhaaf hayyama sin barbaachisu akkasumas 911 bilbiluu mi dandeessaa.

**RAKKOO HATATTAMAA JECHUUN IMMOO:**

- dhukkubbii qomaa
- hargansuu dadhabuu
- summii
- dhiiguu hin dhaabbanne
- capha lafee
- rakkoo fayyaa sammuu hatattamaa

## Tajaajiloota ambulaansii

Yeroo rakkoo hatattamaatti tajajilli ambulaansiin ni haguugama.

## Rakkoo hatattamaa booda akkamiin eeggumsa argadha?

Eeggumsa hatattamaa hanga ato tasgabbooftutti ni haguugama. Eeggumsa hordoffiitif PCP keetif bilbili. Eeggumsi hosrdoffii erga ati tasgabbooftee booda jiru ni haguugama, garuu akka rakkoo hatattamaatti hin ilaalamu.

Eeeggumsa tasgabbii boodaa jechuun, tajaajila ati rakkoo hatattamaa booda fi erga haalli kee tasgabbaa'ee booda argattu jechuudha. Yoo rakkoo hatattamaatif hospitaala networkiitin alaatti tajaajila argatte, erga haalli kee tasgabbaa'ee booda eeggumsa si barbaachisa.

- Tajaajilli kee akka haguugamuuf hospitaala networkiitti deebi'uu qabda, ykn
- Tajaajilli kee akka haguugamuuf dursa hayyama argachuu danda'uu qabda.

## Eeggumsa hatattamaa akkamiin argadha?

Namni guyyaaf galgalas, guyyoota dhumtorbee fi ayyaanaa irrattis si gargaaru ni jira. Waa'ee rakkoo keetii hatattamaatif PCP kee qunnamuu yoo dadhabde, ykn saffisaan yoo si arguuu dadhaban, gara eeggumsa hatattamaa beellama malee dhaquu ni dandeessa. Rakkoowwan hatattamaa jechuun infeekshiniiwwan, dhukkubbii cimaa faadha. Nama afaan hiiku barbaadda taanan, maaloo kilinika beeksisaa.

PCP kee hanga silaatti hin agarre taanan, haalli kee ariifachiisadha jettee yaadda taana dursii bilbiliif. Maqaan PCP keetii kaardii Eenyummeessaa kee Trillium irra jira. Dhiyeessitoota yeroo hatattamaatif: https://providersearch.trilliumhealthplan.com/ irra ilaaluu ni dandeesssa.

## Iddoowwan Eeggumsa Hatattamaa

**AFC Urgent Care**
397 Warner Milne Road, Oregon City, OR 97045
503-305-6262

**Eagleton Providers PC**
17437 Boones Ferry Road, Suite 100
Lake Oswego, OR 97035
413-887-6030

**Urgent Care Oregon, LLC**
861 W Main Street, Molalla, OR 97038
503-873-8686

**Uptown Providers PC**
7033 NE Sandy Boulevard, Portland, OR 97213
503-306-6262

**Uptown Providers PC**
25 NW 23rd Place, Suite 11, Portland, OR 97210
503-766-2215

**Uptown Providers PC**
14284 SW Allen Boulevard, Beaverton, OR 97005
503-305-6262

## Magaalaan ala ykn isteetaan ala yoo jiraadhe fi yaalli yoo na barbaachise ho?

Trillium miseensota Yunaaytid Isteet keessa eessatti kan haguuguf ta'us, miseensotni Oregoniin ala imalanii rakkoon ariifachiisan yoo isaan mudate maal gochuu akka qaban baruu qabu. Trillium isteeta biraa keessattis kutaa ariifachiisaa seentee akka yaalamtu yoo kan mirkaneessu ta'es, kana jechuun dhiyeessitootni yaala hatattamaa siif kennan hunduu Trillium'f kaffaluudhaf hayyamamoodha jechuu miti. Kana jechuun kaffaltiiwwan kana ati fudhachuu dandeessaa jechuudha. Waraqaa kaffaltii namoota hospitaala keessatti si yaalaniin siif kennamu fudhachuu hin didin. Waraqaa kaffaltii biraa argatta taanan, CCO'n rakkoowwan kanneenif furmaata siif kaa'uu danda'a.

**RAKKOON HATATTAMAA TARII:**

- Dhukkubbii onnee;
- Harganuu dadhabuu;
- Summaa'uu;
- Dhiiga kan addaan hin dhaabbanne;
- Lafeen caphuu; ykn
- rakkoo fayyaa sammuu hatattamaa.

Maaloo wantoota kutaa eeggumsa ariifachiisaakeessatti yaalamaniif ER hin fayyadaminaa. Rakkoowwan hatattamaa infeekshiniiwwan ciccimoo, dhukkubbii cimaa fi hammata.

**TARKAANFIIWWAN YEROO KUTAA HATATTAMAA ISTEETAAN ALAA KEESSA JITU FUDHACHUU QABDU:**

- Yeroo isteetaan ala imaltu kaardii eeyummeessaa kee Trillium of wajjiin qabaachuu kee hin dagatin.
- Akkuma gaafatteen yoo isaan karaa Trillium (Medicaid) kaffaluudhaaf hayyamamoo ta'an kaardii kee itti kenni.;
- Trilliumdhaaf bilbilii maal akka ta'e ibsiif akkasumas maal gochuu akka qabdu irratti gorsa gaafadhu.
- Hanga dhiyeessaan Trillium (Medicaid) dhaaf kaffaluuf hayyamamaa ta'utti waraqaa kamiiyyuu hin mallatteessin;
- Yoo guutumatti danda'ame, yeroo ati achi jirtutti Trillium akka dhiyeessaa wajjiin dubbatu taasisi.

Haala hatattamaa keessatti tarkaanfiiwwan armaan olii kunniin mijachuu dhabu. Ta'us, qophaa'uu fi yeroo rakkoo hatattamaatti maal gochuun akka sirri jiraatu beekuun, isteeticha keessatti utuu kutaa ariifachiisaa keessa jirtuu rakko waraqaa kaffaltii wajjiin wal qabatu furuuf si gargaara. Tarkaanfiiwwan kanneen fudhachuun miidhama tajaajiloota Trillium kaffaluuf, kan garuu dhiyeessaan CCOdhaaf hin kaffalle waraqaa kaffaltii fudhachuu irraa si ittisa.

## Yoo waraqaa kaffaltii argadhe maalan godha?

Maaloo waraqaawwan kaffaltii fayyaa fudhachuu hin didin – kallattiidhaan nuuf bilbilaa. Dhiyeessitootni hedduun waraqaawwan kaffaltii hin kaffalamin akka sassabaniif ejensiiwwan sassaabbiitti dabarsuu ykn mana murtiitti himachuu malu. Kuni takkaa ta'e taana rakkoowwan kana fyruun ulfaataadha.

Waraqaawwan kaffaltii yeroo OHP keessa jirtu akkuma argatteen, ati kan gochuu qabdu:

- Kallattiidhaan Trillium Tajaajiloota Miseensaa dhaaf bilbiltee dhiyeessaan tajaajila OHP tiif si kaffalchiisaa akka jiru himuu qabda. Waraqaaleen akka sirraa kaffalaman ni taasisna. Hanga waraqaa baayyee argattutti hin eegin.
- Ni ta'a yoo ta'e, Trilliudhaaf xalayaa yeroo tajaajilaatti OHP irran ture jedhu erguudhaan ol iyyannaa gaafachuu ni dandeessa. Garagalcha xalayaa galmeedhaaf ol kaawwadhu.
- Waraqaa kaffaltii kaffaluu keenya faana bu'i.
- Xalayaa mana murtii yoo argatte, kallattiidhaan nuuf bilbili. Gorsa seeraa fi gargaarsaaf abbaa alangaa Bilbila Tolaa Faayidaawwan Hawaasaa karaa 800-520-5292 qunnamuu ni dandeessa. Yeroo OHP tti dogongoraan akka kaffaltu taasifamteerta taanan seerri si gargaaru ni jira. Yeroo OHP tti dogongoraan akka kaffaltu taasifamteerta taanan seerri si gargaaru ni jira.


Yoo sababa ta'een Trillium tajaajiloota keetif hin kaffalu ta'e, murtii sana ol iyyachuu fi akka keessa deebinee ilaallu nu gaafachuu ni dandeessa. Odeeffannoo dabalataatif kutaa "Komiiwwan (Mufiiwwan) fi ol iyyannoo" jedhu ilaali.

**OHP eeggumsawwan hatattamaa fi ariifachiisaa Yunaaytid Isteet keessatti eessattuu ni haguuga, garuu U.S ala ta'uu hin danda'u. Kana jechuun OHP'n eeggumsa kamiiyyuu Mexico ykn Canada keessatti sirra ga'u kamiifiyyuu hin kaffaluu jechuudha.**

# Faayidaawwanii fi tajaajiloota ilkaanii ke

## Tajaajilootni ilkaanii maal fa'a?

Tajaajilootni ilkaana qaama faaydaawwan keetiiti. Qorannoowwan waliigalaa ittisa eeggumsa ilkaanii keetii taasisuun walumaagala fayyaa keetii fi dhibeewwan fayyaa mudachuu malan ittisuuf gaaridha. Tajaajila ilkaanii kee wajjiin gargaarsa barbaadda taanan, Trilliumdhaaf bilbili. Eeggumsa ati barbaaddu akka argattuuf si gargaarudhaaf as jirra.


Trillium Community Health Plan Medical-Dental-Behavioral Health
**Name:** <John Smith>
**Oregon Health Plan#:** <123456789101112>
**PCP Start Date:** <12/05/2016>
**Doctor (PCP):** <Dr. Jane Doe>
**RX:** Envolve Rx | **RXBIN:** 004336
**RXPCN:** MCAIDADV | **RXGRP:** RX5481
**DCO:** <DCO Name>
**DCO Phone:** <(555) 555-1234>
**Mental Health Crisis Hotline:**
Multnomah Co.: 503-988-4888 | 800-716-9769
Washington Co.: 503-291-9111 | Clackamas Co.: 503-655-8585

Yeroo ogeessa ilkaanii bira deemtu maaloo Kaardii Eenyummeessa Miseensa Trillium fi Eenyummeessa Fayyaa Oregon mul'isi. Kaardii Miseensummaa kee yoo gatte, maaloo Tajaajiloota Miseensaa tti karaa 1-877-600-5472, TTY 711 tiin bilbiluudhaan haaraa gaafadhu.

## Karoora ilkaanii kiyya akkamiin filadha?

Sagantaa ilkaanii hin qabdu yoo ta'e ykn sagantaa ilkaanii kee jijjiiruu barbaadde, maalooo Tajaajiloota Miseensaa karaa 1-877-600-5472, TTY 711 qunnami.

## Faayidaawwan ilkaanii kiyya akkamiin fayyadama?

Sagantaa ilkaanii hin qabdu yoo ta'e ykn sagantaa ilkaanii kee jijjiiruu barbaadde, maalooo Ogeessa Ilkaanii Jalqaa (PCD) kee qunnami. PCD'n kee fedhiiwwan ilkaanii kee irratti si wajjiin hojjata. Eeggumsa ilkaanitiif dhiyaachuu kee dura PCD keetif dursii bilbili.

## Ogeessa Ilkaanii Jalqabaa kiyya akkamiin filadha?

Ogeessa Ilkaanii Jalqabaa (PCD) marsariitii Trillium Ogeessa Ilkaanii Argachuu irraa filachuu ni dandeessa. https://www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/benefit-information.html.html

Ykn, waajjira PCDwwan keetti bilbiltee beellama kee PCD jalqabaa isaan siif qindeessu.

**Advantage Dental Services**
Tajaajila Maamilaa
Kaffaltiirraa bilisaa 1-866-268-9631
TTY 711

**Capitol Dental Care**
1-503-585-5205 ykn kaffaltiirraa bilisaa
1-800-525-6800
TTY 1-800-735-2900

**Oregon Dental Service**
1-503-243-2987 ykn kaffaltiirraa bilisaa
1-800-342-0526
TTY 1-503-243-3958 ykn 1-800-466-6313

## Ogeessa Ilkaanii Jalqabaa kiyya wajjiin akkamiin beellama qabadha?

- PCD keetiif yeroo hojiitti bilbili. Lakkofsa bilbilaa qajeelcha dhiyeessaa ilkaanii kee irratti ykn Tajaajiloota Miseensaa dhaaf bilbiluun argachuu ni dandeessa.
- Waajjirichi ati miseensa Trillium ta'uu fi maalif akka ogeessa ilkaanii ilaaluu barbaadde itti himi.
- Gara beellamaatti Eenyummeessa Miseensummaa Trillium fi Eenyummeessa Fayyaa Oregoniif qabattee dhaquu hin dagatin.
- Yoo nama afaan ykn afaan mallattoo hiiku fayyadamta ta'e, hojjataa kilinikaa yeroo beellama qabattutti itti himuu hin dagatin.

## Eeggumsa ilkaanii kee mijeessudhaaf, Ogeessi Ilkaanii Jalqabaa kee:

- Tajaajila gaarii siif kennuuf seenaa fayyaa ilkaanii kee bakka tokkotti kuusa.
- Eeggumsa ilkaanii hatattamaa fi ariifachiisaa guyyatti sa'aatiiwwan 24, torbanitti guyyaa 7 akka argattu taasisa.
- Yeroo eeggumsa ilkaanii barbaaddutti, nama jalqaba qunnamamu ta'i; fi
- Yoo barbaadde, ogeessa ilkaanii addaa qunnami.

## Beellama kiyyaaf geejjiba argachuu nan danda'aa?

Beellama qabachuudhaaf gargaarsa barbaddaa taanan, maaloo MTM kaffaltii irraa bilisaa karaa 877-583-1552 (TTY 711) tiin bilbiliif. Ati hin qabdu taanan, haakima, ogeessa ilkaanii, ykn gorsaa akka argattu si gargaaruu ni dandeenya. Tarii gargaarsa geejjibaaf kaffaltee argachuu ni dandeessa.

## Ogeessa Ilkaanii Jalqabaa kiyya akkamiin jijjiira?

PCD kee waggatti yeroo lama jijjiiruu ni dandeessa. PCD kee jijjiirudhaaf, qajleecha sagantaa ilkaanii kee fayyadami.

## Ogeessa addaa ykn dhiyeessaa biraa ilaaluu barbaadda yoo ta'e ho?

Ogeessa addaa ykn dhiyeessaa biraa ilaaluu barbaadda taanan, jalqaba PCD kee waliin beellama qabadhu. PCD'n kee tajaajilawwanii fi qorannoowwan maalii akka ati barbaaddu ni murteessa. Yoo ogeessa addaa ykn dhiyeessaa biraa ilaaluu feete, PCD'n kee si erga. Yoo PCD'n kee barbaachisaadha jedhee kan yaadu ta'e, ergaawwan akkaataa dhimmaa irratti hundaa'udhaan ilaalamanii ta'u. Beellamaaf ogeessa addaa ykn dhiyeessaa biraa bira deemuu dura, sagantaan ilkaanii kee dursee mirkaneessuu qaba.

**Barbaachisa:** Dhiyeessaa keetti xalayaa ergaa malee adeemuun waraqaan kaffaltii akka hin kaffalamneef sababa ta'uu danda'a. Kana jechuun dhiisicha mallatteesita taanan, waraqicha ni kaffalta jechuudha

# FAAYIDAA ILKAANII MAALITAN QABAA?

## Guduunfaa Faayidaa fi Tajaajilotaa

| FAAYIDAAWWAN | | DUBARTII ULFAA FI MISEENSA 21 GADII | GA'EESSOTA BIRAA HUNDAA |
|---|---|---|---|
| **TAJAAJILOOTA HATATTAMAA** | Tasgabbeessa Haala Hatattamaa (iKabba jireenyaa keessa fi alatti) Fakkeenyaf:<br>• Dhukkubbii ykn infeekshinii cimaa<br>• Dhiiguu ykn iita'uu<br>• Miidhama ilkaanii ykn ergaa | X | X |
| **TAJAAJILOOTA ITTISAA** | Qorannoowwan | X | X |
| | Qulqulleessuu | X | X |
| | Yaala Foloraayidii | X | X |
| | Dhiqaa | X | Hin haguugamu |
| | Guuticha | X | X |
| | Qabduu Ilkaanii Cinaa | X | Daangeffamaa |
| | Qabduu Ilkaanii Guutuu | Daangeffamaa | Daangeffamaa |
| | Goonfoo | Daangeffamaa | Hin haguugamu |
| **YAALA BAQAQSUU AFAANII FI ENDODONTICS** | | | |
| | Baasicha | X | X |
| | Teeraappii Karaa Hundee | X | Daangeffamaa |
| *Faaydaawwan tarii ulaagaawwan mirkaneessa duraa fi daangeffama deddeebii qabaachuu malu. | | | |

# TAJAAJILA EEGGUMSA RAKKOO ILKAANII HATATTAMAA FI ARIIFACHIISAA

## Rakkoon ilkaanii hatattamaa maali?

Eeggumsi rakkoo ilkaanii yeruu hundaa guyyatti sa'aatii 24, torbanitti guyyaa 7 ni argama. Rakkoon hatattamaa rakkoo eeggumsa kallattii barbaadu jechuudha. Miidhama ykn haala jabaataa tasaa ta'uu danda'a. Fakkeenyi haalota hatattamaa muraasaa:

- Infeeksinii hamaa
- Malaa hamaa (malaan waan irgoo kee irratti ba'udha)
- Dhukkubbii ilkaanii cimaa (dawaa ofiin fudhatamu fudhattee dhukkubbiin yoo sin dhiisnee) fi
- Ilkaan caphe.

Rakkoo hatattamaa qabaatta taanan 911tti bilbili. Tajaajila ambulaansii, kan yeroo rakkoo hatattamaatti haguugamu barbaadda taananis, 911 irratti bilbili.

Haala kee fooyyessudhaaf, eeggumsa dandamannaa boodaatis argachuu ni dandeessa. Odeeffannoo dabalataa hospitaalota tajaajiloota hatattamaa fi tajaajiloota tasgabbii boodaatif, "Akkamiin Haakima ykn dhiyeessaa argachuu danda'a" kan jedhu ilaali.

## Tajaajilli ilkaanii ariitii maali?

Rakkoon ilkaanii ariifachiisaan eeggumsa ariitidhaan barbaadamuudha, garuu yeroodhuma sanattii miti. Fakkeenyotni muraasni eeggumsa ariitii:

- Dhukkubbii ilkaanii;
- Irga iita'e; if
- Miira dhabuu.

Tajaajillootni ilkaanii muraasni karoora ilkaanii irraa dursa mirkaneessaa barbaadu, garuu eeggumsi ilkaanii ariitii ykn hatattamaa mirkaneessa dursaa hin barbaadan.

## Magaalaan ala yoo jiraadhe fi rakkoo ilkaanii hatattamaa yoon qabaadhe hoo?

Kabba Trillium tajaajila itti kennuu deemta taanan fi rakkoo hatattamaa qabaatta taanan, jalqaba PCP qunnamuuf yaali (ajaja olitti ilaali). Kutaa eeggumsa hatattamaa Yunaaytid Isteet keessaa bakka kamittuu yaala argachuu ni dandeessa. Rakkoo fayyaa ilkaanii hatattamaa naannoodhan alatti fudhatta yoo ta'e, ogeessi ilkaanii kee sagantaa ilkaanii kee haala kaffaltii fi gabatee dhukkubni ilkaanii kee hatattama ta'uu ibsu akka ergu itti himi.

## Rakkoo hatattamaa booda akkamiin eeggumsa argadha?

Rakkoo fayyaa hatattammaa ogeessa ilkaanii erga ilaaltee boodaa, PCD eggumsa walitti fufaa akka siif taasisuuf qunnami.

# FAAYIDAAWWAN FAYYAA SAMMUU FI HIRKANNAA DAWAA

## Tajaajilootni fayyaa sammuu maal faadha?

Tajaajilootni fayyaa sammu namooota mukaa'ina, jeequmsa, rakkoo maatii, amala rakkisaa, ykn rakkoo fayyaa sammuu biraa qaban kan akka ati jiraachuu barbaaddu irraa si ittisuuf ni argamu. OHP'n tajaajiloota si gargaaran hedduu haguuga.

Tajaajilootni ga'eessotaa fi daa'imaa kan hammatu teeraappii tokko-tokkoo, teeraappii maatii, teeraappii garee, hoggansa dawaa, hoggansa dhimmaa, ykn ijaarsa dandeettii faa hammata. Teeraappistii maaltu akka si barbaachisu si gorsu qunnamtee ilaalamuu ni dandessa. Gargaarsa ati barbaaddu irratti si gargaarudhaf si qunnamuu keenyatti gammachuu qabna.

Si yookna nama ati jaalatti barbaadaniif tajaajila hoggansa dhimaa kennuu ni dandeenya.

Barbaachisa: Dhiyeessaa networkii irraa tajaajila fayyaa sammuu argachuudhaaf ergaa sin barbaachisu. Tarree dhiyeessitoota networkiitif maaloo Qajeelcha Dhiyeessaa Trillium ilaali.

## Tajaajiloota fayyaa sammuu ga'eessotaa

Ga'eessotni dhiyeessitoota keenya baayyee keessaa rakkoowwan fayyaa sammuutiif gargaarsa argachuudhaaf filachuu ni danda'u. Haalli dawaa Eeggumsa Hawaasaa Gadfagoo ykn ACT namoota rakkoo fayyaa sammuu cimaadhan wal qabatee mana yaalaa seenanii turan fi kanneen fayyaan isaanii caalmatti gadi bu'uuf ykn saaxilamuuf carraa qabu gargaara.

Gareewwan ACT namoota hawaasa isaanii keessa bakka isaanitti of fooyyeessab keessatti eeguu irratti cimanii hojjatu kanammoo garee ogeessota garagaraa, carraa hojii gargaarsa taasisuu, fi hoggansa dhimmaa wajjiin ta'uun hojjatu.

## Tajaajila fayyaa sammuu daa'immanii

Daa'imman rakkina sammuu qaban karaa hedduun yaalamu. Teeraappiiwwan daa'imichaaaf ykn karaa salphaadhan maatiiwwanisaanitiif akka gahuuf ejansiiwwaniin alaa, manneen keessatti, fi manneen barnootaa keessatti ni kennama.

Yeroo tokko tokko daa'imma/dargaggootni rakkoo fayyaa sammuu cimaa waan qabaniif, manattti, manneen barnootaatti fi bakka biraatti milkaa'udhaaf ni rakkatu. Fedhii isaanii irratti hundaa'udhaan daa'immanii/dargaggoota fi maatiiwwan isaanitiif gargaarsi tajaajilootni fi gargaarsotni ni jiru. Tajaajilli kuni tajaajilawwan mana yaalaatin alatti kennaman, Sagantaa Tajaajila Gargaarsaa Mana Yaalaa Keessaatttii, Sagantaa haguuguu, ykn Qindeessa Eeggumsa Addaa hammachuu mala. Tajaajilootni maalii akka siif gaarii ta'an barachuu yoo barbaadde, nuuf bilbiliitoo si gargaaruu dandeenya.

# FAAYDAAWWAN FAYYAA SAMMUU HIRKATTUMMAA KEEMIKAALAA KIYYA AKKAMIIN FAYYADAMUU DANDA'A?

## Dawaa hirkattummaa keemikaalaa (alkoolii ykn dawaa) akkamiin argachuu danda'a?

Rakkoowwan alkoolii dawaa namichaa fii maatii isaa irratti ni ulfaatu. Rakkoon qaba jettee yoo yaadde, gargaarsa gaafadhu. Qajeelchi Dhiyeessa Trillium dhiyeessitoota hirkannaa keemikaalaa ati itti bilbiluu dandeessu qaba. Akkasumas gargaarsaaf Trilliumdhaaf bilbiluu ni dandeessa.

Fedhii fayyaa sammuu ilaalamuu qabda taanan kallattiidhaan dhiyeessaa fayyaa sammuu wajjiin beellama qabachuu ni dandeessa.

**Tajaajilooya fayyaa sammuu kallattiidhaan barbaadda taanan**, Dhiyeessaa Qajeelcha Trillium irratti argamuuf, ykn Trillium'f bilbiluu ni dandeessa.

## Dhiyeessaa fayyaa sammuu akkamiin argachuu danda'a?

Dhiyeessitootni Trillium muraasni dhukkubsatoota haaraa hinfudhatani. Dhiyeessaa dhukkubsatoota haaraa simatu argachuu ykn dhiyeessaa afaan Ingiliffaatin ala dubbatu argachuu irratti gargaarsa barbaadda taanan, Trilliudhaaf ibilbili. Eeggumsa fayyaa idileedhaaf dirqama hospitaala Qajeelcha Dhiyeessaa Trillium irratti tarraa'e filachuu qabda.

Intarneeta yoo qabaatte dhiyeessaa barbaaduu ykn qajeelcha dhiyeessaa: http://providersearch.trilliumhealthplan.com irraa maxxanfachuu ni dandeessa.

**TRILLIUM TIIF BILBILI YOO:**

- Dhiyeessaa fayyaa sammuu gargaarsa si barbaachisa ykn dhiyeessaa afaan Ingiliffaa malee afaan biraa dubbatu barbaachuu qabda.
- Dhiyeessaa fayyaa sammuu kan Dhiyeessaa Qajeelcha Trillium ilaaluu danda'uu qabda. Jalqaba Trillium irraa mirkaneessa argachuu qabda. Mirkaneessi akkanaa kuni dhimmoota addaa qofaatif ta'a.
- Dhiyeessaa fayyaa sammuu keetii jijjiiruu qabda.
- Tajaajiloota fayyaa amalaa hin haguugamne qindeessuu irratti gargaarsa si barbaachisa.

## Dhiyeessaa fayyaa sammuu kiyyaa irratti gargaarsa yoon barbaade ho?

Miseensotni Trillium dhiyeessitoota fayyaa sammuu ilaaluu barbaadan ni filatu. Dhiyeessaa fayyaa sammuu filachuudhan gargaarsa yoo barbaadde, Trilliumdhaaf bilbili. Dhiyeessaa fayyaa sammuu Qajeelcha Dhiyeessaa Trillium alatti tarraa'en ilaalmte yoo ta'e ykn dhiyeessaa biraatti hihhiirachuu yoo barbaadde, Trilliumdhaaf bilbili.

## Dhiyeessaa fayyaa sammuu kiyya wajjiin akkamiin beellama qabaachuu danda'a?

Jalqabuudhaaf, tarree dhiyeessaa Qajeelcha Dhiyeessa Trillium kamiiyyuu bilbilachuu ni dandeessa, ykn Trillium dhiyeessaa akka filachuudhan si gargaaruuf bilbiliif. Dhiyeessaa fayyaa takkaa yoo filatte, kallattiidhaan isaan ilaaludhaaf beellama qabachuu ni dandeessa. Beellamaaf dhufuu yoo dadhabde, hanga dandeessen hatattamaan dhiyeessaa fayyaa sammuu keetif bilbili. Utuu dhiyeessaanfayyaa sammuu keetii hin beekin beellama yoo dabarsite, dhiyeessaa fayyaa sammuu biraa akka barbadattuuf si gaafachuu malu.

## Tajaajilawwan Fayyaa Amalaa Hin Haguugamne

Tajaajilli fayyaa sammuu Trillium Community Health Plan irraa hin kaffalle muraasni ni jiru, garuu OHP isaanif ni kaffala. Tajaajila kana qindeessuu irratti gargaarsa barbaadda taanan, kan akka eeggumsa maraattummaa, maaloo Trillium Tajaajiloota Miseensaa tiif bilbilaa. Qajeelchaa eeggumsaatti dubbachuuf gaafadhaa.

**FAKKEENYOTNI TAJAAJILA OHP KANNEEN TRILLIUM DHAAN HIN KENNANMNEE:**

- Dawaawwan muraasa kan dhukkuboota amalaatif ajajaman
- Miseensota umriin isaanii 21 gadi ta'eef kaffaltii deebisaa garee teerappii manattii
- Miseensota ganna 18 fi sanaa ol ta'aniif eeggumsa fayyaa sammuu yeroo dheeraa.
- Eeegumsa dhuunfaa miseensota garee mana keessa jiran umrii 18 ykn sanaa ol jiraniif

Odeeffannoo dabalataa waa'ee tarree guutuutif, Trillium Tajaajiloota Miseensaa 1-877-600-5472 dhaan bilbiliif.

## Dawaa ajajame akkamiin argadha?

Trillium dawaawwan mana qorichaa Oregon keessaa hedduu ni haguuga. Ajaja dawaa haakimni kee siif kenne mana qorichaaa dhiyeenya siif qabutti geeffadhu. Ajaja dawaa Oregon ala guuttachuu barbaadda taanan, dukkaanni dawaa fi ajajaanis lamaanii isteeta Oregon keessatti galmaa'uu qabu. Ariifachiisaa taanan, Trilliumdhaaf bilbilii keessumeessa addaa gaafadhu. Haala baayyee murasa keessattidha Trillium guutinsa naannoon alaa kan hayyamu. Dawaawwankeef kaffaltii taasistee jirta taanan, kaffaltii deebisaa gaafachuu ni dandeessa. Haala baayyee murtaa'aa ta'e qofa keessattidha Trillium kan siif deebisee kaffalu.

Dawaawwan hin beekamneef ykn ofiin fudhatamaniif haakima kee ykn Trillum'dhaaf bilbili.

Ajajawwan hunda hin haguugnu. **Dawaawwan namootni fayyaa sannuutiif fudhatan hedduun isaanii Abbaa Taayitaa Fayyaa Oregoniin (OHA) haguugama. Maaloo ogeessa dawaa kee Eenyummeessa Fayyaa Oregon fi Kaardiiwwan Eenyummeessaa Oregon agarsiisi. Manni qorichaa waraqaa kaffaltii eessatti akka ergu ni beeka.**

# TAJAAJILOOTA FAYYAA SAMMUU HATATTAMAA & RAKKISAA

## Rakkoon fayyaa sammuu hatattamaa maali?

Rakkoon fayyaa hatattamaa miira ykn gocha too'annoon ala ta'uu ykn haala si ykn nama biraa miidhuuti. Gargaarsa kallattiidhaan argadhu. Rakkoon cimaan hanga sirra gahuu hin eegin. Lakkoofsa bilbilaa Rakkootti ykn 911 tti bilbili ykn Kutaa Hatattamaa (ER) tti deemi.

Haala hatattamaa keessatti tajaajilli ambulaansii haguugamaadha. Tajaajila ambulaansii 911 tti bilbiluun argachuu ni dandeessa.

- Yoo kaawuntii Clackamas keessa jiraatti, sararaa yeroo rakkoo kaawuntichaa 24-7 karaa 503-655-8585 bilbiluu ni dandeessa.

- Yoo kaawuntii Multnomah keessa jiraatti, sararaa yeroo rakkoo kaawuntichaa 24-7 karaa 503-988-4888 bilbiluu ni dandeessa.
- Yoo kaawuntii Washington keessa jiraatti, sararaa yeroo rakkoo kaawuntichaa 24-7 karaa 503-291-9111 bilbiluu ni dandeessa.
- Yeroo rakkoo hatattamaa yeroo kamiiyuu nageenymmaan sittin dhaga'amne taana 911 irratti bilbili. Poolisiin bakka ati jirtuuti dhufee sagantaa deebisaa rakkoo dhiyeenyatto argamu akka qunnamtuuf si gargaara.

Namni rakkoo ariifachiisaa keessa jiru dargaggeessa, ganna 18 gadii yoo ta,e Bilbila Yeroo Rakkoo Dargaggootaa karaa 541-689-3111, TTY 711, 911 bilbiluudhaan ykn gara kutaa rakkoo hatattamaa (ER) deemuu ni dandeessa. Tajaajilli rakkoo socho'aan guyyatti sa'aatiiwwan 24, torbanitti guyyaa 7 Ogeessa Fayyaa Sammuu Ulaagaa Guuteen (QMHP) kennamu. Bilbila rakkoo irratti hundaa'udhaan, yaalli teeraappuweetikii QMHP dhaan kennaman yoo kilinikaan ajajamaniidha.

Tajaajilootni yeroo rakkoo hatattamaa fi sararri yeroo rakkoo kan silaa bakka hawaasaa keessatti tasgabbii lallabu, kan sodaachisaa, ibsa rakkoo hatattamaa ykn bakka yaalaa ariifachiisaatii miti. Ati mana keessatti Dawaa Addaa Fayyaa Mana Keessattii fudhatta taanan, sararri yeroo rakkoo sa'aatii 24 siidf banaadha.

Rakkoon hatattamaa miidhama cimaa ykn dhukkubbii tasaa, midhama cimaa kan ati tarii du'aati ykn miidhama qaamaa cimaa eeggumsa yoo hin argannee geessisuu danda'uudha. Kuni immoo ati ulfa taanan daa'ima kee hin dhalatinis ta'uu danda'a. Eeggumsi ariifachiisaan sa'aatiiwwan 24 guyyatti fi guyyoota 7 torbanitti ni haguugama Rakkoo hatattamaatif hospitaala kamiiyyuu, bakka kamiiyyuu deemuu ni dandeessa. Odeeffannoo dabalataa eessatti tajaajiloota hatattamaa argachuu akka dandeessutiif, Haakima ykn dhiyeessaa akkamiin argadha kan jedhu ilaali.

## Magaalaan ala ta'ee rakkoo hatattamaa yoon qabaadheho?

Rakkoo fayyaa sammuu hatattamaa yoo qabaatte fi yaalaf kaawuntiiwwan Clackamas, Multnomah, ykn Washingtonitti deebi'uu yoo hin dandeenye, kutaa hospitaalaa ariifachiisaa kamuu dhaquu dandeessa. Hanga Yunaaytid Isteet keessa jiaattetti rakkoon kutaa hatattamaa kee ni haguugama. Eeggumsa hatattama hin taaneef kutaa hatattamaa hin fayyadamin.

## Rakkoo hatattamaa booda akkamiin eeggumsa argachuu danda'a?

Eeggumsi hatattamaa hanga ati bayyanatutti ni haguugama. Eeggumsa hordoffiitiif, PCP ykn dhiyeessaa fayyaa sammuu keetti bilbili. Eeggumsi erga ati bayyanattii booda jiru ni haguugama, garuu akka rakkoo hatattamaatti hin ilaalamu.

## Beellama kiyyaaf geejjiba argachuu nan danda'aa?

Beellama kee qabasiifachuu irratti gargaarsa yoo barbaadde, MTM karaa 541-682-5566 ykn 877 karaa 711 qunnami. Ati hin qabdu taanan, haakima, ogeessa ilkaanii, ykn gorsaa akka argattu si gargaaruu ni dandeenya. Tarii gargaarsa geejjibaaf kaffaltee argachuu ni dandeessa.

# KOMII (MUFII) FI OL IYYANNAAWWAN

## Akkamiin komii ykn mufii dhageessifachuu danda'a?

Trillium, tajaajiloota eeggumsa fayyaa, ykn dhiyeessaa keetin, wajjiin gammachuu hin qabdu taanan, komii yln mufii sababa ittisaatin alaa kamiifiyyuu galfachuu ni dandeessa. Wantoota haala gaarii irratti akka ta'aniif ni yaalla. Tajaajila Tajaajiloota Miseensaa karaa 1-877-600-5472, TTY tiin bilbiliif: 711, ykn teessoo kanaan xalayaa niif ergi: Trillium Community Health Plan, 555 International Way, Building B, Springfield, Oregon 97477.

Akkasumas Kutaa Tajaajila Maamillaa Karoora Fayyaa Oregon karaa 1-800-273-0557 bilbiltee komii kee galfachuu ni dandeessa. Dhiyeessaan ykn namni biraa

komii kee ol siif galchuu danda'u. Kana gochuudhaaf hayyama barreeffamaa sirraa argachuu qabu.

Gaafa komiin nu qaqqabe irraa kaasee guyyoota hojii 5 keessatti furmaata kenninee siif bilbiluu ykn siif barreessuu qabna.

Guyyoota hojii 5 keessatti furuu hin dandeenye taanan, guyyoota hojii 5 keessatti maalif akka hin danda'in ibsinee xalayaa siif ergina. Komii kee deebiseeuuf hanga guyyaa 30 nutti fudhachuu mala. Ati akka himamuuf gaafatta yoo ta'e malee, waa'ee komii keetii nama tokkottuu hin himnu. Trillium komii kee furuudhaaf yeroo dheeraa fudhata taana afaan keetin ni beeksifamta

Akka yaadachiisaatti, Trillium fi dhiyeessaan komii, qorannoorratti wal gargaaruu, ykn waan ati seerana ala jettee yaaddu tokkoon waliigaluu dhabuu hin danda'ani, Trillium ol iyyannaa, mufii, komii caqasa ati galfatte akka kaastu si gaafachuu mirga hin qabu.

## Tajaajilli ni didama taanan – akkamiin ol iyyachuu danda'a?

Tajaajilli ni didama, hir'ifama, ni dhaabbata taanan, Adverse Benefit Determination (NOABD) tu siif ergama. Dhiyeessaa keetis ni beeksisna. Xalayichi akkamiin akka ol iyyattu (murtii keenya akka jijjiirru nu gaafata) ibsa. Karaa ol iyyannaa ykn dhageettii qixxummaa isteetaatin akka jijjiirru nu gaafachuu mirga qabda Ol iyyannaa afaanin ykn barreeffamaan guyyoota 60 xalayaa Beeksisa Murtii Faallaa Bu'aa keessatti gaafachuu ni dandeessa.

Tajaajilli ittifame yoo jiraate fi ibsa barreeffamaa ittifamuu yoo hin argatin, ykn dhiyeessaan tajaajila hin haguugamneef akka kaffaltu yoo si gaafate, beeksisa ittisaa akka siif kennamu gaafachuu mirga qabda. Beeksisichi tajaajilli akka hin haguugamne mul'isa. Takka ittisni siif ergamnaan, Trillium'f ol iyyannaa gaafachuu ni dandeessa.

## Dhiyeessaan kiyya ol iyyannaa naaf gochuu danda'aa?

Tajaajilli kan ittifame siifi taanan, dhiyeessitootni bakka kee bu'anii komii galfachuu mirga qabu. Kana gochuudhaaf hayyama sagalee ykn barreeffamaa argachuu qabna.

## Akkamiin murtii ol iyyannaa taasisuu dandeessa

Yoo ol iyyatte, dhimma kee ogeessi fayyaa Trillum adda ta'e siif ilaala. Ol iyyannaa taasifamuuf nu gaafadhu:

- Tajaajiloota Miseensaa karaa 1-877-600-5472, TTY bilbiluudhaan: 711; fi ol iyyannaa afaanin gaafadhu.
- Xalayaa nuuf barreessudhaan, ykn
- Gaafannaa Ol Iyyannaa fi Caqasaa, uunkaa OHP lakk 3302 guutuudhan. Uunkaan kuni Xalayaa Beeksisa Gochaa waliin siif ergame. Akkasumas nuuf bilbiltee uunkaa kana nu gaafachuu ni dandeessa.

Kana waliin gargaarsa barbaadda taanan, nuuf bilbiliitii uunkaa siif guutnee akka mallatteessitu taataa. Hiriyaa ykn hogganaa dhimmaa uunkaa kana akka siif guutu gaafachuu ni dandeessa. Akkasumas gorsaa fi gargaarsa seeraatif, Sarara Bilbilaa Faayidaawwan Hawaasaa 1-800-520-5292 irratti bilbiluu ni dandeessa **Ibsa Deebii Ol Iyyannaa (NOAR)** dhaan gulaalaan murtii keenyaan waliigala ykn n dida yoo ta'e murtii guyyoota 16 keessatti deebisaa argatta. Keessa deebi'uudhaaf yeroo caalmaa nu barbaachisa yoo ta'e, hanga guyyoota 14 dabalataan akka barbaannu xalayaa siif erginee si beeksisna. Yeroo dabalataa (hanga guyyaa 14) tiif gaafachuu ni dandeessa. Trillium yaadachiisaf deebisaaf deebisaa kennuu yoo dadhabe fi ulaagaawwan yeroo hin guutu taanan, fi adeemsa ol iyyanaa geggeessitee jirta taanan, Dhageettii Istateetaa jalqabsiifachuu ni dandeessa. Trillium komii ykn ol iyyannaa irratti yeroo dabalataa kan gaafatu tarii bu'aan maamilaa kan eeggamu yoo ta'e qofaadha.

Yeroo ol iyyannaa kee eeggattutti, tajaajila siif kennamuu jalqaban ykn murtii duraa isa dhaabuu argachuu itti fufta. Guyyoota 10 keessatti Ibsa Isa Duraa Dhaabuu akka argatteen tajaajila akka itti fufnu nu gaafachuu qabda. Ati tajaajila fudhachuu yoo itti fuftee fi gulaalan murtii dura kenname wajjiin waliigala taanan, guyyaa Beeksisa Gochaa argatte irraa kaasee tajaajila fudhatteef akka kaffaltu gaafatamuu malta.

Uunkaa ol iyyannaatiin gargaarsa barbaadda taanan,Trillium, OHP Tajaajiloota Miseensaa dhaatif bilbili, ykn:

**Gargaarsa Tajaajiloota Seeraa Oregon keessaa,**
Portland Regional Office
520 SW Sixth Avenue, Suite 700
Portland, OR 97204
503-224-4086 ykn 1-800-228-6958 (kaffaltirraa bilisa)

## Ol iyyannaa Hatattamaa yoon barbaade hoo?

Dhiyeessaan kee ati rakkoo fayyaa hatattamaa ol iyyannaa idilee hordofuu sin eeggachiisne akka qabdu akka amanu yoo barbaadde, akka siif saffisuusnuf nu beeksisi. Iba dhiyeessaa kee irraa siif kenname akka itti dabaltu ykn isaan nuuf bilbilanii akka maaalif hatattama akka ta'e akka nuuf ibsan taasisi. Ol iyyannaa kee simachuu keenya guyyaa hojii tokko keessatti bilbillee akkasumas barreeffamaan sin beeksisna. Ariifachiisaa ta'uu yoo itti amanne, sa'aatiiwwan 72 keessatti siif bilbilla. Keessa deebi'uudhaaf yeroo caalmaa nu barbaachisa yoo ta'e, hanga guyyoota 14 dabalataan akka barbaannu xalayaa siif erginee si beeksisna. Akkasumas hanga guyyaa 14 dheeressuudhaf gaafachuu dandeessa. Guyyoota hojii 32 keessatti, Trillium xalayaa murtii ibsu siif erguudhaan fi siifii dhiyeessaallee yoo tarii gaafannaan ol iyyanaa hatattamaa dhoorkame isin beeksisa.

## Ol iyyannaan kiyya yoo ittifame, caqasa bulchiinsaa akkamiin argadha ?

Ol iyyannaa booda, Abbaa Murtii Bulchiinsa Seeraa Oregon biratti caqasa gaafachuu ni dandeessa. Isteeta caqasaaf gaafachuudhaaf guyyaa Beeksisa Jalqabbii Oliyyannaa (NOAR) irraa jalqabee guyyoota 120 qabda. Xalayaan NOAR uunka ati ergitu qaba. Akkasumas, uunkaa Oliyyannaa fi Caqasa Gaafachuu akka siif erginuuf gaafachuu ni dandeessa, ykn tajaajila maamilaa OHP karaa 800-273-0557, TTY 711, irratti bilbiluudhaan uunkaa lakk 3302 gaafadhu.

Bakka caqasaatti, murtii keenya wajjiin maalif akka walii hin gallee fi tajaajilli maalif haguuggamuu akka qabu abbaa murtiitti himi. Abukaatoo qabaachuun sirra hin jiraatu, yoo barbaadde garuu qabachuu ni dandeessa ykn nama biraa kan akka haakima keetii faa wajiin ta'uu dandeessa. Abukaatoo ni dhaabbatta taanan, kaffaltii isaanii kaffaluu qabda. Sarar Faaydaawwan Hawaasaa (Sagantaa gargaarsa seeraa Oregon fi Jiddugala Seeraa Oregon) karaa **1-800-520-5292,** TTY 711, gorsaaf ykn yoo bakka si bu'uun danda'ameef gaafachuu dandeessa. Odeeffannoon gargaarsa seeraa karaa www.oregonlawhelp.org. tinis ni argama.

Caqasni kee taasifamuuf guyyoota 30 ol fudhata. Yeroo caqasaaf eeggattutti, tajaajila murtiin kennamuu dura fudhachaa turte fudhachuu itti fufuu ni dandeessa dirqama guyyaa NOAR hordofee guyyoota 10 keessatti nu akka itti fufnuuf nu beeksisuu danda'uu qabda. Tajaajiloota itti fuftee fi abbaan murtii murtii dura kenname wajjiin waliigala yoo ta'e, tajaajiloota guyyaa NOAR irraa kaasanii siif kennamaniif tarii akka kaffaltu taasifamuu malta.

## Caqasa ariifataa (saffisaa) yoo barbaade ho?

Ati fi dhiyeessaan kee ati caqasa idilee eegudhaaf rakkoo fayyaa ariifachiisaa qabda jettanii yoo amantan, caqasa ariifataa akka si barbaachisu himiitii uunka Gaafannaa Oliyyannaa fi Caqasaa OHP kutaa Caqasawwaniitti ergi. Dhiyeessaa kee irraa maalif akka hatattama ta'e ibsa yoo dhiyeessite gaariidha jennee yaadna. Murtii guyyaa 3 keessatti argachuu qabda. Lakkoofsi faaksii kutaa caqasaa 1-503-945-6035 dha.

Gaafannaan caqasa saffisaa fudhatama kan dhabu yoo ta'e, miseensa hanga danda'ameen beeksisa afaanii itti himnee guyyoota lama keessatti beeksisni barreeffamaa akka siif ergamu goona.

## Tajaajilli kiyya dhaabbachuu danda'aa?

Tajaajila OHP fudhachaa kan turte fi hanga caqasni kee deebisaa argatutti tajaajiloota kanneen fudhachuu itti fufuu yoo barbaadde, Xalayaa Beeksisa Gochaa erga siif ergamee booda guyyoota hojii 10 keessatti tajaajilli akka itti siif fufu gaafachuu mirga qabda. Murtiin caqasaa siif hin murtoofne yoo ta'e, yeroo murtii sana eeggattutti tajaajiloota fudhatteef tarii akka kaffaltu gaafatamuu dandeessa. Odeeffannoowwan miseensaa yeroo Komii, Ol iyyannaa fi Caqasa Bulchiinsaa irratti fayyadamaman, iccitiidhaan siif qabamu. Tajaajiloota Miseensaa karaa 1-877-600-5472 ykn TTY karaa 711 bilbiluu ni dandeessa.

## Yoo waraqaa kaffaltii argadhe maalan godha?

Kaffaluun yoo sirra jiraachuu baatellee, maaloo WARAQAALEE KAFFALTII FAYYAA HIN DIDINAA - kallattidhan nuuf bilbilaa. Dhiyeessitootni hedduun waraqaalee kaffaltii akka kaffalamaniif ejansiiwwan sassaabbiitti fi mana murtiittis himachuu danda'u. Kuni takkaa ta'e taana rakkoowwan kana fyruun ulfaataadha.

**YEROO OHP IRRA JIRTUTTI TAJAAJILA FUDHATTEEF WARAQAAN KAFFALTII YOO QAQQABA, ATI KAN GOCHUU QABDU:**

1. Dhiyeessaaf bilbilii, OHP irra akka turte itti himii, Trillium akka kaffalchiisan gaafadhuun.
2. Tajaajiloota Miseensaa karaa 1-877-600-5472 ykn TTY karaa 711 dhaan kallattiidhan bilbiliitii, dhiyeessaan tajaajila OHP dhaan haguugamuuf na kaffalchiisaa jiraa jedhi. Waraqaaleen akka sirraa kaffalaman ni taasisna. Hanga waraqaa baayyee argattutti hin eegin.
3. Xalayaa dhiyeessaa fi nuuf yeroo tajaajilaatti OHP irra turee jechuudhaan xalayaa ol iyyannoo barreessitee akka walii hin galle ibsuun nuuf erguu ni dandeessa. Garagalcha xalayaa galmeedhaaf ol kaawwadhu.
4. Waraqaa kaffaltii kaffaluu keenya faana bu'i.
5. Waraqaa kaffaltiitin wal qabatee waraqaa mana murtii argatta taanan, kallattiidhan nuuf bilbili. Gorsa fi gargaarsa seeraatif abbaa alangaa ykn Sarara Bilbila Faaydaawwan Ummataa 1-800-520-5292 irratti bilbiluu ni dandeessa. Yeroo OHPtti dogongoraan akka kaffaltu taasifamteerta taanan seerri si gargaaru ni jira.

Tajaajila fayyaatif waraqaan yoo siif ergame fii kan kaffaltu fii dhiistu ta'uu yo wallaalte, Tajaajiloota Miseensaa karaa **1-877-600-5472** ykn TTY karaa 711 kallattiidhan bilbili.

Yeroo tokko tokko dhiyeessan waraqaa sirriidhan hojja dhabuu waan maluuf, ati sanaaf kaffaluu hin qabdu. Kana jechuun ati kaffaluu qabda jechuudhaa miti. Ati tajaajila kan fudhattee fi nuti dhiyeessaadhaf kaffaltii kan hin taasisin yoo ta'e, dhiyeessan akka ati kaffaltu si taasisa jechuudha miti. Tarii nurraa ibsa nuti tajaajilichaaaf hin kaffalluu jedhu argachuu dandeessa ta'a. Kana jechuun ati kaffaluutu sirra jiraata jechuudhaa miti. Dhiyeessan kaffaltiiwwan barreesuu qaba. Yoo nuti ykn dhiyeessaan tajaajilli OHP dhaan akka hin haguugamne sitti himne, ati ammallee murtii kana karaa ol iyyannoo ykn caqasaa mormachuu ni dandeessa.

## Ittigaafatamummaa kaffaltii

Miseensotni Trillium tajaajiloota fayyaatiif kaffaluu hin qaban. Dhiyeessan waliigaltee qabu ykn ejantiin, amanamaan ykn abbalteen waliigaltee dhiyeessaa qabu kan gochuu hin dandeenye:

- miseensa kaffalchiisuu
- waraqaa kafffaltii maamilaa ejansii sassaabbiitti erguu
- gocha nageenyummaa hamma Trillium liqeesseef kamiiyyuu kan miseensi dhiyeessaa waliigaltee qabuuf kaffaluun irra hin jiraanne.

Waraqaa kaffaltii argatta taanan, Member Service dhaaf bilbili.

**Miseensotni OHP tajaajiloota haguugamaniif hin kaffalan**. Dhiyeessaan eeggumsa fayyaa kee waraqaa kaffaltii kan siif ergu yoo kanneen armaan gadii hunduu dhugaa ta'an qofadha:

- **Tajaajilli fayyaa tajaajila karoorri OHP kee hin haguugme yoo ta'e;**
- Tajaajila fudhachuu keetiin dura, Waliigaltee Kaffaluu sirrii, uunkaa OHP lakk 3165 - Waliigaltee Maamila OHP Tajaajiloota Mana Qorichaatif Kaffaluu (dhiisichas ni jedhama) akka mallatteessitu ni gaafatamta.
- Uunkaan gatii tajaajilaa tilmaaman agarsiisa;
- Uunkaan OHP'n tajaajilaaf hin kaffaaluu jedha; fi
- Uunkaan ati kaffaltii ofii kee kaffaluudhaaf waliigaluu hima.
- **Filannoon mana qorichaa waan karoorrii OHP kee hin haguugneedha;**
- Dawaa fudhachuu keetiin dura, Waliigaltee Kaffaluu sirrii, uunkaa OHP lakk 3166 - Waliigaltee Maamila OHP Tajaajiloota Mana Qorichaatif Kaffaluu (dhiisichas ni jedhama) akka mallatteessitu ni gaafatamta.
- Uunkaan gatii dawaa ni agarsiisa;
- Uunkaan OHP'n taajilaaf akka hin kaffalle agarsiisa fi uunkaan ati kafaltii off kee kaffaluudhaaf waliigaluu hima.

## Tajaajiloota eeggumsa fayyaa OHP irra jiraniif yoom kaffaluu qaba?

- Yoo dhiyeessaan OHP hin fudhatuu kan agartu ykn qaama neetworkii keenyaa kan hin taane ta'e tajaajiloota OHP dhaan haguugamaniif kaffaluu qabda. Eeggumsa fayyaa argachuu ykn mana qorichaatti adeemuu dura, networkii dhiyeessaa keessa kan jiran ta'uu isaanii mirkaneessi.
- Yeroo tajaajila fudhattutti OHPdhaaf ulaagaa hin guuttu yoo ta'e, tajaajilootaaf kaffaluu qabda.
- Ati ykn bakka bu'aan dhimma mallaqaa ke, tajaajiloota OHP dhaan hin haguugamneef kaffaluu danda'uu qaba.
  - Tajaajiloota fudhachuu dura waliigaltee ibsaa dursitee mallatteessitee jirt ayoo ta'e.
  - Waliigaltichi tarree tajaajiloota hundaati fi gatiin isaanii meeqa akka ta'e ibsa.
  - Kuni tajaajiloota hayyama duraa jalatti ittifamanis ni hammata.
- Waliigalteen kaffaluu kan ta'uu danda'u yoo tajaajilli mallattoo kee ykn bakka bu'aa keetii guyyoota 30 keessatti kan kennamu ta'eedha.
- Kaffaltii madaalchisu , gochaa garaagarummaa hammakaffaltii dhiyeessaan kaffalchiisuu fi hamma inshuraansiin kaffaluu kaffalchiisuuti, yeroo hunda miti kan ta'u.

**Hospitaalan turee karoorri kiyya sanaaf kaffaleera, amma garuu dhiyeessaa biraa irraa waraqaan kaffaltii biraa naaf ergamaara. Maal gochuun qaba?**

Gara hospitaalaa ykn gara kutaa hatattamaatti yeroo deemtu, dhiyeessaa hospitaalaaf hin hojjanneen tajaajilli siif kennamuu mala. Fakkeenyaaf, haakimootni kutaa hatattamaa keessa jiran hojii ofii isaanii kan hojjatanii fi tajaajila isaanii kutaa hatattamaa keessatti kan kennan ta'uu mala. Waraqaa kaffaltii kophaa erguu danda'u. Yaala baqaqsuu hospitaalatti fudhatteerta yoo ta'e, hospitaalaaf, ogeessaaf, tarii mana yaalitiifs, raadiyoolojistidhaaf, fi anisteeshiyolijistiidhaaf waraqaa kaffaltii kophaa barbaachisuu mala. Trillim hospitaalaaf kaffale jechuun Trillium dhiyeessitoota birootifis kaffale jechuudhaa miti. Waraqaa kaffaltii namoota hospitaala keessatti si yaalaniin siif kennamu fudhachuu hin didin. Waraqaa kaffaltii biraatis argatta yoo ta'e, dhiyeessaa hundaafuu bilbilii Trilliudhaaf akka kaffalan itti himi. Tarkaanfii 1-5 kan kutaa "Yoo waraqaa kaffaltii argadhe maal gochuu qaba" jedhu hordofuu qabda.

# MURTII XUMURA JIREENYA KIYYAA AKKAMIIN QOODA?

## Murtiiwwan xumura jireenyaa fi Qajeelfama Dursa (Hayyama Jireenya)

Hayyamni dursaa uunka seeraa hayyama kanneen siif kennuudha:

1. Ofii keetii ibsachuu hin dandeessu yoo ta'e, sonawwan, amantiiwwan, galmawwan,fi fedhiiwwan eeggumsa fayyaa keetii qooduu.
2. Ofii keetii kennuu hin dandeessu taanan nama murtiiwwan fayyaa keetii kennu ibsuu. Namni kun bakka bu'aa fayyaa kee jedhama fi gita isaanii kana irratti hojjachuu qabu.

Dhiyeessitootni muraasni Qajeelfama Dursaa hin hayyaman. Dhiyeessaan kee kan kee ni hordofa yoo ta'e gaafadhu. Ga'eessotni waggaa 18 yookan sanaa olii murtii mataa isaanii kennuu ni danda'u, dawaa fudhachuu diduus dabalatee. Haala baayyee dhukkubsatte ykn miidhamte keessatti akkaataan ati dhiyeessaa keetti dawaa ta'e kan fudhattu fi diddu ta'uu himuu dadhabuu dandeessa. Qajeelfama Dursaa qabda taanan, kan Hayya Jireenyaatis jedhamuudhaan beekkamu, dhiyeessitootni kee ajaja kee hordofu. Qajeelfama Dursaa hin qabdu yoo ta'e, dhiyeessaan maal gochuu akka qaban itti hima. Maatin kee murteessuu hin danda'an yoo ta'e, dhiyeessaan kee haala keetif yaala sirrii siif kenna.

Yoo gosa yaalaa ati hin barbaanne kan jiraatu ta'e, Qajeelfama Dursaa keessatti barreessi. Eeggumsa sana barbaaduu keetin dura akka murteessituuf si gargaara - yoo haala ati of qajeelchuu hin dandeenye, kan akka

koomaa fa'a keessa jiraatte. Yoo ati of kan beektu ta'e, dhiyeessan kee yeroo hundaa si dhageeffata.

Uunkaa Qajeelfama Dursaa hospitaalotaa fi dhiyeessitoota hedduu biratti argachuu ni dandeessa. Sarara irraan asitti argachuu ni dandeessa https://www.oregon.gov/oha/PH/ABOUT/Pages/AdvanceDirectiveAdoptionCommittee.aspx

Qajeelfama Dursaa barreessitee jirta taanan, dhiyeessitootaa fi maatii keetti waa'ee isaa himiitii garagalcha isaanif kenni. Yoo isa qabaatan ajajaj kee qofa hordofu. Yaada kee jijjiirta taanan, yeroo barbaadde kaittuu Qajeelfama Dursaa jijjiiruu ni dandeessa. Qajeelfama Dursaa addaan kutuudhaf, garagalcha isaanii gaafadhuu addaan ciri ykn DHIIFAMEERA jedhii guddisii irratti barreessi, mallatteessi fi guyyaa itti barreessi. Gaafiwwanii fi iodeeffannoo dabalataatif Murtii Fayyaa Oregon karaa 1-503-692-0894, kaffaltirraa bilisa karaa 1-800-422-4805, ykn TTY at 711 qunnamaa.

Trillium haguuggii haala safuu fi amantiiwwanii irratti hundaa'uun haguuggii hin taasisu. Tarii gaafannaa haakimootni ykn hospitaalotni sababa safuu ykn amantii isaaitiif hin kennine qabaachuu faa malta. Kuni ta'a taanan, haakimni ykn hospitaalli yoo tarii haakima ykn hospitaala biraa argachuu barbaadeef kana sitti himuu danda'uu qabu.

Trillium ulaagaa qajeelfama dursaa hin hordofne jettee yaadda yoo ta'e (karoorri miseensota waa'ee galuumsa Qajeelfama Dursaa ibsuudhaaf), Komii karaa OHA galfachuu ni dandeessa https://www.oregon.gov/oha/ph/providerpartnerresources/healthcareprovidersfacilities/healthcarehealthcareregulationqualityimprovement/pages/complaint.aspx
OHA: 1-800-699-9075

**AKKASUMAS KOMII KEE ASITTI ERGACHUU DANDEESSA:**
Health Care Regulation and Quality Improvement
800 NE Oregon St, #465, Portland, OR 97232
Iimeelii: Mailbox.hclc@state.or.us
Faaksii: 971-673-0556
Bilbila: 971-673-0540; TTY: 711

Komii karaa Trillium galfachuu ni dandeessa. Tajaajiloota Miseensaa karaa 1-877-600-5472, TTY bilbiluu ni dandeessa: 711 ykn xalayaa teessoo keenyaan nuuf ergi: 555 International Way, Building B, Springfield, Oregon 97477.

## Ibsa Yaala Fayyaa Sammuu

Rakkoo fayyaa sammuu qabda taanan, ykn haala ta'e keessatti waa'ee fayyaa sammuu keetii irratti murtii kennuu hin dandeessu taanan, oregon uunkaa fedhiiwwan kee ittiin barreeffattu qaba. Uunkaan kuni Ibsa Yaala Fayyaa Sammuu jedhama. Yeroo waa'ee eeggumsa keetii murtii taasistutti guuttachuu ni dandeessa. Ibsi Yaala Fayyaa Sammuu gosoota eeggumsaa yoo fedhii kee ibsachuu dadhabdetti si barbaachisanii ibsa. Mana murtii fi haakimoota lama qofatu ati waa'ee fayyaa sammuu keetii irratti murtii kennuu kan hin damdeenye ta'uu murteessa.

Uunkaan kuni waa'ee gosoota eeggumsaa ati barbaadduu fi hin barbaannee akka filannoo taasistu siif hayyama. Ga'eessa waa'ee eeggumsa keetii murtii kennu adda baasuudhaf fayyaduu mala. Namni ati adda baastu kun siif dubbachuu fi fedhiiwwan kee hordofuu qaba. Fedhiiwwan kee barreeffamaan hin kaa'amne yoo ta'e, namni kun maal akka ati barbaaddu siif murteessa jechuudha.

Ibsi uunka kanaa waggaa sadi (3) qofaaf ta'a. Waggoota sadan sana keessatti ati murtii kee kennachuu hin dandeenye taanan, hanga ati murtii kennachuu dandeessutti ibsi kee ni tura. Yeroo waa'ee eeggumsa keetii murtii kennuu dandeessetti, ibsa kee jijjiiruu ykn addaan kutuu ni dandeessa. Uunkaa kee Ogeessa Fayyaa Jalqabaa fi nama akka murtii siif kennu murteessite sanitti kennuu qabda.

Odeeffannoo dabalataa Ibsa Yaala Fayyaa Sammuutif marsariitii Isteeta Oregon irra ilaali: http://cms.oregon.gov/oha/amh/forms/declaration.pdf.
Dhiyeessaan bsa Yaala Fayyaa Sammuu fedhii kee hin hordofne taanan, komii kee dhiyeeffachuu dandeessa. Uunkaan kuni asitti argama https://www.oregon.gov/oha/PH/PROVIDERPARTNERRESOURCES/HEALTHCAREPROVIDERSFACILITIES/HEALTHCAREHEALTHCAREREGULATIONQUALITYIMPROVEMENT/Pages/complaint.aspx

**KOMII KEE ASITTI ERGI:**
Health Care Regulation and Quality Improvement
800 NE Oregon St, #465
Portland, OR 97232

Iimeela: Mailbox.hcls@state.or.us
Faaksii: 971-673-0556
Bilbila: 971-673-0540; TTY: 711

# ODEEFFANNOON DHUUNFAA KIYYA ICCITAA'ADHAA?

## Galmeewwan kee iccitaa'oodha

Odeeffannoon dhukkubsataa hunduu iccitaa'aadha. Kuni immoo waan galmee fayyaa kee keessa jiru, waan ati nuuf, haakima keetif, fi hojjataa kilinikaa isaanitiif himte hammata. Odeeffannoowwan kanniin haala ariifachiisaa ykn yeroo seerota isteetaa fi fedreaalaatiin nuuf hayyamamemalee hayyama keetin ala hin qoodnu.

Haala hattamaa keessatti odeeffannoo si gargaaruuf barbaadaman qofatu qoodama. Tajaajila gaarii siif kennuu keenya mirkaneessuuf hojjataan federaalaa ykn isteetaa galmeewwan kee ni ilaala. Daawwannaa kee jalqabaa ykn booda irratti haakimni ykn kilinikni kee gadhiisa odeeffannoo akka mallatteessitu si gaafachuu danda'u. Uunkichi odeeffannoon qoodamu maal akka ta'e, eenyuf akka qoodamu, fi maal akka barbaadan ibsa. Uunkichi akkasumas guyyaa qoodinsi akka dhaabbatu ni ibsa.

Galmeewwan kee waaa'ee dawaa, yaalaa baqaqsuu, fi sababa kaffaltii qofa qoodna. Eenyu odeeffanno kee akka argu irratti daangaa kaa'uu dandeessa. Namni akka ati galmee fayyaa keetii akka hin ilaalle barbaaddu jira taanan, sana barreeffaaman nuuf himi. Nama odeeffannoo kee waliin qoodne hundaa nu gaafachuu ni dandeessa.

Seerri Keewwata Keewwata Ta'ummaa fi Gaafatamummaa Inshuraansii Fayyaa (HIPAA) jedhamu galmeewwan fayyaa keetii kan eeguu fi iccitaa'ummaa isaanii eega. Kuni iccitaa'ummaa jedhama. Nuti waraqaa Ibsa Gochaalee Dhuunfaa jedhamu kan waa'ee akkaataa nuti odeeffannoo miseensaa fayyadamnuu ibsu qabna. Yoo nu gaafatte siif ergina. Tajaajiloota Miseensaa adhaaf bilbilii Ibsa Gcohaalee Dhuunfaa akka barbaaddu itti himi.

## Akkamiin Odeeffannoo Fayyaa Eegamaa (PHI) kiyya akkamiin keessa deebi'uu, sirreessuu, fi daangessuu danda'a?

**KANNEENIF TRILLIUM QUNNAMUU NI DANDEESSA TA'A:**

- Galmeewwan fayyaa kee ilaaluf ykn garagalcha gaafachuudhaf.
- Odeeffannoon waa'ee keetii akkamiin akka fayyadamame qoodame daangeessuu gaafachuudhaf.
- Hayyama adddaan kutuu gaafachuudhaf
- Galmeewwan kee sirreessuu ykn jijjiiruu gaafachuudhaf
- Tarree yeroo Trillium odeeffannoo kee qoodee gaafchuudhaaf

Garagalcha galmeewwan fayyaa keetii ni qabaatta. Dhiyeessaan kee galmeewwwan fayyaa keetii hedduu isaanii ni qabaatta, kanaafuu garagalcha isaan gaafachuu ni dandeessa. Garagalchawwaniif si kaffalchiisuu malu. Garagalcha galmeewwan nuti qabnuu gaafachuu dandeessa. Garagalchawwan taasisnuuf si kaffalchiisuu malla.

Garagalcha galmee fayyaa sammuu keetii argachuu ni dandeessa yoo dhiyeessaan kee kuni daranuu rakkoo goomsa jedhee yaade male.

Dhiyeessaan akka ati hin agarreef beeksisa taanan, Trillium akka ati galmeewwan kee ilaaltu, garagalfattu, ykn jijjiirtu siif hayyamuu dhabuu mala. Gaaffiin kee ni ittifama taanan, maalif akka gaafannaan kee ittifamee fi akkamiiin keessa deebii gaafachuu akka dandeessu siif ibsu siif kennama.

Akkasumas xalayaa akkamiin rakkoowwan Trillium waliin qabaattuuf Qajleecha Fayyaa fi Tajaajiloota Nama U.S, Waajjira Mirgoota Namoomaa U.S komii galfachuu akka dandeessu odeeffannoo ni argatta.

## Komii iccitaa'ummaa akkamiin galcha ykn rakkoo iccitaa'ummaa akkamiin gabaasa?

Yoo komii galfachuu barbaadde ykn akkaataa Trillium odeeffanoo waa'ee keetii itti fayyadame ykn qoode irratti gabaasuu barbaadda yoo ta'e, Trillium ykn Qajleecha Fayyaa fi Tajaajiloota Nama U.S, Waajjira Mirgoota Namoomaa qunnamuu ni dandeessa. Bu'aawwan kee komii ati taasiste kamiinuu hin miidhamani. Trillium komii taasisuu, qorannoo keessatti hirmaachuu, waan seeeran ala jettee yaadde tokkoon waliigaluu dhabuu keetiin gadoo sittin qabatu.

**KOMII ICCITAA'UMMAA KEE KARAA ERGAA:**
Office for Civil Rights
Department of Health and Human Services
2201 Sixth Avenue
Mail Stop RX-11 Seattle, WA 98121 tti galfachuu ni dandeessa.

Bilbilaan: 1-206-615-2290
Kaffaltirraa bilisa: 1-800-368-1019
TTY: 1-800-537-7697
ykn, faksidhaan: 1-206-615-2297

# IBSA GOCHAALEE ICCITAA'OO

Hojjataan Trillium tajaajiloota eeggumsa fayyaa siif kennuuf odeeffannoo waa'ee keetii sassaabuu qaba. Odeeffannoon waa'ee keetii fi fayyaa keetii nuti sassaabni iccitaa'aa akka ta'e ni beekna. Seera federaalaa fi naannotiin odeeffannoo ke akka eegnu ni ajajamna. Odeeffannoo kanniin Odeeffannoo Fayyaa Eeggmaa (PHI) jennee waamna.

Ibsi Gochaalee Dhuunfaa Trillium akkamitti odeeffannoowwan kee akka fayyadamuu fi qoodu siif hima. Haallu hundi hin ibsamu Ibsa gochaalee odeeffannoo waa'ee keetii sassaabnuu fi kuusnuu siif ibsuuf gaafatamna. Danbiiwwan waliigalaa amma hojirra jiran hordofuu qabda.

Gara fuulduraatti, Trillium Gochaalee Iccitaa'ummaa isaanii jijjiiruu malu. Jijjiiramni odeeffannoo Trillium amma qabu irratti ta'u kamiiyyuu, fi akkasumas jijjiiramoota odeeffannoo Trillum gara fuulduraa qabaatu irratti ta'e. Akkuma seeraan gaafatametti, garagalchi beeksisaa Trillium tti ni maxxanfama.

Yeroo kamiiyyuu yeroo Trillium qunnamti ykn daawwattu, beeksisa ammaa ykn Gochaalee Iccitaa'ummaa kana gaafatamta. Sarara irrakaraa [http://www.trilliumohp.com](http://www.trilliumohp.com) nis argachuu ni dandeessa.

**Trillium ati ndawaaf hayyamamaa ta'uu utuun mirkaneessan odeeffannoo kee akkamiin qooda**
Odeeffannoo dhiyyeessitoota eeggumsa fayyaa kanneen fayyummaa kee eeguu keessatti qooda fudhatan fayyadamuu ykn qooduu ni dandeenya. Fakkeenyaaf, odeeffannoon akka karoora fayyaa kee baasnuuf qoodamuu danda'a.

**Kaffaltiidhaaf**
kaffaltii tajaajila ati argattee fudhachuudhaaf ykn dhiyeessitoota tajaajila siif kennaniif kaffaltii taasisuudhaaf odeeffannoo qooduu ykn fayyadamuu ni dandeenya. Fakkeenyaaf, PHI tajaajiloota ati argatteef akka OHP dhaaf kaffaluuf kennuu ni dandeenya.

**Hojiiwwan eeggumsa fayyaatiif**
Sagantaawwanii fi gochaalee too'achuudhaaf odeeffannoo qooduu ykn fayyadamuu ni dandeenya. Fakkeenyaaf, PHI qulqullina tajaajila ati argatte akka gulaalu gaafachuu dandeenya.

**Dawaa tajaajila fayyaa sammuutiif**
Karoorawwan eeggumsaa OHP too'ataman biroo wajjiin sababa gochaalee dawaatiif odeeffannoo qooduu ykn fayyadamuu ni dandeenya.

**Gochaalee fayyaa hawaasaatif**
Trillium OHA wajjiin waliigaltee qaba, ejansii fayyaa hawaasaa galmeewwan ol kaa'uu fi haaromsu, kanneen akka dhaloowawwanii, du'aatiiwwanii, fi dhukkubiita muraasa hordofuudha.

**Gochaalee daawwannaa fayyaatiif**
Trillium dhiyeessitoota fayyaa qorachuudhaaf odeeffannoo qooduu ykn fayyadamuu ni danda'a.

**Akka seeraa fi kabachiistuu seeraatin gaafatametti.**
Yeroo seera federaalaa ykn isteetaatin ykn mana murtiitin ajajame ykn hayyamame, Trillium odeeffannoo kee qooduu ykn fayyadamuu ni danda'a.

**Gabaasawwanii fi qorannoowwan miidhamaatif**
Trillium gabaasawwan miidhaa fudhatee akka qoratuuf seeran irraa eeggama.

**Sagantaawwan mootummaatif**
Trillium faayidaawwan fayyaa hawaasaa sagantaawwan mootummaatif odeeffannoo kee qooduu ykn fayyadamuu ni danda'a. Fakkeenyaaf, Trillium faaydaawwan Gargaarsa Nageenyaa Dabalataa (SSI) argachuu irratti murtii kennuudhaaf odeeffannoowan qooduu mala.

**Miidhaa hambisuudhaaf**
Trillium PHI fi seera raawwachiistudhaaf miidhaa namichicha ykn hawaasa irra ga'u hambisuudhaaf odeeffannoo kee qooduu ykn fayyadamuu ni danda'a.

**Qorannoodhaf**
Trillium qorannoo fi gabaasa qopheessudhaaf odeeffannoo kee qooduu ykn fayyadamuu ni danda'a. Gabaasoni kunniin namoota muraasa hin ilaallatan

**Maatii hiriyootaa fi kanneen biroo kanneen eeggumsa fayyaa kee keessatti hirmaataniif ibsuu**
Trillium odeeffannoo maatii ykn namoota biroo kanneen eeggumsa fayyaa kee keessatti hirmaataniif qooduu mala. Odeeffannoon qoodamuu dhoorkuu mirga qabda.

**Fayyadama biroo kanneen hayyama barreeffamaa kee barbaadan**
Haalota biraatis, Trillium odeeffannoo kee fayyadamuu ykn qooduu dura hayyama barreeffamaa kee barbaada. Hayyama yeroo barbaadde kamittuu addaan kutuu ni dandeessa, Trillium OHP'n fayyadamawwan ykn ibsawwan kana dura hayyama keetin taasifaman kamiiyyuu deebisuu hin danda'u.

**Seerota biraa PHI kee eegan**
Sagantaawwan Trillium hedduun seerota biroo mirgoota kee ittiin eegan qabu. Fakkeenyaaf, Trillium odeeffannoo seenaa hirkattummaa keemikaalaa kee akka fayyadamuuf dirqama hayyama barreeffamaa kennuu qabda.

**Mirgootni Iccitaa'ummaa PHI maali?**
Yodeeffannoowwan waa'ee keetii Trillium ol kaa'u ilaalchisee mirgoota armaan gadii qabda.

**Mirga galmeewwan**
Fayyaa keetii arguu fi garagalcha isaanii argachuu, haala hedduu keessattimmoo, mirga galmeewwan fayyaa kee ilaaluu ykn garagalcha isaanii argachuu ni qabda. Gaafannaa kee dirqama barreeffamaan gochuu qabda. Gatii galmeewwan kee garagalchuu akka kaffaltu taasifamuu malta. Garagalcha galmeewwan keetii barbaadda taanan, Trillium tti bilbili.

**Mirga galmeewwan kee sirreessuu ykn fooyyeesu**
Dogongorri jira jettee yaadda taanan, Trillium adeeffannoo kee akka dabalu ykn jijjiiru gaafachuu mirga qabda. Gaaffannaa kee dirqama barreeffamaan dhiyeessuu fi sababa isaa ibsachuu qabda.

**Mirga tarree ibsameefii gaafachuu**
Ati mirga namoota odeeffannoo kee kan waggaa jahaan darban keessatti argatanii Trillium gaafachuu ni qabda. Gaafannaa kee dirqama barreeffamaan gochuu qabda. Tarreen kuni yeroo odeeffannoon sababa dawaatiif, kaffaltiitiif ykn hojii eeggumsa fayyaa birootif itti kennamee hin hammatu. Tarreen kuni odeeffannoo kallattiidhan sif ykn maatii keetif kenname ykn odeeffannoo hayyama keetin ergame hin hammatu.

**Mirga fayyadama ykn ibsa PHI irratti daangaa kaa'uu**
Akkamitti PHI kee akka fayyadamnu ykn qoodnu daangaa gochuu irratti mirga qabda. Gaafannaa kee barreeffamaan taasisuu qabda fi Odeeffannoo Trillium akka daangessu barbaaddu fi eenyu fa'a daangeffamni kuni akka ilaallatu ibsuu qabda. Barreeffamaan ykn afaanin ittisni(wwan) kuni akka dhaabbatu gochuu ni qabda.

**Mirga hayyama dhoorkachuu**
Odeeffannoo fayyadamuudhaaf akka mallatteessitu yoo gaafatamte, hayyama sana yeroo barbaaddetti adda kutuu ni dandeessa. Gaafannaa kee dirqama barreeffamaan gochuu qabda. Kuni odeeffannoo kana dura qoodame irratti dhiibbaa hin qabaatu.

**Mirga akkamitti akka si wajjiin haasa'anii filachuu**
Trillium odeeffannoo kee karaa adda ta'een yookan bakka barbaaddetti akka siif qoodu gaafachuu ni qabda. Fakkeenyaaf Trillium odeeffannoo kee gara teessooo mana jireenyaa kee irra gara mana hojii keetti akka ergu gaafachuu ni dandeessa. Gaafannaa kee dirqama barreeffamaan gochuu qabda. Sababa gaafannaa keetii ibsuun sirra hin jiraatu.

**Mirga komii dhiyeeffachuu**
Akkaataa Trillium odeeffannoo kee itti fayyadame irratti komii walii hin galtu taanan mirga komii kee galfachuu ni qabda.

**Mirga ibsa kana garagalchaan argachuu**
Yeroo barbaaddetti mirga kee garagalchi akka siif kennamu gaafachuu ni qabda.

# MALAAMMALTUMMAA, QISAASUMMAA YKN MIIDHAA YOO ARGE AKKAMIIN GABAASA?

Malaammaltummaa, Qisaasummaa ykn Miidhama ittisuu irratti Seerota wajjiin waliigaluun, Keewwata Odeeffannoo Sobaa Kennoo fi Keewwata Odeeffannoo saobaatis dabalatee murannoo qabna

**FAKKEENYOTNI MALAAMMALTUMMAA DHIYEESSAA KAN HAMMATU:**

- Dhiyyeessaan tajaajila hin kennaminiif si kaffalchiisuu ykn meeshaa miseensaaf hin kennaminiif kaffalchiisuu.

**FAKKEENYOTNI QISAASUMMAA DHIYEESSAA KAN HAMMATU:**

- Dhiyeessann qorannoo hin barbaachisne yoo ajaje
- Dhukkuba tokko yaaluuf dawaa hanga barbaachisuu ol yoo ajaje

**FAKKEENYOTNI MIIDHAA DHIYEESSAA KAN HAMMATU:**

- Dukkaanni dawaa utuun beeknee dawaa maqaa omisha isaatiif yoo si kaffalchiisan maqaan hundee ittifamee utuu jiruu.
- Dhiyeessitootni utuun beekin tajaajila hin barbaachisneef yoo si kaffalchiisan

**FAKKEENYOTNI MALAAMMALTUMMAA MISEENSAA KAN HAMMATU:**

- Namni miseensa hin taane eenyummeessa miseensaa fayyadamee tajaajiloota ykn meeshaa fayyaa yoo kan fudhatu ta'e.

**FAKKEENYOTNI QISAASUMMAA MISEENSAA KAN HAMMATU:**

- Dawaa mana dawaatii fudhachuu dhabuu

**FAKKEENYOTNI MIIDHAA MISEENSAA KAN HAMMATU:**

- Tajaajiloota fayyaa hin barbaachisne argachuu

# EEGGUMSA FAYYAA WAL-QUNNAMSIISUU

Akka miseensaatti, mirga Malaammaltummaa, Qisaasummaa fi Miidhama dhoksaadhan gabaasuu, akka seera iccitii baastuutti eegamuu mirga qabda. Trillium shakkiiwwan malaammaltummaa, qisaasummaa ykn miidhaa ejansiiwwan dhimmi ilaalutti erga. Waa'ee malaammaltummaa fi miidhamaa gabaasudhaaf sararri bilbilaa ni jira.

Yoo dogongorri, malaammaltummaan, qisaasni, ykn miidhaan mudateera jettee yaadda ta, daddafii gabaasi! Nutti himuun kee namootni biroo akka hin miidhamneef nu gargaara. Nutti himuunkee faayidaawwan eeggumsa fayyaa keetis siif qusata. Waa'ee Ibsa Faaydaawwanii irri odeeffannoo siif kennaman irraa shakkii qabda ta'e ykn dogongora, malaammaltummaadha, qisaasa, ykn miidhaadha jettee yaadda amanta ta'e, nu qunnami

**Bilbilaan**
Confidential Fraud, Waste, and Abuse Hotline, Toll-free 1-866-685-8664

**Tajaajiloota Miseensaa**
Kaffaltirraa bilisa 1-877-600-5472 TTY 711

**Qaaman**
13221 SW 68th Pkwy #200, Tigard, OR 97223

**Ergaadhan**
Trillium Community Health Plan, P.O. Box 11740 Eugene, Oregon 97440-3940

## Waan ati malaammaltummaadha, qisaasa, fi miidhaadha: jettee yaaddu gara

**Waajjira Qorataa Waliigalaa**
Kaffaltirraa bilisaa 1-800-HHS-TIPS ykn 1-800-447-8477, TTY 1-800-377-4950 gabaasi

## Malaammaltummaa ykn Middhaa dhiyeessaa eessatti gabaasa

**Medicaid Fraud Control Unit (MFCU) Oregon Department of Justice**
100 SW Market Street, Portland, OR 97201
Bilbila: 971-673-1880, Faaksii: 971-673-1890

**OHA Program Integrity Audit Unit (PIAU)**
3406 Cherry Ave. NE, Salem, OR 97303-4924
Faaksii: 503-378-2577, Sarara bilisaa: 1-888-FRAUD01 (888-372-8301)
Marsariitii: https://www.oregon.gov/oha/FOD/PIAU/Pages/Index.aspx

## Malaammaltummaa ykn Middhaa Miseensaa eessatti gabaasa

**DHS/OHA Fraud Investigation**
PO Box 14150, Salem, OR 97309
Hootlaayinii: 1-888-FRAUD01 (888-372-8301), Faaksii: 503-373-1525 Attn: Hotline
Marsariitii: https://www.oregon.gov/dhs/ABUSE/Pages/fraud-reporting.aspx

## Abbagaar

Abba gaar nama qondaala hawaasaa namootaa fi ejansiiiwwan jidduutti walaba ta'ee dhaabbatuudha.

**Abbagaar Oregon kan argamu:**
500 Summer St NE Salem, Oregon 97301
Faaksii 503-947-2341

Bilbila bilaa 1-877-642-0450 (TTY 711) irratti bilbiltee Abbagaar OHA gargaarsaaf gaafachuu ni dandeessa.

**FILANNOO BIRAA KAN TOO'ANNOO GALMEEWWAN FAYYAA KEETII**

Adooleessa 1, 2021 irratti, seerri federaalaa Interoperability and Patient Access Rule (CMS 915 F) jedhamu miseensotni galmeewwan fayyaa isaanii yeroo barbaadan akka argataniif salphisee jira. Bilbila kee irratti seenaawwan fayyaa kee argachuudhan fayyaa kee haala caalmaan hordofuu fi qabeenyi maalii siif akka banaa ta'e baruudhaf hayyama guutuu qabda

**Yaadime:**

- Xiqqo waan si dhukkubeef mana yaalaa deemtee haakimni kee seenaa fayyaa keetii waggaa shanii salphaatti ol baasa.
- Dhiyeessaa ykn ogeessa addaa argachuudhaaf qajeelcha dhiyeessaa fooyya'aa fayyadamta.
- Dhiyeessaan sun seenaa fayyaa kee fayyadamee rakkina kee addaan baasuu fi eeggumsa gaarii argachuu kee mirkaneessa.
- Kompiyuutara irra ilaaluun gaafannaan kee yoo kaffalame, didame ykn ammallee adeemsa irra jiraate ilaaluu ni dandeessa.
- Yoo barbaadde, yeroo karoora fayyaa kee jijjiirtutti seenaa fayyaa kee of wajjiin fudhachuu ni dandeessa.

** 2022 keessa, miseensotni yeroo karoora fayyaa isaanii jijjiiranitti galmeen isaanii akka isaan wajjiin deemu gaafachuu mirga qabu.*

**SEERRI HAARAAN ODEEFFANNOO ** IRRATTI AKKA ARGATTUUF SALPHISEE JIRA:**

- gaafannawwan (kan kaffalame fi didame)
- kutaa muraasa odeeffannoo kilinikaa keetii
- haguuggaa dawaa mana qorichaa
- dhiyeessitoota eeggumsa fayyaa

***YOdeeffannoo gaafa sana irratti yookan Amajjii 1, 2016 irraakaastee argachuu ni dandeessa.*

Odeeffannoo dabalataatif, akkaawuntii miseensummaa kee ilaali.

# JECHOOTA ATI BEEKUU QABDU

**Gocha:** (1) Tajaajila gaafatame dhoorkuun ykm hayyama daangessuun, gosaa fi sadarkaa tajaajilaa dabalatee; (2) Hir'isa, ittisa, yookan tajaajila kana dura hayyamame addaan kutuu; (3) Dhoorkuu, guutumatti ykn hamma ta'e, kaffaltii tajaajillaa; (4) akka hiikkaa seeraatti tajaajiloota yeroodhaan kennuu dadhabuu; (5) CCO'n akkaataa haala hojii yeroo 438.408(b) tiin tajaajila kennuu dadhabu; ykn (6) jiraattota baadiyyaa CCO tokko qofa qabaniif, tajaajila networkiidhaan alatti argachuudhaaf akkaataa hirmaannaa Karoora Fayyaa Oregontti kutaa 438.52(b)(ii) tti, gaafannaa isaa ykn ishii fudhachuu dhabuu.

**Eeggumsa Rakkoo Xiinsammuu Ammaa Mana Yaalaattii:** Eeggumsa hospitaala keessatti argattu. Eeggumsi akkanaa dirqama mirkanaa'uu qaba.

**Qajeelfama Bal'aa:** Sanadni kuni yaalawwan fayyaa xumura jireenya keetii irratti barbaaddu akka ibsattuuf siif hayyama.

**Ol iyyannaa:** Yeroo karoorri murtii waa'ee tajaajila keetii haakimni ajaje kan ati irratti walii hin galle akka jijjiiru barbaaddetti Kaproorichi maaliif murtii isaa jijjiiruu akka qabu xalayaa barreessuu ykn uunka guutuu ni dandeessa. Kuni ol iyyannaa guuyuu jedhama.

**Beellamoota:** Beellama dhiyeessaa wajjinii.

**Fayyaa Sammuu:** Dawaa fayyaa sammuu fi dhukkuba fayyadama qorichaa

**Karoora Eeggumsaa:** Karoora miseensota Too'annoo Eeggumsaa, Qindeessaa Eeggumsaa, ykn Tajaajiloota Qindeessaa Eeggumsa Cimaa. Karoorri eeggumsaa eeggumsa namichaa guutuu gargaara. Gargaarsawwan, bu'aawwan, gochaalee, fi qabeenyota kaayyoo, fayyaa, fi nageenyummaa miseensaa galmaan ga'uudhaaf barbaachisu ibsa. Sagantaan kan wal gargaaru, walisimaa fi namusa irratti kan xiyyeeffateedha. Bu'aawwan fayyaa fi nageenyummaa gaggaarii argachuudhaaf, fedhiiwwan fayyaa, hawaasaa, aadaa, guddinaa, amalaa, barnootaa, amantii, fi dinagdee ilaala.

**Hoggansa Dhimmaa**: Tajaajiloota eeggumsaawwan sirrii ejansiiwwan biroo irraa irraa argachuuf si gargaana.

**Sagantaa CHOICE:** Sagantaan CHOICE ga'eessota rakkoo fayyaa sammuu qaban bakka daangeeffamaa keessatti, gaafatamummaa fi qindeessummaa naannootin, tajaajiloota hawaasa keessatti kennaman, gargaarsa ce'uumsaa haala itti argatuudha.

**Gorsa:** Gorsa dhiyeessaa tokko irraa gara dhiyeessaa biraa naannoo kee jiruutti kennamudha.

**Dhaabbilee Gargaarsa Qindaa'aa (CCO):** CCO'n dhaabbata hawaasa keessa jiru kan dhiyeessitoota fayyaa gosa hundaa, kan fayyaa namootaa, maatiiwwanii, fi hawaasaa gargaaran irraa hundaa'e, .

**Kaffaltii waloo:** Hamma mallaqaa namichi kiisa isaa keessaa tokkoon tokkoo tajaajila fayyaa argatuuf kaffaluudha. Miseensotni Sagantaa Fayaa Oregon kaffaltii waloo hin qaban. Inshuraansiiwwan fayyaa dhuunfaa fi Medicare yeroo tokko tokko kaffaltii waloo ni qabaatu.

**Meeshaalee Fayyaa Dandamannaa Qaban (DME):** Wantoota akka teessoowwan qaama miidhamaa, irkoo, fi sireewwan hospitaalaa fa'a. Dandamannaa qaban kan jennuuf waan yeroo dheeradhaaf turaniifi. Akka dhiyeessiiwwan fayyaa hin baratamani.

**Haala Fayyaa Hatattamaa:** Dhukkubbii ykn miidhama eeggumsa kallattiidhan barbaadudha. Kuni dhiiga hin dhaabbannee, dhukkubbii cimaa, ykn lafee caphxe ta'uu danda'a. Waan kutaan qaama keetii tokko akka sirnaan hin hojjanne taasisuu ta'uu danda'a. Rakkoon fayyaa sammuu hatattamaa kan akka too'annoodhan ala ta'uu ykn of ykn namoota biraa miidhuuti.

**Geejjibsa Hatattamaa:** Eeggumsa fayyaa argachuudhaaf Ambulaansii ykn Life Flight fayyadamu. Teknishaanotni fayyaa hatattamaa (EMT) yeroo geejjibaa ykn balallii gargaarsa kennu.

**ER fi ED:** Kutaa hatattamaa fi Qajeelcha Hatattamaa, iddoowwan hospitaalaa kan ati rakkoowwan fayyaa fi fayyaa sammuu hatattamaatif eeggumsa itti argattuudha.

**Tajaajiloota hatattamaa:** Eeggumsa haalota fayyaa ykn fayyaa sammuu tasa nama muudatan fooyyessu ykn tasgabbeessu.

**Tajaajiloota hin hammatamne:** Wantoota karoorri fayyaa hin kaffalleef. Tajaajiloota waan ati fakkaattu, waan akka cosmetic surgery fi wantoota ofii isaanii tura keessa fooyya'an, kan akka qufaa, beekkumtiidhan hin hammatamani .

**Mufii:** Komii waa'ee sagantaa, dhiyeessaa, ykn kilinikaati. Seerri CCO wwan komii kamiifiyyuu deebisaa kennuu qabu jedha.

**Tajaajilootaa fi Meeshaalee Haaromsaa:** Tajaajiloota eeggumsa fayyaa akka baratti, yookan dandeeettwwan kee akka fooyyeffattee jireenya guyyaa guyyaatif sochootu si gargaaran.

**Inshuraansii Fayyaa:** Sagantaa eeggumsa fayyaatiif kaffalu. Erga sagantichaaf, kaampanichaaf, ykn ejansii mootummaatif galmooftee booda, tajaajila fayyaatif ni kaffalu. Sagantaawwan inshuraansii muraasni, kaffaltiiwwan ji'aa pirimiyamiiwwan jedhaman barbaadu.

**Hordoffii Miidhaa Fayyaa/Qorannoo Miidhaa Fayyaa:** Tarree gaaffiiwwanii fedhii fayyaa kee addaa akka caalmatti hubannuuf nu gargaaran.

**Eeggumsa Fayyaa Manattii:** Tajaajila yaala baqaqsuu, dhukkubaa fi miidhama booda jireenya kee fooyyessuuf fudhattuudha. Tajaajiloota kanneen keessaa muraasni, dawaawwan, nyaata fi dhiqannaadhangargaaruu fa'a.

**Tajaajiloota Hospaayisii:** Tajaajila nama du'aa jiruu fi maatii isaa jajjabeessuuf kennamudha. Hospaayisiin bakka filataamaa fi yaalli, gorsi fi hafuurri bakka itti kennamuudha.

**Eeggumsa Hospitaala Keessattii fi Hospitaalaa Alatti:** Tajaajilli hospitaala keessatti kan dhukkubsataan itti hospitaala galee yoo xiqqaatef halkanoota 3f turuudha. Tajaajilli yaala alaa baqaqsanii yaaluu ykn dawaa ati hospitaala keessatti fudhattee sana booda gara manaa deemtuudha.

**Qindeessummaa Eeggumsa Cimaa (ICC):** Tajaajiloota qindooomina eeggumsaa sadarkaa ol aanaati. ICC'n rakkoowwan fayyaa xaxaa ta'an ni gargaara. Miseensi tajaajila barbaadu kamiiyyuu ofiisaa of erguu ni danda'a. Hogganaan dhimmaa si qunnama.

**Qorannoo Rakkoo Jalqabaa:** Uunkaa qorannoo gabaabaa nuti wanti ittiin isin gargaarru yoo jiraate ittiin adda baafannuudha.

**Tajaajiloota afaan hiikuu:** Hiikkaa afaanii namoota afaan dhiyeessaan dubbatu hin dubbanneef ykn namoota gurraan hin dhageenyeef hiikaniidha.

**Ogeessa Fayyaa Seera Qabeessa:** Nama dawaawwan ajajuudhaaf ulaagaa guutu.

**Tajaajiloota Daangeffamoo:** Tajaajiloota Fayyaa Sammuu kan hanga tokko qofa haguuggaman. Tajaajiloota kanneen fudhachuun yoo si barbaachise tajaajiloota daangeeffamoo ta'uu isaanii beektee kaffaltee fudhachuu qabda. Kuni immoo gara tajaajiloota maaltu maaltu rakkoo ta'ee hubatan of keessatti hammata.

**Fayyaadhaf kan Barbaadaman:** Dhiyeessa tajaajilaa kan rakkoo fayyaa fi mallattoolee isaa qorachuu, ittisuu fi yaaluudhaaf kennamuudha. Akkasumas tajaajiloota ogeessota fayyaatiin akka tajaajila fayyaa sadarkaa isaa eeggateetti fudhatamu jechuus ni ta'a.

**Karoora Fayyaa:** Karoora fayyaa Abbaa Taayitaa Fayyaa Oregon wajjiin waliigaltee qabu jechuudha (OHA). Karoorri kuni tajaajiloota fayyaa, yaala baqaqsuu, ittisaa, fi hirkattummaa dawaa kenna.

**Hoggansa Dawaa:** Dawaawwan ajajuu fi too'achuu, garuu dawaawwan keetiif gatii isaa kan hin haguugne.

**Qajeelcha Fayyaa Sammuu:** Waraqaa ati murtii murteessuu yoo hin dandeenyee maaltu siif wayyaa aka ta'e ibsu (murtii murteessuu dadhabu).

**Netwoorkii:** Dhiyeessitoota fayyaa, fayyaa sammuu, ilkaanii, mana qorichaa, fi meeshaa kan dhaabbileen eeggumsa qindaa'aa (CCO) waliigaltee wajjiin qabu.

**Dhiyeessaa Neetworkii:** Dhiyeessaa neetworkii CCO keessa jiru kamiiyyuu. Miseensi dhiyeessaa networkiitin ilaalama taanan, karoorri kaffaltii ni kaffala. Ogeessonni neetworkii addaa muraasni miseensotni dhiyeessaa eeggumsaa isaanii jalqabaa (PCP) irraa ergaa akka fidu gaafatu.

**Dhiyeessaa Networkii kan hin taane:** Dhiyeessaa CCO wajjiin waliigaltee hin mallatteessin, fi kaffaltii CCO akka tajaajila kaffaltii isaanii guututti kan hin fudhanneedha.

**Abbagaar:** Nama walabaa kan qaama karoora fayyaa hin taane, akka miseensotni komii furataniif kan garaaru.

**Dhiyeessaa Networkiidhaan alaa:** Dhiyeessaa CCO wajjiin waliigaltee hin mallatteessin, fi kaffaltii CCO akka tajaajila kaffaltii isaanii guututti kan hin fudhanneedha.

**Fayyaa Qaamaa:** Fayyaa qaama kee wajjiin wal qabatu.

Tajaajila Haakimootaa Tajaajiloota haakima irraa argattu.

**Sagantaa:** Dhaabbata fayyaa, ilkaanii, fayyaa sammuu, ykn CCO kan tajaajiloota eeggumsa fayyaa maamiloota isaatif kaffalu.

**Primiyamii:** Hamma poolisii inshuraansiitif kaffalamu.

**Mirkaneessa Dursa (Hayama Dursa, ykn PA):** Sanada sagantaan kee tajaajila keetiif akka kaffalu ibsuudha. Sagantaawwan muraasni tajaajila isaanii argachuu keetiin dura PA gaafatu. Haakimootni yeroo hedduu kana ni hojjatu.

**Ajaja Dawaawwanii:** Dawaa haakimni kee fudhadhu siin jedhe.

**Haguuggii Dawaa Ajajame:** Inshuraansii fayyaa kan dawaa ajajameef ykn qorichootaaf kaffaltii taasisuudha.

**Dhiyeessaa Eeggumsa Jalqabaa (PCP):** Akkasumas "PCP" jedhamanii kan beekaman yo ta'u ogeessota eeggumsa fayyaa keetii siif taasisaniidha. Isaan namoota ati jalqaba yeroo rakkoon si mudatu ykn eeggumsa barbaadde bilbiltuufidha. PCP'n kee haakima, narsii shaakaltuu, gargaartuu haakimaa, ogeessa lafee, ogeessa nyaataa fa'a ta'uu danda'a

**Haakima Eeggumsa Jalqabaa:** Haakimni Eeggumsa Jalqabaa, ykn PCP'n haakima/ogeessa fayyaa nama dhukkubsatee dhukkubni isaa addaan hin bahiniif akka qunnamtii jalqabaatti fi haalota fayyaa hedduuf eeggumsa fufaa kan kennuudha.

**Haakima Ilkaanii Jalqabaa:** Haakima yeroo hedduu rakkoo ilkaanii kee fi irga keetiif eeggumsa siif taasisu jechuudha.

**Dhiyeessaa:** Nama ykn ejansii kamiiyyuu kan tajaajila eeggumsa fayyaa kennu.

**Tajaajiloota Haaromsa:** Tajaajiloota addaa cimina, haala hojii, amala, yeroo hedduuu baqaqsanii yaaluu booda, miidhama, wantoota fayyadamuu fooyyessuuf kennamaniidha.

**Oferguu:** Jechuun eeggumsa argachuudhaaf haakima duraan si yaalaa ture irraa hayyama sin barbaachisu jechuudha.

**Bakka Eeggumsaa Addaa:** Eeggumsa madaa, teeraappii, ykn dawaa kee fudhachuu wajjiin wal qabatee gargaarsa narsii Tajaajila eeggumsa addaa hospitaala keessatti, narsii manatti waamuun, yookn mana kee keessatti ogeessa eegumsa fayyaatiin.

**Ogeessa Addaa:** Ogeessa fayyaa kan leenjii addaa dhukkuba ta'e tokko yookan kutaa qaama kee ta'e tokko eeguu irratti leenjii addaa qabu jechuudha.

**Caqasa Isteetaa:** Dhageettii OHA, kan diddaa, hir'isa, ykn dhaabbachuu bu'aatif taasifamudha. Miseensi OHP ykn bakka bu'aan miseensaa caqasa gaafachuu ni danda'a.

**Eeggumsa Ariifachiisaa:** Tajaajila sababa dhukkubbii cimaa,miidhamni ykn dhukkubbiin akka hin cimne gochuuf, kutaan qaama keetii ta'e hojii akka hin dhaabne dhoorkuuf eeggumsa si barbaachisuudha.

# YAADANNOOWWAN

# YAADANNOOWWAN